



የኢትዮጵያ የሲቪል ማህበራት ድርጅቶች ኅብረት ለምርጫ
ድርጅቶች ኅብረት ለምርጫ

Gamtaa Dhaabbilee waasa
siivillii Itoophiyaa Filannoof

GABAASA TAAJJABBII FILANNOO

Filannoo Waliigalaabiyyaalessaafi
Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6^{ffaa}



Milkaa'innii fi maxxansi gabaasa kanaa arjoomina Dhaabbata Misooma Idil-Addunyaa Amerikaa (USAID) irraa kennameen kan dhugoome yoo ta'u, qabiyyeen isaa garuu kan Gamtaa Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Itoophiyaa Filannoof (CECOE) waan ta'eef, ejjennoo yookiin ilaalcha Mootummaa Ameerikaas ta'ee kan dhaabbilee tola ooltummaa biroo kan calaqqisiisu miti.

Baafata

Galata	1
Tarreeffama Gabaajeewwanii	2
Cuunfaa Argannoo Taajjabbii Filannoofi Yaadawwan Gorsaa	4
Seensa	5
Argannoowwan Taajjabbii Gurguddoo	5
Galmee Filattootaafi Haala Waliigalaa Filannoon-dura Ture	6
Aragannoowwan Guyyaa Filannoo	6
Filannoon-Booda	8
Yaadawwan Gorsaa Gurguddoo	8
Yaadawwan Gorsaa Boordii Filannoo Biyyaalessaatiif Dhiyaatan	8
Yaadawwan Gorsaa Qooda Fudhattoota Birootiif Dhiyaatan:	10
Boqonnaa 1: Haala Qabatamaa	11
Siyaasaafi Seenaa	11
Dirree Siyaasaa Bara 2010 Boodaa	11
Filannoowwan Duraan Turan	11
Filannoowwan Waliigalaa Caamsaa 2012 Dheeressuu Ilaalchisee	12
Yaaddoo Nageenyaa Yeroo Filannoo Waliigalaa Marsaa 6ffaa	12
Filannoo Itoophiyaa Keessatti Hirmaannaa Hawaasa Siivilii	13
Boqonnaa 2: Filannoowwan Biyyaalessaa Itoophiyaa Marsaa 6ffaa: Mil'uu Waliigalaa Seerota Filannoo	15
Heera Rippaabiliika Dimokiraatawaa Itoophiyaa Bara 1987 Tumame	15
Labsii Lakk. 1133/2011.....	16
Labsii Lakk. 1162/2011	16
Seerota Filannoo Kanneen Biroo	16
Labsii Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Isa Fooyya'e.....	17
Seerota Filannoo Marsaa 6ffaa ilaalchisee Yaadawwan Gamtichaa (CECOE)	17
Boqonnaa 3: Waa'ee Komiiwwan Filannoofi Waldhabdee Furuu	19
Adeemsawwan Boordii Filannoo Biyyaalessaa Komii Ittiin Keessummeesse	19
Komiiwwan Wayita Filattoonni Galmaa'an Dhiyaatan	19
Komiiwwan Guyyaa Filannoo Dhiyaatan	20
Komiiwwan Filannoo Manneen Murtii Federaalaafi Naannoleetiif Dhiyaatan	20
A) Mootummaa Naannoo Harariifi Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa	21
B) Paartii Baaldaraasiifi Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa	21
Boqonnaa 4: Mala Taajjabbii Filannoofi Hanqina Isaa	23
Mala Taajjabbii Filannoo Guyyaa Filannoo (Methodology).....	23
Mala Taajjabbii Filannoo Dhaabbataa Birqabaa (Proportional Stationary Observation).....	23

Taajjabbii Mijataa Dhaabbataa (Convenient observation).....	23
Mala Taajjabbii Socho'aa	24
Hanqinoota Tooftaalee Taajjabbii Gamtichaa	25
Taajjabbii Filannoon-Duraa	25
Taajjabbii Guyyaa Filannoo	25
Taajjabbii Filannoon-Boodaa	26
Boqonnaa 5: Argannoowwan	28
Taajjabbii Filannoo Gamtichaa	28
Taajjabbii Filannoon-Duraa	28
Seensa	28
Sagantaa Filannoo Boordii Filannoo Biyyaalessaa	28
Itoophiyaa	28
Galmee Paartilee Siyaasaa fi Kaadhimamtoota Filannoo	29
Galmee Filattootaa	30
Haala Filannoon-Dura Ture	34
Duula Filannoo fi Uwwisa Miidiyaa	34
Taajjabbii Guyyaa Filannoo	38
Seensa	38
Yeroo Taajjabdoonni Buufataalee Filannootti Argaman	38
Yeroon Banamuu Buufataalee Filannoo	40
Qophina Buufataalee Filannoo	41
Adeemsa Kenniinsa Sagalee	43
Adeemsa Lakkaawwii Sagalee	45
Argannoowwan Taajjabbii Kanneen Biroo	46
Taajjabbii Filannoon-Boodaa	47
Seensa	47
Ibsa Bu'aa Filannoofi Deebii Uummataa	48
Haala Filannoon-Booda Ture	48
Waan Uummanni Bu'aa Filannichaa Irraa Eege	49
Filannoon Walqabatee Haala Dirree Siyaasaa Bal'isuu	49
Komiiwwan Filannoon-Booda Dhiyaatan	49
Goolabaafi Yaadawwan Gorsaa	52
Goolaba	52
Yaadawwan Gorsaa.....	52
Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaatiif	52
Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataafi Ministeerota	56
Mootummaatiif	56
Paartiilee Siyaasaatiif	56
Miseensota Hawaasa Siiviliitiif.....	56
Meediyaalee Sab-quunnamtiitiif.....	57
Odeeffannoo Waa'ee Gamtichaa (CECOE).....	59

Galata

Pirojeektiin taajabbii filannoo Gamtaa Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Itoophiyaa Filannoof (Gamtaa Filannoo)tiin hojjetame hojii bal'aafi kutannoo guddaa gaafatu waan tureef, raawwii isaatiif Gamtaan Filannichaa deeggarsa namoota dhuunfaa fi dhaabbilee adda addaa osoo hin arganne ta'ee milkaa'inni isaa rakkisaa ture. Kanaafuu, dhaabbileefi qaamolee milkaa'ina raawwii kanaatiif gumaacha taasisan hunda ni galateeffata.

Gamtaan Filannichaa (CECOE) hunda dura uummattoota Itoophiyaa adeemsa filannichaa keessatti hirmaachuudhaan aadaawwan dimokiraasii hojiirra oolchuuf kutannoo jabaa agarsiisan hunda galateeffachuu barbaada. Itti-aansuudhaan, Boordii Gamtaa Filannichaa (CECOE), Dhaabbilee Miseensotaa, Hojjetoota, Taajjabdoota Filannoo, Bakka-buutota Gamtaa Filannichaa Naannolee, Qindeessitoota Godinaaleefi Tola-ooltota, hunda yeroo isaanii qaaliidhaaf, hojii cimaa fi gumaacha isaan sagantaa kana milkeessuuf taasisaniif guddaa isaan galateeffata.

Hunda caalaa, Dhaabbata Misooma Idil-Addunyaa Amerikaa (USAID), Giddugala Deeggarsa Filannoo Awurooppaa (ECES), Imbaasii Deenmaark, Imbaasii Faransaay fi Imbaasii Ayerlaand pirojektii taajjaabbii fi too'annoo Gamtaa Filannichaatiif deeggarsa maallaqaa isaan gumaachaniif ni galateffanna. Kana malees, Dhaabbanni Rippabiliika Idil-addunyaa (IRI) barnoota filannoo kennuuf jecha waltajjiiwwan duula miidiyaalee adda addaa qopheessineef deeggarsa inni taasisiif galata qabna.

Dabalataanis, Dhaabbata Dimokiraasii Biyyaalessaa (NDI) tumsa inni gama maallaqaafi hojmaata tekniikaatiin nuuf taasisiif ni galateeffanna. Keessumaa ammoo, hojjetootni NDI raawwii pirojeektichaa ilaalchisee tumsa teekniikaa barbaachisaa ta'e hunda waan nuuf godhaniif galata addaa isaaniif qabna. Beekumsaafi muuxannoo olaanaa qabaniin deeggarsa daangaa hinqabne osoo nuuf gochuu baatanii pirojeekticha milkaa'inaan raawwachuun rakkisaa ture.

Dhumarratti, Waldaan Qindoomina Gargaarsaafi Misooma Kiristaanaa (CCRDA) fi Giddugalli Deeggarsa Filannoo Awurooppaa (ECES) daaggarsa gama maallaqaa fi gama birootiin Gamtaan Filannichaatiif taasisaniif galata guddaa isaaniif dhiyeessina.

Tarreeffama Gabaajeewwanii

ADP - Paartii Dimookiraatawaa Amaaraa (ADP)
ANDP - Paartii Dimookiraatawaa Biyyoolessaa Affaar (ANDP)
BGPDUF - Adda Tokkummaa Dimookiraatawaa Ummataa Beenishaangul Gumuuz
CDHRA – Mana Maree Gamtaa Dimookiraasii fi Mirgoota Namoomaa
CECOE - Gamtaa Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Itoophiyaa Filannoof (Gamtaa Filannoo)
CETU- Konfedereeshinii Waldaalee Hojjetoota Itoophiyaa
CSOs - Dhaabbilee Hawaasa Siivilii
CVEA - Waldaa Barnoota Lammummaa fi Filattootaa
EHRCO - Mana Maree Mirgoota Namoomaa Itoophiyaa (ESMEGU)
EPRDF - Adda Dimookiraatawaa Warraaqsa Ummattota Itoophiyaa (ADWUI)
ESPDP - Paartii Dimookiraatawaa Ummata Somaalee Itoophiyaa
EWLA - Waldaa Abbootii Seeraa Dubartootaa Itoophiyaa
EZEMA - Lammiilee Itoophiyaa Haqa Hawaasummaaf (Iizeemaa)
FDRE - Rippabiliika Dimookiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa
FEAPD - Federeeshinii Waldaalee Qaama Miidhamtootaa Itoophiyaa
GHC - Koree Komii Keessummeessituu
GPDM - Warraaqsa Dimokiraatawaa Ummata Gaambeellaa
HNL - Liigii Biyyaalessaa Hararii
LTOs - Taajjabdoota Yeroo Dheeraa
NAMA - Sochii Biyyaalessaa Amaaraa (ABIN)
NEBE - Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa
ODF - Adda Dimookiraatawaa Oromoo
ODP - Paartii Dimookiraatawaa Oromoo (ODP)
OFC - Kongiresii Federaalawaa Oromoo (KFO) .
OLF - Adda Bilisummaa Oromoo (ABO)
ONLF - Adda Bilisummaa Biyyaalessaa Ogaadan
PP - Paartii Badhaadhinaa
RFPs - Bakka Bu’oota Naannoo Gamtaa Filannichaa
SEPDM - Sochii Dimookiraatawaa Ummattoota Kibbaa
TPLF - Adda Bilisummaa Ummata Tigraay (ABUT)




“



Warqituu Mollaa, taajjabduu CECOE guyyaa filannoo, daa'ima ishee waggaa lamaa Qiddist Wubaalam waliin, Naannoo Amaaraa Godina Walloo Kibbaa, Makaana Salaam irraa.

Cuunfaa Argannoo Taajjabbii Filannoofi Yaadawwan Gorsaa

Filannoo Waxabajjii



Filannoo Fulbaanaa



Seensa

Haata'u malee, tatamsa'insi Vaayirasii Koronaa dhimmoota mudoowwan bulchiinsaafi hojmaata birootiin walqabatee walddhibdeewwan siyaasaa hammeessuun walitti bu'iinsi akka uumamu waan taasiseef yeroon filannoon itti adeemsifamu akka harkifatuufi haalli filannichaa hundi walxaxaa akka ta'u godheera. Sababoota kanneeniin filannichi Naannoo Tigraayiin alatti guutummaa biyyattii keessatti Waxabajjii bara 2013 akka adeemsifamu kan karoofame ta'us, naannolee Hararii Sumaaleetti guutumaan guutuutti akkasumas Naannoo Ummattoota Kibbaa bakka muraasa keessatti kenniinsi sagalee gara Fulbaana 20 bara 2014tti akka darbu taasifameera. Kana malees, lammiileen Itoophiyaa guutummaa naannoo Tigraay keessa jiraatan, iddoowwan muraasa Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Beeniishaangul Gumuziifi kutaawwan muraasni bulchiinsa mootummaa naannolee Affaar, Amaaraafi Oromiyaa keessatti filannoon waan hin adeemsifneef Mana Maree Bakka-bu'oota Ummataa keessaayis ta'ee Mana Maree Naannolee keessaa hanga ammaatti bakka-bu'aa hin argatin waan hafaniif, Gamtaan Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Itoophiyaa (CECOE) n filannoon marsaa 6ffaa kun ammallee xumura kan hin argannedha jedhee amana.

Cuunfaa Argannoo Taajjabbii Filannoofi Yaadawwan Gorsaa Filannoo Marsaa 6ffaa Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa bara 2013tti adeemsifame karra dimokiraasii bara 2010 baname itti-fufsiisuuf bu'uura gaarii buusee darbeera. Seerri filannoo fi wixineen too'annoo bifa haaraadhaan qophaa'e filannicha irratti dorgommiin siyaasaa cimaan akka ta'u, qaamni seeraa adeemsa filannoo keessatti gahee olaanaa akka taphatuufi hawaasni siivilii dirree hirmaannaa bal'aa akka qabaatu taasiseera. Kana malees, filannoon waliigalaa biyyaalessaa fi naannoo bara 2013 gaggeeffame, erga filannoon bara 1997 gaggeeffamee booda, dhaabbileen hawaasa siivilii taajjabbii filannoo irratti hirmaatanii adeemsa filannoo irratti madaallii hiika-qabeessa akka taasisan dandeessisuudhaan filannoo jalqabaa ta'ee darbeera. Jijjiiramoota kanneeniin walqabatee, lammilee Itoophiyaa dabalatee dhimmamtoonni filannichaa ijoon, paartileen siyaasaafi hawaasni siivilii filannichi kan ammaan duraatii olitti daran hammataa, itti-gaafatamummaa kan qabuufi bilisa akka ta'u abdii kan godhatani dha. Adeemsa filannoon-duraa, wayita filannoofi filannoon-boodaa keessatti hanqinoonni hedduun jiraatanis, akka Gamtaan Filannochaa taajjabetti, fooyya'insi hiika-qabeessa ta'e taasifamuudhaan filannoowwan itti-aanan daran hammataa, ifaafi itti-gaafatamummaa kan qaban akka ta'an bu'uura gaarii buusee darbeera.

Bara 2011 keessa kan hundeeffame, Gamtichi (CECOE'n) qindoomina gamtaa Dhaabbilee Hawaasa Siivilii 175 ol ta'an kan qabu yoo ta'u, filannoo guutuu biyyattiitti adeemsifame

akka taajjabaniifi qulqullina adeemsa filannichaa akka madaalaniif lammiilee Itoophiyaa tola ooltota kumaatamaan lakkaa'aman bobbaasee ture. Qaamolee hawaasa ciiviliitiif dirree bal'ateefi wixinee too'annaa haarawa diriiretti fayyadamuudhaan, Gamtichi adeemsa filannoon duraa, guyyaa filannoofi filannoon-boodaa naannolee hundaafi bulchiinsa godinaalee addaa filannoon keessatti adeemsifame hunda taajjabee jira. Taajjabbii filannichaa adeemsisuu keessatti, Gamtichi filannicha keessatti si'aayinaan akka hirmaataniifi hammataa ta'uusaa, iftoomina qabaachuu isaa, itti-gaafatamummaafi adeemsa waliigalaa filannichaa akka hordofaniif lammiilee biyyattii aangomsuuf yaalee jira. Taajjabbiin filannoo lammiilee biyyattiitiin taasifamu odeeffannoo gartuu kamirraayyuu bilisa ta'eefi filannichi ulaagaa barbaachisaa ta'e yoo guutera ta'e lammiileen biyyattii, paartileen mormitootaa, gaazexeessitoonniifi Boordii filannoofi aanga'oonni mootummaa murtoo mataa ofii kennuudhaaf odeeffannichatti dhimma ba'uu akka danda'aniif ni gargaara.

Pirojektiin taajjabbii filannoo Gamtichaa sagantaa yeroo filannoo Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itiyoophiyaa baase irratti hundaa'uudhaan kutaalee biyyattii filannoon itti gaggeeffame hunda keessatti taajjabdoota bobbaasuun hojiiwwan filannoo ijoo adeemsa filannoo keessatti raawwataman madaaluu irratti kan xiyyeeffate ture. Akkaatuma taajjabdoota filannichaa irraa ji'oota Bitootessa, 2013 hanga Onkololeessa 2014tti gabaasa dhiyaateetiin, Gamtichi akka xiinxaletti, filannichi adeemsuma ulaagaa Seera Filannoo Itoophiyaa-tiin dhiyaate hordofee marsaa hundaafi bakka hundattuu kan adeemsifamedha. Haata'u malee, haala xiqqeenya dorgommii kaadhimamtootaafi yaaddoo nageenyaa biyyattii keessa iddoowwan adda addaa turaniin walqabatee hanqinoonni hedduun turaniiru. Kanumaan walqabatee dhiyeessiin meeshaaleefi maallaqaa filannichaaf galtee ta'an akka yeroo barbaachisaatti hindhaqqabne danqaa itti ta'eera. Filattoonni hedduunis osoo sagalee hinkennin akka hafan gufachiisuun baay'ina lakkoofsa filattootaa gadi buusee jira. Rakkoowwan kanneen irraa kan hafe, iddoowwan biroo rakkoowwan akkasii hinturretti adeemsi filannichaa hundi: filannoon-dura, wayita filannoos ta'ee filannoon booda haala nagaa ta'een, rakkoowwan jajjaboon osoo hin uumamin tasgabbiidhaan adeemsifamuu danda'eera.

Argannoowwan Taajjabbii Gurguddoo

Galmee Filattootaafi Haala Waliigalaa Filannoon-dura Ture

Wayita filannoon duraa, adeemsa galmee filattootaa Boordiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa ji'oota Bitootessaa, 2013 hanga Caamsaa, 2013tti adeemsise Gamtichi taajjabee jira. Wayita marsaa filannoon-duraa kanatti, adeemsa galmee filannoo taajjabuuf guyyaa guutuu, ganama sa'aatii baniinsaa/saaqumsaa irraa eegalee hanga buufatichi cufamutti iddoo itti ramadamanitti argamuun adeemsa galmee filattootaa akka madaalaniif Gamtichi (Gamtichi) taajjabdoota 117 bobbaasee ture. Walumaagalatti, Gamtichi buufataalee galmee filattootaa, iddoowwan 1190 irraa gabaasa adeemsa galmee filattootaa ilaallatu fudhatee jira. Adeemsa galmee filattoota keessatti harkifannaan sa'aatii deddeebi'ee mul'ate, jijjiiramuufi haqamni sagantaa yeroo rakkoowwan adeemsa galmee irratti bal'inaan mul'atan keessaa kanneen muraasa turani. Fooyya'insi/jijjiiramni Boordiin Filannoo Biyyaalessaa saganticharratti taasisu dursee lammiilee galmaa'an qaqqabuu dhabuun filattoonni yoomii fi eessatti galmaa'uu akka danda'an ifatti akka hin beekne, akkasumas dhaabbileen siyaasaa fi dhaabbileen hawaasa siivilii adeemsicha sirnaan akka hin hordofne rakkoo uumeera jedhee amana Gamtichi. Haata'u malee, erga galmeen filattootaa eegalamee booda, gabaasni Gamtichaa akka agarsiisutti, adeemsi galmee filattootaa seera filannoofi qajeelfama Boordiin Filannoo Biyyaalessaa baase hordofuun hojiirra ooleera. Dabalataanis, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase adeemsi galmee filattootaa buufata galmeen itti raawwatu keessatti hagam akka gaariitti akka adeemsifameefi haala hammataa ta'een, itti-gaafatamummaafi iftoomina qabuun raawwachuu isaa taajjabani gabaasa taasisaniiru.

Taajjabdoonni kunniin akka gabaasanitti, giddugalli galmeen itti adeemsifame muraasni isaanii haala salphaadhaan adeemsa hojmaata isaanii taajjabuun sakatta'uu akka danda'an kan gabaasan yoo ta'u; iddoowwan muraasatti garuu galmeen filattootaa bakka seeraan-ala ta'an iddoowwaan akka buufata poolisii, manneen dhuunfaafi waajjiraalee paartii siyaasaa keessatti akka adeemsifamaa ture gabaasaniiru. Kana malees, giddugala galmee filattootaa muraasa keessatti meeshaaleen barbaachisoo ta'an hundi kan guutaman yoo ta'u, iddoowwan muraasatti garuu baattoon haalluu mallattoo qubaan ittiin taasisanii, galmeen buufata filannoofi uunkaawwan mirkaneeffannaa akka hin jirree hubachuun danda'ameera. Hundaa-olitti immoo, baay'inni dubartootaa akka hooggansa giddugala buufata galmee filattootaatti hojjetaniifi iddoowwan galmeen itti adeemsifamu qaama-miidhamtoonni haala salphaa ta'een argachuu haala danda'aniin qophaa'uu ilaalchisee rakkoowwan muraasni jiraachuu isaanii taajjabdoonni Gamtichi bobbaase gabaasaniiru.

Jalqaba ji'a Hagayyaa, bara 2013 irratti, Gamtichi iddoowwan yeroon filannoo akka dheeratu itti taasifame - gara naannolee Hararii, Sumaaleefi Naannoo Sabaaf Sablammootaa Ummattoota Kibbaatti adeemsa kenniinsa sagalee Fulbaana 20, 2014tti adeemsifame dursuudhaan taajjabdoota 51 yeroo dheeraaf hojjetan bobbaaseera. Iddoowwan kanneenitti filannoon Waxabajjii irraa gara Hagayyaatti akka dheeratu kan taasifameef sababootni gurguddoon: adeemsi galmee filattootaa seerasaa eeggatee raawwachuu dhabuu, dhiyeessiiwwan meeshaaleefi maallaqaa yeroon dhaqqabuu dhabuufi rakkoowwan nageenyaatiin walqabate irraa kan ka'e haaldureewwan filannoo guutuun waan dadhabameef yeroon filannoo akka dheeratu taasifame. Walumaagalatti, Gamtichi taajjabdoota dhaabbataa/kan yeroo dheeraa 51 irraa gabaasaalee 283 funaaneera. Taajjabdoonni CECOE, hojmaata filannoowwan hanga Fulbaana 20, 2014 tti adeemsifamaniitiin walqabatee: odeeffannoowwan adeemsa duula filannootiin walqabatan, tarkaanfiiwwan qophii Boordiin Filannoo Biyyaalessaa taasise, barumsa hubannoo filattootaaf kenname, haala nageenya naannoo filannoofi iddoo hawaasa siivilitiif kenname ilaalchisee odeeffannoowwan jiran mara funaananiiru.

Taajjabdoonni Gamtichaa akka gabaasanitti, iddoowwan duulli filannoo itti adeemsifamaa turanitti nageenya waarawaa kan jiruufi haala tasgabbii qabuun adeemsifamus, paartileen siyaasaa duula filannoo adeemsifachuu keessatti hirmaatan garuu baay'ee muraasa ta'uu isaanii gabaasaniiru. Kana malees, gabaasaaleen taajjabbii irra caalaan isaanii yeroo duula filannooti humnoonni nageenyaa carraan adeemsa duula filannoo danquu isaanii xiqqaa akka ture gabaasaniiru. Dhumarrattis tatamsa'ina Kooviid-19 ittisuuf tarkaanfiiwwan of eeggannoo fudhatamuu qaban iddoowwan duulli filannoo itti gaggeeffamettis ta'ee barnoonni filannoo itti kennametti akka hin raawwatamne taajjabdoonni kunneen gabaasaniiru. Gamtichi Kooviid-19 waliin walqabatee hanqinni uumame rakkoo yeroo filannoon duraa caalaatti yeroo filannoon waliigalaa marsaa 6ffaa adeemsifametti irra caalaa kan mul'ate ta'uu hubateera.

Aragannoowwan Filannoo

Guyyaa

Gamtichi, Waxabajjii 14 taajjabdoota 2050, Fulbaana 20 immoo taajjabdoota 941 adeemsa guyyaa filannichaa akka taajjabaniif bobbaasee jira. Taajjabdoonni magaalotaafi naannolee filannoon Mana Maree Bakka-bu'oota Ummataafi Mana Maree Naannolee itti adeemsifame maratti argamanii taajjabuu danda'aniiru. Haaluma walfakkaatuun, kenniinsa sagalee hiree murteeffannaa Naannoo Sabaaf Sablammootaafi Ummattoota Kibba-Lixaatti adeemsifame, buufataalee filannoo Magaalaa Finfinnee keessatti argaman

irrattis argamanii taajjabaniiru. Dirree Dawaattis buufata qubattootaa Qoollojjii kan Naannoo Sumaalee keessatti argamutti filannoo adeemsifames taajjabaniiru. Taajjabdoonni Gamtichi bobbaase hundi adeemsa filannichaa hunda bakka hundatti argamuun taajjabuu danda'aniiru. Gamtichi taajjabdoota bobbaaseef baajii beekkamtii dhiyeessuun haala seera-qabeessa ta'een hojii isaanii akka raawwatan waan taasisseef, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa nigalateeffata. Akkasumas, hooggantoonnii buufataalee filannoo hundi isaanii, yeroodhaan beekkamtii kennuufii baatanis; iddoo tokko tokkotti immoo guyyaa filannichaa guutummaatti beekkamtii dhoowwatanis, akka waliigalaatti mirga taajjabdoota Gamtichi bobbaasee kabajanii akka isaan adeemsa filannichaa taajjaban tumsa isaan taasisaniif ni galateeffata. Qophii filannichaaf taasifame, haala filannoon ittiin jalqabame, haala ittiin adeemsifameefi akkaataa ittiin goolabame; akkasumas, lakkaawwii bu'aa sagalee filannichaa ilaalchisee, tokkoo tokkoon taajjabdootaa adeemsa waliigalaa buufata filannoo itti ramadaman keessa ture ilaalchisuun guyyaa filannichaa gabaasa yeroosaa eeggate dhiyeessaniiru. Taajjabdoonni Gamtichaa akka gabaasanitti, ji'oota Waxabajjii Fulbaanaa keessatti iddoowwan hedduutti adeemsi guyyaa filannichaa bu'uura Seera Filannoofi qajeelfama Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa eeggatee raawwateera. Iddoowwan baay'ee muraasa ta'an qofaatti buufataaleen filannoo bakkeewwan Labsii/Seera Filannootiin dhorkaa ta'an kanneen akka buufata poolisii, buufata waraanaafi waajjira paartii siyaasaa keessatti qophaa'aniiru. Kanarraa kan hafe, iddoowwan hedduutti buufataaleen filannoo yeroodhaan kan saaqaman ta'uu isaafi korojoon filannoo bakka mullatutti akka fannifaman taajjabdoonni bobbaafaman gabaasaniiru. Iddoowwan hedduutti, wayita sagaleen kennamu icciitiin nama sagalee kennuu eeggamuun korojoonis saamsituu chaappaa Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa qabuun saamsameera. Buufataalee taajjabaman hedduu keessatti battaluma filannoon goolabamee buufanni filannoo cufametti sagalee bu'aa filannoo lakkaa'uun eegalamuun, iddoo baay'etti osoo lakkaawwiin sagalee addaan hincitin goolabameera. Haata'u malee, buufataalee filannoo taajjaban muraasa keessatti erga filatanii haalluun filachuu isaanii mirkaneessu quba isaanii irratti kan hin dibamne; akkasumas, bu'aan sagalee filannoo unkawwan mirkaneessa bu'aa filannoo irratti guutamee taajjabdootaafi koreedhaan mallatteeffamuun bakka ifa ta'etti uummataaf kan hin maxxanfame akka ture ibsaniiru.

Dabalataanis, wayita filannoo ji'a Waxabajjii keessa adeemsifamee hanqinoonni bu'uura kan turan yoo ta'u, hanqinooni kunniin wayita filannoon ji'a Fulbaanaa adeemsifamutti baay'inaan furmaata argataniiru. Hanqinoonni mul'atan kanneen keessaa gurguddoon: dhabamuu ykn hir'achuu meeshaalee filannoo kanneen akka waraqaa filannoo, korojoowwan filannoo, galmee filattootaa, haalluu

mallattoon filachuu ittiin taasifamu, bakka tokko tokkotti turee dhufuun akka filannoon turee eegalamuuf sababa ta'ee ykn adeemsi kenniinsa sagaleefi dhumarrattis lakkaawwiin sagalee dheerachuun guyyaa itti aanutti akka ce'uuf sababa ta'eera. Wayita filannoo ji'a Waxabajjii keessa adeemsifame sanatti meeshaaleen ittiin duula filannoo adeemsisan ga'aan akka jiru, garuu immoo filattoota qaama-miidhamtoota ta'aniif iddoo mijataan qophaa'uun simannaan ga'aa ta'e akka hintaasifamne taajjabdoonni gabaasaniiru.

Kana malees, gabaasni taajjabddotaa tattaaffiin Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa adeemsa guyyaa filannichaa keessatti sadarkaa hirmaannaa qaamolee hawaasaa hundaa dabaluuuf taasisa madaaleera. Buufataaleen si'a lameenuu filannoo itti geggeeffame harki caalaan qaama-miidhamtootaaf haala mijeessaniiru. Taajjabdoonni hedduun akka gabaasanitti, namoonni qaama-miidhamtoota ta'an ykn kanneen socho'uudhaaf hanqinoota qabaniif hiriira filannoo irratti dursi akka kennamuuf taasifameera. Kana malees, namoota barbaadaniif wayita deeggarsa fedhanitti namoonni isaan fedhan akka deeggarsa barbaachisaa ta'e godhaniif taasifamuu isaa gabaasaniiru. Buufanni filannoo harki tokko-arfaa meeshaaleen filannoo afaanota Amaariffaan-ala ta'aniin kan dhiyaatan akka tures taajjabaniiru. Kana malees, raawwachiiftonni buufataalee filannoo taajjabdoonni itti bobbaafaman keessatti argaman keessaa qoodni dubartootaa harka tokko sadaffaa ol yoo ta'u, muraasa ta'us, raawwachiiftonni buufataalee filannoo tokko tokkoo ammoo guutummaatti dubartoota akka ta'an gamtichi taajjabeera. Haata'u malee, buufataaleen filannoo hooggantummaa dubartootaatiin geggeeffaman harka tokko-arfaa qofa ta'uun isaa gama hirmaannaa dubartootaa mirkaneessuutiin Boordii Filannoo hojii dabalataa hojjechuu akka qabu agarsiiseera.

Tatamsa'ina vaayirasii koronaa hir'isuuf Boordii Filannoo Biyyaalessaa qophiiwwan haalduree ittisa vaayirasichaa taasisera. Buufataaleen filannoo taajjabaman hedduun isaaniis filattoonni walirraa fageenya qaamaa eeggataniin filannichatti hirmaachuu haala danda'aniin kan qophaa'an ta'uu taajjabdoonni gabaasaniiru. Haata'u malee, tarkaanfii of-eeggannoo akkasii bakka filattoonni buufata filannoo seenuuf hiriiranitti hojiirra oolchuun waan hindanda'amne ta'ee argameera. Dabalataanis, raawwachiiftonni filannoo buufataalee filannoo keessa hojjetan baay'inaan aguuggii afaaniif funyaanii godhatanii kan hojjetan ta'ullee, filattoonni garuu akka dirqamaatti aguugduu afaaniif funyaanii godhatanii argamuu irratti diddaa yeroo agarsiisan bal'inaan mul'achaa tureera. Kana malees, haala qajeelfama Boordii Filannoo Biyyaalessaa faallesuun, filattoonni aguugduu afaaniif funyaanii godhachuu diduurraan kan ka'e filannoo dhiisanii wayita duubatti deebi'anii deemantu ture.

Filannoon-Booda

Filannoowwan ji'oota Waxabajjiifi Fulbaanaa keessa adeemsifaman lameenuu hordofuun, Gamtichi taajjabdoota 97 adeemsa filannoon boodaa Waxabajjiitiif akkasumas taajjabdoota 49 adeemsa filannoon boodaa ji'a Fulbaanaa taajjabuudhaaf bobbaasudhaan gabaasaalee 568 (Waxabajjiitti) fi 282 (Fulbaanatti) funaanuu danda'eera. Gabaasaalee kanneen bu'uura godhachuudhaan yaada duub-deebii bu'aa filannichaa ifoomeen walqabatee haala siyaasaa naannoo filannichaa jiru, hanqinoota mul'atan ykn danqaawwan adeemsa filannichaa keessatti hawaasa siivilii irratti taasifamaniifi akkaataa waldhabdeewwan filannoodhaan walqabatan ittiin furaman madaaluun danda'ameera. Walumaagalatti, haalli filannoon booda hawaasa keessa ture walitti-bu'iinsi, fincilli, hiriirri mormii ykn qoqqobbiin sochii uummataa irratti taasifame akka hinjirre taajjabdoonni gabaasaniiru.

Haata'u malee, filattoonniifi paartileen siyaasaa bu'aa filannoo ibsame muraasa irraa shakkii akka qaban taajjabdoonni ibsaniiru. Gamtichi dabalataan sirni komiin ittiin keessummeeffame Seera Filannoos ta'ee qajeelfama Boordii Filannoo eeggatee akka hin raawwatamne kan taajjabe yoo ta'u, koreen komii keessummeessituu sadarkaa buufata filannootti akka hundeeffamuufi komiin sadarkaa naannoo filannootti akka ilaalamu Seerri Filannoo ifatti kan tume ta'us, Boordii Filannoo sadarkaawwan komiin ittiin hiikamu kanneen duubatti dhiisuudhaan komiiwwan hunda sadarkaa Finfinneetti keessummeessuu isaa Gamtichi taajjabeera.

Komiiwwan filannoo Itoophiyaa kan bara 2013 booda dhiyaatan: wayita bu'aan sagalee filannoo lakkaawwamu gochaawwan seeraan-alaa raawwataman, buufataalee filannoo keessa bakka-bu'oonni paartilee siyaasaa akka hinseenne dhorkamuu, adeemsa lakkaawwii bu'aa sagalee filannoo akka hintaajjabne bakka-bu'oota paartilee siyaasaa hari'uu, filattoota irratti dhiibbaa seeraan-alaa gochuu, paartiin biyya bulchu hojmaata adeemsa filannoo keessa seeraan-ala seenuu, sababa aango'oonni mootummaa dhiibbaa seeraan-alaa uumaniif iddoodhaa iddootti sosocho'uun adeemsa filannichaa taajjabuun ulfaataafi rakkisaa ta'uufaa turan.

Akka odeeffannoon kutaa seeraa Boordii Filannoo Biyyaalessaa irraa funaanname ibsutti, paartileen siyaasaa 31fi kaadhimamtoonni dhuunfaa 6 filannoo ji'a Waxabajjii naannolee filannoo 212 keessatti adeemsifame ilaalchisee komiiwwan adda addaa dhiyeeffataniiru. Haaluma walfakkaatuun, filannoo ji'a Fulbaanaa naannolee filannoo 25 keessatti adeemsifame ilaalchisee, paartiileen siyaasaa 6 fi kaadhimamtoonni dhuunfaa 24 komiiwwan adda addaa dhiyeeffataniiru. Haata'u malee, komiiwwan hedduun isaanii ragaa ga'aa ta'e waan hinqabneef Boordii Filannoo Biyyaalessaa fudhatama dhowwateera yookiin kufaa taasiseera. Paartileen siyaasaa muraasniifi kaadhimamtoonni dhuunfaa murtoo Boordii Filannoo Biyyaalessaa kanatti kanneen hinguufne komii isaanii ol-iiyyannoodhaan gara mana murtiitti dhiyeeffataniiru. Ol-iiyyannoowwan mana murtii dhaqan hedduun isaanii garuu mana murtiitiinis kufaa ta'aniiru. Sababiin isaas, qaamoleen komii dhiyeeffatan kunniin akkaataa seera filannichaatiin komii isaanii ragaa ga'aadhaan utubanii dhiyeeffachuu waan hindandeenyefidha.

Yaadawwan Gorsaa Gurguddoo

Akkuma armaan olitti ibsame, filannoon biyyaalessaa fi Naannolee marsaa 6ffaa dhiibbaa garaagaraafi haalota atattamaan jijjiiraman keessatti Boordii Filannoo Biyyaalessaatiin marsaa lamatti adeemsifameera. Kanaafuu, dhiyeessii meeshaaleefi maallaqaa, tumsa hojiiwwan tekinikaafi nageenya eegsisuu; akkasumas, danqaawwan biroo hir'isuun wayita biyyattiin ce'umsa siyaasaafi jijjiirama waliigalaa keessa jirtu kanatti filannoo Itoophiyaa kan bara 2013 harka caalaa biyyattii keessatti adeemsisuu waan danda'eef, Gamtichi carraa kanatti fayyadamuudhaan Boordii Filannoo Biyyaalessaatiif galata guddaa dhiyeessa. Kana malees, odeeffannoowwan filannoon-dura, wayita filannoofi filannoon booda funaannaman bu'uureffachuudhaan, Gamtichi dhimmamtoota filannichaa adda addaa kanneen filannoo Itoophiyaa kan bara 2013 milkeessuu keessatti shoora olaanaa taphataniif Yaadawwan Gorsaa armaan gadii ni dhiyeessa.

Yaadawwan Gorsaa Boordii Filannoo Biyyaalessaatiif Dhiyaatan

Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa, Filannoon Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa ji'oota Waxabajjii Fulbaanaa keessa akka adeemsifamu dhugoomsuuf kutannoofi jabina olaanaadhaan socho'ee jira. Haa ta'u malee, raawwiin Filannoo Waliigalaa marsaa 6ffaa hanqinoota bulchiinsaafi kan dhaabbilee adda addaa Boordii Filannoo Biyyoolessaa bifa haaraan hundeeffameen ilaalamuu qaban akka qabu Gamtichi ni amana. Haala waliigalaa raawwii filannichaa yoo ilaalle, yeroo filannootti rakkoon garaagaraa to'annoo Boordichaatiin ala ta'e jiraatus, hanga danda'ametti sirna kenniinsa sagalee bifa gargar cicciteen raawwachuu hambisuudhaan yeroo walfakkaataatti adeemsisuu qaba. Kana malees, Boordiiin Filannoo adeemsi filannoo osoo hin jalqabin dura sagantaa filannoo ifa ta'ee fi qajeelfama adeemsa filannoo keessatti hojiiirra oolu dursee baasuun filattoonni, dorgomtoonni, paartileen siyaasaa fi qooda fudhattoonni biroo sirnaan akka qophaa'anii fi hirmaatan haala mijeessuu qaba. Filannoo Itoophiyaa bara 2013 adeemsifame irratti taajjabbii Gamtichi taasise bu'uureffachuun, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa akka galteetti fudhatee akka ilaaluu qabuuf jecha Yaadawwan Gorsaa armaan gadii dabalataan kennamaniiru:

 Boordichi iddoowwan galmeen itti adeemsifamuufi buufataaleen sagaleen itti kennamu qaamolee hawaasaa hunda kanneen akka dubartootaa, qaama-miidhamtootaafi lammiilee akka fedhanitti bakkaa-bakkatti sosocho'uu hindandeenye (haadha daa'ima, maanguddootaafi kkf) akkaataa yaada keessa galfateen qopheessuu qaba. Dabalataanis, Boordichi wayita iddoo galmee fi sagaleen itti kennamu qopheessu, aanga'oota ardaawwan bakka buufataalee filannootti argaman waliin ta'uudhaan lammiilee filannoorratti hirmaatan, raawwachiiftota filannoo, taajjabdoota, bakka-bu'oota paartilee siyaasaafi dorgomtoota filannoo nageenya isaanii mirkaneessuu qaba.

 Rakkoon qindoomina loojistikii yookiin meeshaalee filannoo hanqinoota Boordiiin Filannoo kan filannoo marsaa 6ffaa irratti mul'atan keessaa isa tokkodha. Filannoo itti aanu irratti meeshaalee filannoo sirrii ta'an yeroon raabsuuf Boordichi karoora hojii fooyya'aa qopheessuu akka qabu Gamtichi cimsee amana.

 Kana malees, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa, lammiilee biyyattii lafa jireenyaa isaanirraa buqqa'aniifi iddoowwan ji'oota Waxabajjii Fulbaanaa keessa filannoowwan itti hin adeemsifamne keessa warra jiraatan dabalatee lammiileen biyyattii hundi akkaataa ittiin bilisa ta'anii filannoowwan itti aanan irratti hirmaatan Boordichi ni mijeessa kan jedhu Gamtichi amantaa guddaa qaba.

 Hirmaannaan dubartoonni filannoo yeroo dhiyoo kana adeemsifaman keessatti taasisan jajjabeeffamaa kan ture ta'us, ammallee fooyyeessuuf hojii baayyee hojjechuu barbaachisa. Adeemsa galmee fi sagalee kennuu keessatti qaamoleen hawaasaa kunniin walqixxummaadhaan bakka-bu'iinsa qabaachuu isaanii Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa shoora adda durummaa taphachuu akka qabu Gamtichi ni amana. Hirmaannaa dubartootaafi qaamolee hawaasaa kanneen daran dabaluu fi Boordichi shoora olaanaa taphachuu akka qabu ni dhaama. Kana malees, adeemsa filannichaa keessatti qaama miidhamtoonni kan ammaatii olitti akkaataa ittiin haala adda ta'een hirmaachuu danda'aniifi adeemsa dimokiraatawaa waliigalaa keessatti haala ittiin hirmaatan mijeessuuf Boordichi hojjechuu qaba.

 Adeemsi galmee filattootaa Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa guddaa rakkisee ture. Rakkoowwan gama dhiyeessiitiin jiran irratti dabalataan, filannoon waliigalaa marsaa ja'affaan kuni rakkoowwan adeemsa filattoota galmeeessuu keessa jiran, korojoo filannoo mirkaneessuufi qulqulleessuun walqabatee jiran saaxileera. Kanaafuu, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa qaamoleen walaba ta'aniifi dorgomtoonni korojoo filannoo dursanii ilaaluufi sakatta'uu akka danda'aniifi iftoominniifi yeroon ga'aan jiraachuusaa mirkaneeffachuu qaba. Dabalataanis, Gamtichi Dogoggora hojii bu'uura sirreessuufi haala korojoo filannoofi bu'aa filannichaa irratti amantaa uummataa daran dabaluu fi, Boordiiin Filannoo Biyyoolessaa Itoophiyaa hojimaata galmee filattootaa ilaalee jijjiirama fiduu qaba jedhee amana.

 Guyyaa filannichaa adeemsa filannoon ittiin raawwatamu hordofuun dabalatatti Filannoon Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa adeemsa seera filannichaa hordofuun kan raawwatame ta'uusaa Gamtichi taajjabee jira. Haata'u malee, guyyaa filannoon adeemsifame taateewwan haalluu hingadhiisne quba filattootaa irratti osoo hindibin bira darbame jiraachuun isaa hubatameera. Akkasumas, filattoonni maqaan isaanii osoo galmee filattootaarra jiruu akka hin filanne dhorkamaniifi kanneen maqaan isaanii galmee filattootaarra hinjirre immoo haalli akka filatan itti taasifame ni jira ture. Kuni dhimma guddaa Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa filannoowwan dhufaniif xiyyeeffannoo itti kennuun fooyyessuu qabudha.



Komiiwwaniifi qeeqawwan dhiyaatan sakatta'uun murtoowwan fooyya'insa fidan kennuun hojiiwwan gurguddoo Boordichi hojjechuu qabu keessaa isa angafa ta'uu qaba. Boordichi filannoowwan darban kanneen keessatti koree komii keessummeessituu buufataalee filannoo, naannolee filannoofi sadarkaa damee waajjira naannolee biyyattiitti hundeessetti dhimma ba'uu hin dandeenye. Filannoowwan itti aanan keessatti, koreen komii keessummeessituu dursee hundaa'uu isaa fi hojjechaa jiraachuusaa Boordichi filannoon dura mirkaneeffachuu qaba. Kanaa-olittis, adeemsa filannoo darbe kana irratti komiiwwan ittiin keessumsiiifaman sakatta'uufi keessa-deebiin haala qabatamaadhaan hojjechuu danda'uun caasessuu qaba.

Yaadawwan Gorsaa Qooda Fudhattoota Birootiif Dhiyaatan:



Filannoon Itoophiyaa kan bara 2013 rakkoowwan jiran saaxiluudhaan filannoowwan itti aananiif adeemsiifi caaseffamni filannoowwan itti aanan fooyya'uu akka qaban carraa uumeera. Koreewwan paarlaamaa biyyattiifi ministeeronni hoggansa mootummaa paartilee siyaasaa, raawwachiiftota filannoo, rogeeyyiiwwan hawaasaa, taajjabdoota filannoo, hayyoota barnootaafi ogeessota sadarkaalee adda addaatti argaman; akkasumas, lammiilee idilee waliin seera filannoo amma jiru ilaalchisee rakkoowwan dhimmoota seeraa gama hundaan jiran irratti marii banaa, hammataafi lammiilee hunda-hirmaachisaa ta'e akka adeemsisaniif Gamtichi fedhii guddaa qaba.



Danqaawwan kumiyyuu yoo isaan mudatellee, paartileen siyaasaa marsaalee filannoo hundatti si'aayinaan dorgommii filannoo keessatti akka hirmaatan Gamtichi yaadasaa ni dhiyeessa. Hirmaannaan paartilee itti fufiinsaan taasifamu hojiiwwan hawaasa dimokiraatawaa biyyattii keessatti uumuuf hojjetaman kan deeggaru ta'uu gamtichi ni amana. Kana malees, paartileen siyaasaa filannoowwan itti aanan keessatti akka dorgomtootatti hirmaannaa dubartootaa dabaluuftattaaffiiwwan barbaachisaa ta'e hunda gochuu qabu. Dhumarrattis, paartileen hundi bakka-buutota isaanii iddoo galmee filannoofi sagaleen itti kennamutti dursanii akka bobbaasuu qaban dhaamuun; kunis, iftoominaafi itti-gaafatamummaa bulchiinsa filannichaa cimsuuf gumaacha olaanaa akka qabu Gamtichi ni amana.



Dhaabbileen hawaasa siivilii hirmaannaa milkaa'ina Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa kessatti hirmaannaa sadarkaa adda addaa taasisaniiru. Dhaabbileen hawaasni siivilii filannoowwan itti aananitti biyyattii keessatti dirree dimokiraasii bal'isuu keessatti si'aayinaan hirmaachuudhaan shoora olaanaa taphachuu qabu. Kanumaan walqabatee, michuuwwan biyyattiifi tola-ooltooni danqaawwan hojmaata tekinikaafi hir'ina maallaqaa isaan mudachaa jiru hubatanii, tattaaffiiwwan dhaabbileen hawaasa siivilii taasisaniif deeggarsa gochuu qabu.



Lammiilee biyyattiitiif barnoota lammummaa kennuu, duula filannoo tamsaasuufi walfalmii paartiilee siyaasaa tamsaasuun alatti, dabalataanis miidiyaaleen tibba filannoon adeemsifamu milkaa'ina filannichaatiif shoora olaanaa taphachuu akka qaban Gamtichi waamicha ni dhiyeessa. Kanuma waliin, miidiyaaleen sab-quunnamtii haala naamusa ogummaa kabajuun gahee isaanii bahanii filannoofi dhimmoota biyyaalessaa biroorratti hojjechuu akka qaban Gamtichi ni amana.

Boqonnaa 1: Haala Qabatamaa Siyaasaafi Seenaa

Dirree Siyaasaa Bara 2010 Boodaa

Seenaa siyaasaafi yaad-mil'uu taateewwan addaa biyya kana keessatti uumaman keessatti, Itoophiyaan jijjiirama siyaasaa ajaa'ibsiisaa keessa dabarstee jirti. Mormiin hawaasa bal'aa bara 2010 keessa biyyattii mudate hoggansi bulchiinsa Muummicha Ministeeraa Abiyyi Ahmadiin durfamu ji'a Bitootessaa, bara 2010 akka aangoo qabatu taasiseera. Barri olaantummaa ABUT kan ADWUI-n durfamu goolabamuu isaatiin booda, bulchiinsi Abiyyi ajandaa jijjiirama siyaas-diinagdee Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaatiif haalduree bu'uuraa fiduu danda'eera. Hiikamuun hidhamtoota siyaasaa, paartileen siyaasaa biyya ambaatti kooluu galan akka biyyatti deebi'an taasifamuuniifi gaggeessitoonni mormitootaa jiraachuun filannoo bara kanaa kan bara 1997 caala filannoo morkii cimaan itti taasifamu ta'a jedhamee eegame. Paartileen siyaasaa kanneen akka Ginboot 7 fi Adda Bilisummaa Oromoo (ABO); akkasumas, Adda Dimokiraatawaa Oromoo (ADO) fakkeenya paartilee siyaasaa biyya ambaatti kooluu galanii turanidha. Paartileen siyaasaa kunniin erga bulchiinsi Abiyyi Ahmad gara aangotti dhufee biyyatti deebi'anii galani.

Walitti baquun Adda Dimokiraatawaa Warraaqsa Ummattoota Itoophiyaa (ADWUI) Mudde 1 bara 2013 gochawwan gurguddoo siyaasaa Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa dursanii dhufan keessaa tokkodha. Paartiin sabummaa irratti hundaa'eefi olaantummaa siyaasa biyyattii dhuunfatee ture erga Sadaasa 21 bara 2012 olaantummaa aangoosaa dhabee booda Paartiin Badhaadhinaa hundeeffame. Haata'u malee, Addi Bilisa Baasaa Uummata Tigraay (ABUT), paartiin wayita tokko miseensa paartii biyya bulchuu ta'ee olaantummaa aangoo biyyattii yeroo dheeraaf qabatee ture, miseensota ADWUI biroo waliin walitti baquun Paartii Badhaadhinaa uumuu keessatti hin hirmaanne; Paartii Badhaadhinaa reefu hundeeffame maddiitti gateetu mormituu ta'ee itti fufus olaantummaa siyaasaa Naannoo Tigraayitti qabu daran cimsachuun naannichatti humna ijjibbaataa jabeeffate. Paartiin Badhaadhinaa erga paartilee akka Paartii Dimokiraatawaa Amaaraa, Paartii Dimokiraatawaa Oromoofi Paartii Sochii Dimokiraatawaa Ummattoota Kibbaa irraa walitti baquun hundeeffamee booda Filannoo Itoophiyaa Marsaa 6ffaa

keessatti dorgomaa ta'ee hirmaachuuf Boordii Filannoo Biyyaalessaatti Paartii Badhaadhinaa jedhamee hundeeffame. Paartilee walitti baquun Paartii Badhaadhinaa hundeesan kanneen malees, Paartiin Dimokiraatawaa Biyyaalessaa Affaar, Addi Tokkummaa Dimokiraatawaa Ummattoota Beenishaangul Gumuuz, Paartiin Dimokiraatawaa Uummata Sumaalee Itoophiyaa, Paartiin Sochii Dimokiraatawaa Uummata Gaambeellaa fi Liigiin Biyyaalessaa Uummata Hararii hundi isaanii hundeeffama Paartii Badhaadhinaatti makamuudhaan qaama paartii jabaa biyya bulchuu ta'aniiru. Haata'u malee, Paartiin Badhaadhinaa haaraa uumame kuni akka paartii duraan olaantummaadhaan biyya bulchaa ture osoo hintaane adeemsa sabummaa bu'uureffachuu duraan barame karaawwan hedduudhaan laaffiseera.

Filannoowwan Duraan Turan

Erga Heerri Itoophiyaa bara 1987 Mootummaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalaa Itoophiyaatiin hojiirra oolee eegalee, Itoophiyaan Mana Maree Federaraalaafi Naannoleetiif baroota 1987, 1992, 1997, 2002 fi 2007 keessa walumaagalatti filannoowwan shan adeemsifteetti. Filannoowwan shanan kunniin garuu dorgommii siyaasaa sirna paartii daneessummaatiif gumaachi inni taasise hinjiru jechuun nidanda'ama. Sababiin isaas, "filannoowwan kanneen keessaa paartilee mormitootaafi taajjabdoota idil-addunyaatiin filannoon bilisaafi amanamaadha jedhamee fudhatame tokkollee hin turre".¹ Filannoon ji'a Caamsaa bara 1997 adeemsifame paartilee siyaasaatiin dorgommii olaanaan waan keessatti taasifameef baay'ee dinqisiifamaa ture. Haala madaalawaa ta'een, dhaabbileen hawaasa siiviliis filannicha taajjabuu keessatti shoora olaanaa taphatanii turani. Meediyaaleenis akkasuma shoora olaanaa taphataniiru. Milkaa'ina kanneeniin alatti, filannoon bara 1997 adeemsifame haalli itti xumurame fincila filannoon booda uumame irraa kan ka'e dirreen siyaasaa bal'atee ture deebi'ee akka dhiphatu taasise. Filannoo bara 1997 adeemsifameen booda, seeronni haaraan dirree siyaasaa dhiphisan ni tumamani. Kanumaan walqabatee, gaazexeessitoonni, dhaabbileen hawaasa siiviliis,

¹ Getahun Kassa (2018) Contribution to the 3rd Cycle Universal Periodic Review (UPR) A Joint UPR Submission on The Federal Democratic Republic of Ethiopia's implementation of recommendations from UPR second cycle on Civil and Political Rights pp.15-17

paartileen siyaasaafi gareewwan falmitoota mirga namoomaa akka laaffatan taasifaman. Dhumarrattis, filannoowwan itti aananii baroota 2002 fi 2007 keessa adeemsifaman dorgommiin kan itti baay'atuufi hirmaachisoo hin turre. Kanumaan walqabatee, paartiin wayita sana biyya bulchaa ture, ADWUI-n bara 2002 teessooowwan mana maree harka 99% yoo moo'atu; filannoo bara 2007 keessa adeemsifame immoo harka 100% moo'achuu danda'eera. Filannoon bara 2007 erga adeemsifamee ji'oota muraasaan booda Naannoo Oromiyaa keessatti fincilli uummataa eegalame. Finciloota kanneen irratti humnoota mootummaatiin tarkaanfiiwwan hamaan fudhatamaniiru. Mormiiwwan uummataa naannolee Oromiyaafi Amaaraa keessatti uumaman kanneen hordofuun paartiin biyya bulchaa ture haaromsa siyaasaa bara 2010 keessa taasise akka raawwatuuf dirqameera Bara 2010 keessa, miseensota paartii biyya bulchaa turetiin Abiyyi Ahmad akka gaggeessaa ADWUI ta'ee yoo filatamu, boodarras Mana Maree Bakka-bu'ootaa Uummataatiin Muummee Ministeeraa Itoophiyaa ta'ee akka biyya bulchu filatameera. Waggootan lamaan dura dhufaatii bulchiinsa haaraa kanaan walqabatee, Filannoo Rippaabiliika Dimokiraatawaa Federaalaa Itoophiyaa (RDFI) Marsaa 6ffaa irratti dimokiraasiin dhugaa ni mul'ata jedhamee abdii guddaatu ture. Adeemsi haaromsi ittiin taasifame abdii guddaa kan namatti hore yoo ta'u, dirree siyaasaa bal'isuufis tarkaanfiiwwan murteessoo ta'an fudhatamaniiru. Haaluma kanaan, jaarmiyaalee fi dhaabbilee adda addaa irratti karaa seera-qabeessa ta'een haaromsi adda addaa taasifameera.

Filannoowwan Waliigalaa Caamsaa 2012 Dheeressuu Ilaalchisee

Waggootan sadan darban keessatti Itoophiyaan jeequmsa siyaasaa fi nageenyaa “walitti-bu'iinsaa sabootaa baroota dheeraaf turee fi biyyattii tasgabii dhoowwe”² hedduu keessummeessiteerti. Sababa filannoon waliigalaa ji'a Caamsa, bara 2012 keessa adeemsifamuun irra ture dheerateefis jeequmsa siyaasaa fi nageenyaa yeroo dheeraaf hundee jabeeffatee deema ture kunis garmalee hammaateera. Filannichis Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaatiin qophii ga'aan waan hin taasifamneef wayita jalqabaa gara ji'a Hagayyaa, bara 2012 tti dheereffameera. Boodarras, dhufaatii fi tatamsa'ina vaayireesii koronaa, kooviid-19 irraa kan ka'e, filannoo waliigalaa Itoophiyaa Hagayya 23 bara 2012 haala karoofameen gaggeessuu akka hin dandeenye

2 Joint IRI-NDI Virtual Pre-Election Assessment Delegation Report Summary of Findings and Priority Recommendations MAY 13, 2021 p.3)

Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa ibsa baasuun, guyyaa filannichi itti gaggeeffamuu qabuus Manni Maree Bakka-bu'ootaa Uummataa akka murteessu gara mana marichaatti dabarse. Manni marichaas dhimmicha irratti mari'achuudhaan hanga balaan koovid-19 dhaqqabsiisaa jiru furmaata argatutti filannichi yeroo hin murtoofneef akka dheeratu murteesse.

Murtoon filannicha yeroo hin murtoofneef dheeressuu kunis paartilee mormitootaa kanneen akka Adda Bilisummaa Oromoo (ABO), Kongireesii Federaalistii Oromoo (KFO), Adda Bilisummaa Uummata Tigraay (ABUT) fi Adda Bilisummaa Biyyaalessaa Ogaadeen irraa mormii cimaatu mudate. Kanumaan walqabatee, Addi Bilisummaa Uummata Tigraay (ABUT) filannicha yeroosaa eegudhaan addatti adeemsisuuf komiishiniin filannoo addatti akka hundeeffamuuf Boordii Filannoo Itoophiyaatiif gaaffii dhiyeessu Boordichi gaaffii dhiyaate guutumaan guututti kufaa taasiseera. Haata'u malee, mootummaan Naannoo Tigraay murtoo Boordichaa fudhachuu diduudhaan filannoon naannichaa Phaagumee 4 bara 2012 akka adeemsifamu taasiseera. Filannoon ji'a Phaagumee Naannoo Tigraayitti of danda'ee adeemsifame kunis hariiroo Addi Bilisummaa Uummata Tiraay Paartii Badhaadhinaa; akkasumas, hariiroo Mootummaa Federaalaa fi Mootummaan Naannoo Tigraay waliin qaban, durumaanuu laafee kan ture daran hammeessuu danda'eera.

Yaaddoo Nageenyaa Yeroo Filannoo Waliigalaa Marsaa 6ffaa

Filannoowwan ammaan duraa waliin walbira qabamee yoo ilaalamu, Filannoon Biyyaalessaa fi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaan yaaddoon nageenyaa kutaawwan biyyattii iddoo gara garaa keessa osoo jiruu gaggeeffame. Haasaa Muummichi Ministeeraa Sadaasa 24 bara 2013 taasisaniin, erga bulchiinsi haaraan aangotti dhufee hanga guyyaa Muummichi Ministeeraa 1 paarlaamaaf haasaa taasisan kanaatti jeequmsa lakkoofsaan 113 ta'an uumamaniiru.³ Haalli jeequmsa nageenyaa kunniin adeemsa raawwii waliigalaa filannoo Itoophiyaabara 2013 irratti dhiibbaa kallattii uumeera.

Haleellaa ABUT Humna Waraana Ittisa Biyyaa Damee Kaabaa irratti taasiseen walqabatee lolli Bulchiinsa Mootummaa

3 Haasaa Ministirri Muummee Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataatiif taasisan (bit.ly/3AB6SKZ)

Naannoo Tigraay keessatti ji'a sadaasaa, bara 2013 eegalame naannichatti filannoon akka hin adeemsifamne danqeera. Waraaniichi erga eegalamee kaasee, lolli itti-fufuun isaa Naannoo Tigraayi guutuu Itoophiyaa kutaawwan biroorraa gargar baasee jira. Kana hubachuudhaan, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa naannicha Filannoo Waliigalaa Itoophiyaa Marsaa 6ffaa keessatti akka hinhammatamne dursee murteesseera. Haata'u malee, waraaniichi ergasii inumaayyuu gara kutaalee biyyattii garaa garaatti babal'achuudhaan badiiwwan hedduu dhaqqabsiiseera. Iddoowwan miidhaa gurguddaan irra dhaqqabe keessaa naannoleen Amaaraafi Affaar adda dureedhaan garmalee miidhamaniiru. Kanumaan walqabatee, ABO-Shaneenis mootummaa giddugaleessaa irratti waraana erga labseen booda, Lixa Oromiyaafi Gujii keessatti balaawwan hedduu geessisuun nageenyi naannichaa akka jeeqamu taasiseera.

Waraanni gaggeeffamaa turan kunniin kallattiidhaan haala filannichi ittiin gaggeeffamu jeeqeera. Sababa kanaanis, iddoowwan muraasa Naannolee Amaaraafi Oromiyaa keessatti argaman keessatti ji'oota Waxabajjii fi Fulbaana lameen keessattiyyuu filattoota galmeessuufi filannoos adeemsisuun waan hin danda'amneef Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa filannoo osoo hin adeemsisin dhiisee bira darbuuf dirqameera. Kana malees, Boordichi Naannoo Beenishaangul Gumuz, godinoota Matakkaliifi Kamaashii keessatti filattoota galmeessuu fi hojmaata filannichaa kanneen biroo adeemsisuu hin dandeenye. Akkasumas, filannoo Naannoo Affaar keessatti adeemsifame dhimma daangaa Naannoo Sumaaleetiin walqabatee danqaawwan humnaa-olii turaniiru.

Filannoo Itoophiyaa Keessatti Hirmaannaa Hawaasa Siivilii

Taajjabbiin filannoo lammiilee biyyattiitiin taasifamu hojmaata dhaabbilee miti-mootummaa ykn dhaabbilee hawaasa siiviliitiin raawwachiifamudha. Mirgi lammiileen adeemsa waliigalaa filannichaa taajjabuuf qaban mirga hirmaachuuf qaban (Labsii Mirga Namoomaa Idil-Addunyaa, keeyyata 21 fi seera ICCPR keeyyata 25) keessaa madde.⁴ dhaabbileen hawaasa siivilii Itoophiyaa keessatti argaman adeemsa galmee filattootaa, haala kenniinsa barumsa lammummaafi filannootiin walqabatee hojiiwwan hojjetaman hunda ilaalchisee filannoo isa jalqabaa taajjabaniiru. Gamtaan dhaabbilee miti-mootummaa Itoophiyaa keessa jiranii shan, Ad-Net/E95 jedhamuun moggaafame madaalliifi

kenniinsa barumsa filattootaa ilaalchisee filannoo bara 1987 waliin walbira qabuudhaan ilaaleera. Miseensonni gamtichaas: IAG, ABUGIDA, APAP fi AD Hoc yoo ta'an; isaanis, koree nageenyaafi dagaaginaa; akkasumas, Waldaa Ogeessota Seeraa Dubartoota Itoophiyaati. Galmi isaas rogeeyyiiwwan falmitoota mirga dhala namaa ta'an dadammaquun lammiilee biyyattii waayee mirgaafi dirqama isaanii haala dimokiraatawaa ta'een barsiisuudha.⁵ Haaluma walfakkaatuun, dhaabbileen kanneen akka Waldaa Barnoota Lammummaafi Naamusa Filaattootaa (CVEA) fi Gamtaa Hawaasa Siivilii fi Waldaan Dimokiraasiifi Mirga Namoomaa (CDHRA) hojiiwwan filannoo isa duraaniitiin walqabatan keessatti qooda fudhataniiru.⁶ Tattaaffiiwwan isaan gochaa tursan Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa isa duriitiin harkaa fashalaa'us, adeemsa itti aanu keessatti "jaarmiyaaleen biyya keessaa gara 30 ta'an taajjabdoota gara 3,000 taajjabbiidhaaf babbaasuuf akka qophaa'an guyyaa filannoo Caamsaa 15 tiin dura karoora isaanii dhiyeeffatanii turani."⁷

Filannoo Biyyaalessaa Marsaa 6ffaa keessatti, walumaagalatti dhaabbileen hawaasa siivilii 36⁸ Boordii Filannoo Biyyaalessaatiin filannoo marsaa 6ffaa taajjabuudhaaf beekkamtii kan argatan yoo ta'u, jaarmiyaaleen 155⁹ immoo barumsa lammummaafi leenjii filattootaa akka kennan beekamtii argataniiru. Kanarraa kan hafe, iddoowwan hafanitti hanqina dandeettii, hanqina maallaqaafi sababoota walfakkaatoo biroorraa kan ka'e taajjabdoota muraasatu filannichaa akka taajjabaniif bobbaafame. CECOE malee dabalataanis, Waldaan Ogeessota Seeraa Dubartoota Itoophiyaa, Federeeshiniin Waldaa Qaama-Miidhamtootaa Itoophiyaa fi Mana Maree Mirga Namoomaa Itoophiyaafi Waldaa Gamtaa Daldaltoota Itoophiyaa hojiiwwan taajjabbiin filannichaa keessatti taajjabdoota¹⁰ bobbaasudhaan filannoo waliigalaa ji'a Waxabajjii, 2013 keessatti si'aayinaan hirmaataniiru. Dabalataanis, gareewwan taajjabdoota biyya keessaafi taajjabdoonni idil-addunyaa Gamtaa Afrikaa bakka-bu'uun bobbaafamanis filannichaa taajjabaniiru. Kana malees, gareewwan taajjabdootaa murtaa'oo ta'an kanneen akka 'IRI – NDI' jedhamanis akka taajjabdootaatti filannichaa irratti argamaniiru.¹¹

5 Jeffrey Clark (2000) Civil Society, NGOs, and Development in Ethiopia A Snapshot View P.10

6 UPDATED MAPPING STUDY OF NON STATE ACTORS IN ETHIOPIA bit.ly/3r2nSXz, P.135

7 OBSERVING THE 2005 ETHIOPIA NATIONAL ELECTIONS CARTER CENTER FINAL REPORT December 2009. bit.ly/3H5ZidR P.19

8 Tarreeffama dhaabbilee hawaasa siivilii filannoo taajjabuuf Boordii Filannoo Itoophiyaa irraa hayyama argatan, bit.ly/348W5Me

9 Tarreeffama dhaabbilee hawaasa siivilii filannoo taajjabuuf akkasumas barnoota filattootaa kennuuf Boordii Filannoo Itoophiyaa irraa hayyama argatan, bit.ly/3r2odJP

10 ETHIOPIA JUNE 21, 2021 NATIONAL ELECTIONS REPORT bit.ly/3AB7qAx

11 Joint NDI/IRI Limited Election Observation Mission for Ethiopia Report on the June 21, 2021 National Elections bit.ly/3fVgWfo

4 Taajjabbiin Filannoo ACE www.aceproject.org/ace-en/topics/eo/eo1/what-is-citizen-observation/default



“ Kabajamoo Oluseengoo Obaasaanjoo, Hogganaan Ergama Taajabbii
Filannoo Afrikaa, Guyyaa Filannootti Wiirtuu Qindeessituu Gabaasa
Taajabbii Filannoo CECOE osoo daawwachaa jiranii



Boqonnaa 2: Filannoowwan Biyyaalessaa Itoophiyaa Marsaa 6ffaa: Mil'uu Waliigalaa Seerota Filannoo

Dookimeentiiwwan seeraa filannoon ittiin adeemsifamu haala kamiyyuu keessatti dhimma murteessaadha. Kutaan gabaasaa kuni, wixinee seeraa Filannoon Itoophiyaa marsaa 6ffaa fi Hireen Murteeffannaa Uummata Kibba-Lixa Itoophiyaa ittiin adeemsifame nuuf dhiyeessa. Kutaan kuni dabalataanis hojmaata fooyya'insa seeraa ijoo adaduma filannoon dhiyaatuun mootummaadhan keessa deebidhaan fooyyeffaman ni dhiyeessa. Kunis: Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa fooyyessuufi seerota hojiiwwan jaarmiyaalee hawaasa Itoophiyaa keessatti ittiin hogganan of keessatti hammata.

Heera Rippaabiliika Dimokiraatawaa Itoophiyaa Bara 1987 Tumame

Heerri biyyattii inni arfaa'an, heerri Rippaabiliika Dimokiraatawaa Itoophiyaa bara 1987 tumame Hagayya 15, 1987 hojiiarra oole. Heerichi erga tumamee asii, filannoowwan biyyaalessaafi naannolee (Filannoo Itoophiyaa kan bara 2013 dabalatee), filannoowwan biyyaalessaafi naannolee ja'a, filannoowwan naanawaa lamaafi filannoowwan hiree murteeffannaa torba adeemsifamaniiru.

Heera biyyattii keessatti keeyyatni 38 lammiileen Itoophiyaa hundi mirga filachuufi filatamuu akka qaban ni mirkaneessa. Keeyyatichis, "lammiilee biyyattii: bifa, sanyii, sabummaa, gosa, saala, afaan, amantii, ilaalcha siyaasaa ykn ilaalchafi sadarkaa isaatiin/ isheetiin loogii tokko irratti hin uumin mirga filachuufi filatamuu ni qabu"¹² jedha. Haaluma walfakkaatuun, lammiileen biyyattii hundi mirga miseensa paartii siyaasaa, waldaalee hojii, dhaabbilee daldalaafi gareewwan biroo kamiyyuu ta'uu akka danda'an keeyyatichi ni mirkaneessa. Heerri biyyattii dabalataanis, Boordii

12 Heera Mootummaa Federaalawaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Itoophiyaa, Labsiin Lakk. 1 1987, kan tumame Sadaasa 1987 yoo ta'u, hojiiarra kan oole Hagayya 15 bara 1987, Keeyyata 38

Filannoo Biyyaalessa¹³ Mana Maree Bakka-Bu'oota Uummataatiif Itti-gaafatamummaa qabu hundeeffamuun filannoo biyyattii raawwachiisuu akka qabu ni ibsa. Kana malees, heerri biyyattii mirgoota siyaasaa ijoo ta'aniifi biyyattii keessatti adeemsa filannootiin walqabatan biroottiif wabii kaa'a.¹⁴

Jalqabarratti naannolee saglan adda baasudhaan, Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippaabiliika Itoophiyaa mirga Sabootaa, Sablammootaafi Uummattoota Itoophiyaa naannolee tarreeffaman keessa jiraniif guyyaa heerichi mirkanaa'ee eegalee akka ofiin of bulchan beekkamtii kennee jira.¹⁵ Tumamuun heerichaa; akkasumas, keeyyatni 19ffaan Lakk. 251/1993¹⁶ akka ibsutti, gaaffilee uummataa ilaalchisee murtoowwan dabarsuuf, harki lama- sadaffaan Mana Maree Sabootaa, Sablammootaafi Uummattoota Itoophiyaa sagalee itti kennuun barbaachisaadha. Ulaagaaleen kunniin wayita guutan, gaaffichi Mana Maree Bakka-Bu'ootaa Uummataatiif dhiyaatee waggaa tokko keessatti filannoon hiree murteeffannaa adeemsifamuu qaba. Filannoo hiree murteeffannaa kanaan sagalee caalmaan yoo argame, gaaffiin bulchiinsa naannoo haaraa hundessuuf dhiyaate fudhatama ni argata. Bara 2011 keessa, heerri kuni erga ba'ee asii gaaffiiwwaniifi taatee raawwiiwwan hiree murteeffannaa akka dhiyeenya kana hojiitti hiikamee: Hiree Murteeffannaa Uummata Sidaamaa bara 2011 hojiiarra ooleefi hiree murteeffannaa Uummata Kibba Lixa Itoophiyaa gaafa Fulbaana 20, 2014 hojiiarra ooleef karaa saaqeera. Hireen murteeffannaa kunniin lamaan isaaniyyuu mootummaa nannolee haaraa akka hundeeffatan uummattoota kanneeniif carraa uumeera.

13 Heera Mootummaa Federaalawaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Itoophiyaa, Keeyyata 102

14 Heera Mootummaa Federaalawaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Itoophiyaa, Keeyyata 29 (Mirga Yaaduu, Ilaalcha Dhuunfaa Qabaachuufi Yaada Ofii Bilisaan Ibsachuu), Keeyyata 30 (Mirga Walga'uu, Mormuufi Iyyata Dhiyeeffachuu) fi Keeyyata 31 (Mirga Gurnaa'uu)

15 Heera Mootummaa Federaalawaa Rippaabiliika Dimokiraatawaa Itoophiyaa, Keeyyata 47

16 Labsii Lakk. 251/2001 Walitti-Dhufiinsa Mana Maree Federeeshiniifi Hiikaa Labsii Aangoofi Itti-Gaafatamummaa Isaanii, Keeyyata 19(1)

Labsii Lakk. 1133/2011

Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa 6ffaa waanti adda godhu adeemsa haaromsaa hedduu taasifameen booda adeemsifamuu isaati. Adeemsi haaromsawwan kanneenii kan raawwatan erga hoggansi Muummicha Ministeeraa Abiyyi Ahimad ji'a Bitootessaa bara 2010 keessa aangoothi dhufeen boodadha. Yeroowwan itti aananitti, Itoophiyaan jijjiirama ajaa'ibsiisaa keessa darbuudhaan haaromsa siyaasaa haaraatti ceeteetti. Kanumaan walqabatee, hidhamtoonni siyaasaa kumaatamaan mana hidhaa keessaa hiikkamaniiru; gaggeessitoonni paartiilee siyaasaa mormitootaa hundi isaanii biyyoota alaa irraa biyyatti deebi'aniiru. Hundeeffamuun Mana Maree Dhimmoota Seeraafi Haqaa Itoophiyaa bara 2010 keessa deeggfooyya'insi seera filannoo jajjaboo ta'aniifi labsiiwwan dhaabbilee hawaasa siiviliifi tola-ooltummaa akka fooyya'aniif bu'uura ta'eera. Kunis milkaa'ina Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa keessatti shoora guddaa qaba.

Haala filannoowwan Itoophiyaa ammaan dura darbanii keessatti, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa siyaasaafi dhaabbilee adda addaa irraa bilisa ta'uun isaa shakkisiisaa ture. Jalqaba irratti bara 1986 kan hundeeffame, labsiin hoggansi filannoo ittiin hundeeffamu bulchiinsa Muummicha Ministeeraa Abiyyi Ahmadiin keessa-deebi'amee erga fooyya'ee booda Labiin 1133/2011 labsameera. Labsichi Boordii Filannoo Itoophiyaa walabummaa maallaqaafi dhaabbatummaa mataa isaa qabaachuun caaseffama, itti-gaafatamummaafi gurmaa'ina mataasaa akka tolfatu akeeka. Bakka kanatti waanti hubatamuu qabu, qajeelfamoonni Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa hundeesuu qaama labsii filannichaa yoo ta'an, Boordichaa akka qaama walabaa ta'uun of danda'ee hojjetutti labsii kana jalatti hundeesuun wixinee seera filannoon Itoophiyaa ittiin gaggeeffamu keessatti guddina olaanaadha. Dabalataanis, labsichi ifatti akka kaa'etti, itti-gaafatamummaan Boordichaa Mana Maree Bakka-Bu'oota Uummataa ta'uusaa akarsiisa. Faallaa kanaa, filannoowwan darban keessatti garuu Boordichi koree olaanaa hojii raawwachiiftuutiin gaggeeffamaa ture.

Kana malees, fooyya'insi seera filannoo taasifame akka Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa qaama kamirraayyuubilisata'uudhaan of danda'eedhaabbatajabaa itti-gaafatamummaa ofii ba'achuu danda'u ta'u godheera. Kunis, gaaffii baajataa kallattiidhaan paarlaamaaf dhiyeeffachuun bilisa ta'ee hojimaata filannoo adeemsisuutiif akka dhimma itti ba'uufi aangoo koreewwan olaano hojii raawwachiiftuu labsii duraanii keessa jiruun dhimma Boordichaa keessa akka hin seenne daangessuuf gargaara. Dabalataanis, Boordichi of danda'ee akka hojjetuufi hojjetoota barbaachisoo ta'an akka qacarachuu danda'u; kunis darbee osoo mootummaan baay'uma keessa hin seenin humna namaa ga'aa ta'e akka

ofitti hawwachuudhaan qacarachuu danda'uu gargaara. Hundaa'olitti, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa walaba ta'uudhaan of danda'ee waan hojjetuuf dhaabbilee hawaasa siiviliifi taajjabbii filannoo, barumsa lammummaafi leenjii filattootaa kennuu keessatti hirmaachuu danda'aniif beekkamtii kennuu ni danda'a.

Labsii Lakk. 1162/2011

Labsiin Dambii Naamusaa Filannoo Itoophiyaa, Galmee Paartiilee Siyaasaafi Filannoowwanii bu'aa adeemsa fooyya'insa seeraa haala Filannoowwan Itoophiyaa kan bara 2013 irraa dabalataan argamedha. Labsiin kuni adeemsa dagaagina Itoophiyaa keessatti dhimmoota bal'inaan ka'aniin walqabatee qajeelfamoota barbaachisoo filannoowwan akaakuu adda addaa ittiin adeemsifaman dhiyeessee jira. Isaanis: dhimmoota sirna filannoo, dambiiwwan naamusaafi ittiin bulmaataa filannoo, sadarkaawwan filannoon itti adeemsifamu, galmee filattootaafi dorgomtootaa, qajeelfamoota duula filannoo, adeemsa komiin ittiin keessumsiiifamu, adeemsa sakaleen ittiin kennamuufi bu'aan sagalee filannoo ittiin lakkaawwamu; akkasumas, akkaataa bu'aan filannoo ittiin ibsamu ni dhiyeesa. Labsichi daabalataanis qajeelfamoota akkaataa paartiileen siyaasaa ittiin hundeeffaman, walitti-makaman, ittiin galmaa'aniifi ittiin diigaman; akkasumas, mirgaafi dirqama paartiilee siyaasaafi miseensota isaanii ni dhiyeesa. Kutaa shanaffaa jalatti, labsichi itti dabaluuudhaan qajeelfamoota: hirmaannaa garee taajjabdootaa, gaazexeessitootaafi bakka-buutota paartii siyaasaa kanneen adeemsa filannichaa madaaluu fedhaniif haala ifa ta'een dhiyeesseera. Labsichis Onkololeessa 6, 2013 eegalee hojjiirra oole.

Seerota Filannoo Kanneen Biroo

Labsii hundeeffama Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa, galmee filannoo waliigalaafi paartiilee siyaasaa; akkasumas, dambiiifi qajeelfama filannoowwaniitiin alatti; dabalataanis, Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa raawwachiisuuf Boordii filannichaa seerota hedduutti dhimma ba'ee jira. Boordii Filannoo Biyyaalessaa wantota kallattii hedduudhaan filannoodhaan walqabatan ilaalchisee qajeelfamoota 22 tti dhimma ba'ee jira. Kunis, Boordiiwwan filannoo sadarkaa naannoleetti hundeesuu, taajjabdoota biyya keessaafi idil-addunyaa; akkasumas, gaazexeessitootaafi bakka-bu'oota paartiilee siyaasaatiif beekkamtii kennuu ofkeessatti hammata. Kana malees, qajeelfamoonni adeemsa koree komii keessummeessituu, qajeelfamoonni galmee addaafi filannoo addaa ilaallatu,

yeroo qilleensaafi fuula gaazexaa duula filannootiif akka dhimma itti ba'an paartiilee siyaasaatiif ramaduu; akkasumas, qajeelfamoota adeemsa raawwii filannoo keessatti ofeeggannoo tatamsa'ina kooviid-19 ittisuuf taasifamuu qabu ofkeessatti hammata.

Labsii Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Isa Fooyya'e

Filannoowwan bara 1997 keessatti, Labsiin Tola-ooltummaafi Jaarmiyaalee Hawaasaa Lakk. 621/2001 adeemsa filannoo taajjabuu keessatti dhaabbileen hawaasa siivilii akka hin hirmaanne gara waggoota kudhaniitiif daangessee ture. Sababa olaantummaan aangoo labsii kanaan tumamee ejensiwwan taajjabiitiif kennameef dhaabbilee hawaasa siivilii rakkoowwan maallaqaafi bulchiinsaa mudateetu ture. Labsiin Hundeeffama Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Lakk. 1113/2011 Bitootessa 3 bara 2011 kan labsame yoo ta'u, seerota sanaan dura jiran irratti jijjiiramoota hedduu fideera. Labsichi, dhaabbilee hawaasa siivilii, dhaabbilee biyya keessaafi biyya alaa jechuudhaan bakka lama qofatti qoqqoode. Kana malees, jaarmiyaaleen kumiiyyuu kaayyoo ofii galmaan ga'uudhaaf hojiiwwan seera-qabeessa ta'an kamiyyuu keessatti hirmaachuu akka danda'an labseera. Karaa biraatiin, dhaabbileen hawaasa siivilii biyya alaa deeggarsa maallaqa biyya alaatiin socho'an labsii kanaan booda hojiiwwan mirga namoomaafi hawaasa dadammaqsuu irraa hindhorkaman jechuudha. Dhugumatti seerri inni haaraan, seerotaafi imaammatawwan "hojiiwwan isaan raawwatan waliin hariiroo qaban", akka isaan hojiiwwan hawaasa dadammaqsuuf amansiisuu irratti bobba'an dhaabbilee hawaasa siivilii ni jajjabeessa. Gamtichi dhaabbilee fooyya'insa karaa labsii kanaatiin argame irraa fayyadamoo ta'an keessaa tokko yoo ta'u, osoo fooyya'insii seerota kanneen akka seera faayinaansii, bulchiinsaa fi too'annoo hin jirre ta'ee, hojii taajjabbii haaraa biyyattii keessatti hojjechuun haa hafuutii sirumaayyuu carraan hundeeffamuu dhabuu isaa bal'aa akka ta'e hubachuun barbaachisaa dha.

Seerota Filannoo Marsaa 6ffaa ilaalchisee Yaadawwan Gamtichaa (CECOE)

Adeemsi ittiin fooyya'insi seera filannoo taasifame filannoo walabaafi haqa-qabeessa ta'e Itoophiyaa keessatti geggeessuuf bu'aa olaanaa akka qabu Gamtichi hubateera. Adeemsa filannichaa keessatti hirmaannaan qaamoleen hawaasaa taasisan dabalaa dhufuu isaa keessatti hanqinoonni qabatamaa ta'an hedduun mul'ataniiru. Kunis Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaafi dhimmamtoonni biroon waantota irratti hojjechuu qaban adda baasudhaan itti agarsiisee jira. Isaan keessaa, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa qajeelfamoota filannoo yeroodhaan sadarkaa hundatti dhimmamtoota hundaaf gadi buusuu dadhabuun isaa lammiileen biyyattii Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa ilaalchisuun dursanii hubannoo ga'aa ta'e akka hin arganne godheera. Sababiinisaa, qajeelfamoonni Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa haaraa hundeeffamee bal'inaan uummata bal'aafi dhimmamtoota hunda bira waan hin geenyeef qajeelfamoota adeemsa filannichaa hubachuu irratti rakkoo uumeera.

Qajeelfamni hojiirra ooluu hin dandeenye tokko tokko immoo labsichaafi qajeelfamoota filannoo keessatti hammatamanis dhimma murteessoodha. Seerri haaraan fooyya'ee qophaa'e galmee filattootaa, paartiilee siyaasaa, kaadhimamtoota paartiilee siyaasaafi kaadhimamtoota dhuunfaa, ilaalchisee qajeelfamoota haaraa qabatee kan dhufe ta'ullee, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa qajeelfamoota kanneen qabatamaadhaan lafarratti hojiirra oolchuuf hedduu itti rakkateera. Kanneen keessaa, filattoota galmeessuu irratti akkaataan ragaawwan ittiin fayyadaman, tajaajiltoonni hawaasaa kaadhimamaa filannoo ta'anii wayita dhiyaatan akkaataan ittiin hojii idilee gadi dhiisan, akka paartiitti wayita galmaa'an mallattoo eenyuutiin mallatteessuu akkaqabaniifi kaadhimamtoonni qabatamaadhaan lafa irratti hojiirra oolchuuf waantota rakkisoo ta'anidha. Fakkeenyaaf, labsii filannichaatiin, paartiin tokko sadarkaa biyyaatti dorgomuuf mallattoowwan deeggarsaa 10,000 argachuu; akkasumas, paartiin sadarkaa naannootti dorgomu mallattoo deeggarsaa 4,000 argachuu akka qabu ibsamus, sababa Kooviid-19 fi dhimmoota danqaa ta'an biroo wajjin walqabatuun ulaagaa kana guutuun ulfaataa ta'uusaa ibsuudhaan paartiileen komii waan dhiyeffataniifi Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa ulaagaa kana dhibbeentaa 35 (35%) tti gadi buusee jira. Qajeelfamoota tajaajiltoota hawaasaa dorgommii filannootiif dhiyaatan ilaalchisee adeemsa irratti iftoominni dhabamuun isaa akka heeyyama hojii kaffaltii malee fudhatanii kaadhimamummaadhaan galmaa'uu akka danda'an taasifamuun adeemsa hojmaataa qixxa sirriitiin hin dhiyaanne ta'uun isaa hubatamuu qaba.



“Taajjabdoonni guyyaa filannoo CEOCE buufata
filannoo kaampii Qoloji buqqaatota biyya keessaa
taajjabeessaa jiru



Boqonnaa 3: Waa'ee Komiiwwan Filannoofi Waldhabdee Furuu

Adeemsawwan Boordiin Filannoo Biyyaalessaa Komii Ittiin Keessummeesse

Labsii Filannoo Itoophiyaa, Galmee Paartiilee Siyaasaafi Naamusa Filannoo 1162/2011 Keewwata 7 (11) jalatti ifaan ifatti haaluma ibsameen, Boordiin Filannoo Biyyaalessaa, komiiwwan sadarkaawwan adeemsa filannoo adda addaatti dhiyaatan akka furaniif: buufataalee filannootti, naannoo filannootti; akkasumas, sadarkaa naannoleefi biyyaalessaatti koree komii keessummeessituu hundeessuuf aangoo qaba. Miseensonni koree komii keessummeessituu buufataalee filannoo, naannoo filannoo; akkasumas, sadarkaa naannoleefi biyyaalessaatti hundeeffamanii eenyufaa ofkeessatti hammachuu akka qaban Qajeelfama Hundeeffamaafi Wixinee Koreewwan Komii Filannoo Keessummeessaniif Qophaa'e Keewwata 7 hanga 11 keessatti hammatameera.

Qajeelfamoonni armaan olii dabalataanis akkaataa qabiyyee komii dhiyaatuutiin, dambiiwwan adeemsa hojmaataafi taayitaa Koree Komii Keessummeessituu adda baasee dhiyeessa. Fakkeenyaaf, komiiwwan galmee filattootaatiin walqabatan koree komii keessummeessituu buufataalee filannootti dhiyaachuun furamuu akka qabaniifi ol-iyyannoo dhiyeeffachuu yoo fedhan hanga sadarkaa Koree Komii Keessummeessituu Naannoo Filannoofi darbees, Koree Komii Keessummeessituu sadarkaa bulchiinsa naannoo ofiitti dhiyeeffachuu akka danda'an qajeelfamichi ni ibsa. Haata'u malee, galmee kaadhimamtootaatiin walqabatee komiiwwan kaadhimamtootaafi paartiilee siyaasaatiin dhiyaatan kumiyuu sadarkaa naannoo filannoo irraa eegaluu kan qabu yoo ta'u, murtoo kenname itti quufuu yoo baatan sadarkaa sadarkaadhaan ol-iyyannoo ofii hanga koree sadarkaa biyyaalessaatti dhiyeeffachuun ni danda'ama. Guyyaa sagaleen kennamutti tokkoon tokkoon buufata filannootti koreewwan komii keessummeessituu akka hundeeffaman Labsii Filannoo keessatti kan tumame yoo ta'u, koreewwan komii keessummeessituu kunneen filattoonni fi kaadhimamtoonni yeroo kenniinsa sagaleettis ta'ee yeroo lakkaawwii sagaleetti komiiwwan isaanii yeroon akka dhiyeessan ni taasisu.

Komiiwwan Wayita Filattoonni Galmaa'an Dhiyaatan

Filannoo marsaa 6ffaa kana keessatti, adeemsi galmee filattootaa Naannoo Sumaalee keessatti komii olaanaa keessumsiisee tura. Paartiileen siyaasaa naannicha keessa socho'an (Adda Bilisummaa Biyyaalessaa Ogaadeen, Walabummaafi Walqixxummaa, Iizeemaa fi kaadhimamaan dhuunfaa tokko) adeemsi galmee filannoo walfakkaataa akka hin taane ragaa suuraafi suur-sagalee miidiyaa hawaasaarra naanna'aa ture dhiyeeffachuudhaan komii qaban Boordichatti dhiyeeffatanii turan. Boordiin Filannoo Biyyaalessaa suuraalee miidiyaa hawaasaa irra naannaa'aa turan kanneen armaan olitti ibsaman karaa Kutaa Too'annoo Miidiyaa isaatiin argachuudhaan garee adeemsawwan galmee filantootaa naannolee filannoo naannocha jalatti argaman baayyee isaanii qulqulleessan bobbaasee ture. Boordichis odeeffannoo miidiyaa hawaasaarra naanna'aa ture kana karaa kutaa too'annoo miidiyaa filannootiin fudhachuudhaan garee qorannoo rakkoo uumamee hundeessuun naannoo filannoo bulchiinsa naannichaa jala jiran hedduu isaanii sakatta'eera.

Komiiwwan hedduun isaanii aangawoonni paartii biyya bulchuu adeemsa galmee filannoo keessatti haala sirrii hin taaneen akka hirmaatan, kaardii galmee duwwaa isaa gara aangawoota sadarkaa gandaarra jiraniif geessuu, lammiilee galmaa'uuf deeman deeggartoota paartiilee mormitootaati jedhanii yoo shakkan akka hin galmoofne dhiibbaa irratti uumuu, raawwachiiftoonni filannoo hedduun isaanii qacaramtoota caasaalee mootummaa keessa hojjetan waan ta'aniif loogii irraa bilisa ta'uu dhabuun komiiwwan jajjabduu Naannoo Sumaalee keessatti mul'attedha. Dhumarrattis, Boordichi filannoo Naannoo Sumaaleetti adeemsifame hanga qoratamee murtoo argatutti akka dhorkaan irra kaawwamee turu taasiseera. Sababiin murtoon kun kennameef keessaa inni guddoon rakkoowwan adeemsa galmee filannoo ilaalchisee ta'uu isaas ibsee ture.

Komiiwwan Guyyaa Filannoo Dhiyaatan

Adeemsi kenniinsaa fi lakkaawwii sagalee murteessaa ta'uu fi falmisiisaa ta'uu isaa irraa kan ka'e, filannoo addunyaa irratti adeemsifaman keessatti komiiwwan baay'inaan kan dhiyaatan guyyaa filannoo irratti akka ta'e ni beekama. Guyyoota filannoo ji'a Waxabajjii Fulbaanaa filannoo waliigalaa 6ffaa adeemsifame hordofuunis komiiwwan adda addaa dhiyaataniiru. Akka odeeffannoon Gamtichi kutaa seeraa Boordii Filannoo irraa argatetti, filannoo ji'a Waxabajjii hordofee, paartileen siyaasaa 31 fi kaadhimtoonni dhuunfaa ja'a naannolee filannoo ja'a irratti komii waliinii kan dhiyeessan yoo ta'u, ji'a Fulbaanaatti ammoo paartileen ja'aa fi kaadhimamtoonni dhuunfaa 24 naannolee filannoo 25 irratti komii dhiyeessanii turan. Haa ta'u malee, Boordii Filannoo Biyyaalessaa sirna komiiwwan ittiin keessumeeffamuu qaban kan ammaan duratti ibsame cinatti dhiisuudhaan, keessattuu komii baatii Waxabajjii dhiyaate sadarkaa biyyaalessaatti keessummeessuun isaa kan yaadatamu yoo ta'u, waa'ee murtechaafi dhiibbaan inni geessise ilaalchisee Gamtichi gabaasa goolaba argannoo filannoo-boodaa keessatti ibsa dhiyeesseera. Komii armaan olitti eeraman keessaa, filannoo ji'a Waxabajjii godina Walaayittaa keessatti gaggeeffame hordofuun, walumaa galatti komii paartileen siyaasaa godinichatti dorgoman dhiyeessan gabaabinaan armaan gadiitti ibsamaniiru.

Komiin walfaana paartiilee siyaasaatiin dhiyaates ni jira. Kunis Filannoo Waxabajjii 14, 2013 adeemsifameen walqabatee naannolee filannoo godina Walaayittaa keessatti hundeeffame mormuudhan kan dhiyaateedha. Paartiileen gamtaadhaan komii dhiyeessan kunniinis adeemsi sagalee kennuufi bu'aa filannoo lakkaa'uu godinichatti guyyaa filannichaa taasifame adeemsa seeraan-alaa kan hordofee fi dambii filannichaatiin kan walfaallessudha jedhan. Sababa kanaanis filannoowwan naannolee filannoo 6 fi buufataalee filannoo 467 keessatti adeemsifaman seeraan-ala waan ta'aniif hanga murtoo argatutti fudhatama kan hin qabnedha jechuun Boordichi tursiiseera. Dhumarrattis, naannoleen filannoo ja'an kuniifi buufataaleen filannoo 467 godina Walaayittaa keessatti argaman kunniin irra-deebidhaan filannoo ji'a Fulbaanaa 20, 2014 keessa adeemsifametti dabalamuun filannoon irra-deebii akka adeemsifamu Boordichi murteessuun hojiitti hiikeera. Walumaagalatti, komiiwwan hedduun filannoon dura dhiyaatan galmee paartiilee siyaasaa, galmee kaadhimamtootaa, seermaleessummaa galmee filattootaa, duula filannoo, hiriira deeggarsaa fi galmee filattootaa – Paartii Uummata Argobbaa, seermaleessummaa namoota eenyummaan isaanii hinbeekkamnee – namoota lubbuun hin jirreefi kanneen umuriin isaanii filachuuf hin geenye kanneen ilaallatanidha.

Komiiwwan Filannoo Manneen Murtii Federaalaafi Naannoleetiif Dhiyaatan

Koreewwan Komii Keessummeessituu Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa hundeesse iddoo dhuma waldhabdeewwan adeemsa filannootiin walqabatan furmaata itti argatan miti. Manneen murtii federaalaafi naannoleetis waldhabdeewwan sadarkaa sadarkaadhaan ol-iiyannoodhan itti dhiyaataniif furmaata ykn murtee dhuma ni kennu. Akaakuu komiiwwan dhiyaatanii irratti hundaa'uun, manneen murtii sadarkaalee federaalaafi naannoleetti walduraa-duubaan argaman, dhimmoota filannoodhaan walqabataniifi ol-iiyannoowwan sadarkaa eeggatanii itti dhiyaatan akka ilaalaniif, garee abbootii seeraa addatti hundeeffaman ni qabaatu. Manneen murtii ol-aanoon federaalaafi naannolee komiiwwan galmee filattootaa haala adeemsa filannoo guyyaa filannichi adeemsifameettiin walqabatan irratti ol-iiyannoowwan marsaa lammataa fudhachuun furmaata itti kennu. Manneen murtii ijjibbaataa federaalaafi naannolee immoo, murteen Koree Komii Keessummeessituu sadarkaa naannoleetti jiru murteesse garee komii dhiyeesseen yoo fudhatama dhabe, ol-iiyannoowwan marsaa lammataa komiiwwan galmee kaadhimamtootaa ilaallatan ni keessummeessa. Manni murtii waliigalaa federaalawaa, dhimmoota adeemsa lakkaawwii sagalee filannoofi bu'aa filannoo ibsame irratti murtee Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa (Boordii daarekteerotaa waliigalaa) murteesse ilaalchisee komiin yoo dhiyaate, komii dhiyaate kana simatee ilaaluuf aangoo olaanaa qaba. Akkaataa Filannoo Itoophiyaa Marsaa 6ffaatiin, mootummaan naannoleefi paartiileen siyaasaa sirna biyyattiitti fayyadamuun isaanii, filannoon-duraafi filannoodhaan booda Manni Murtii Waliigalaa Federaalaawaa murtoowwan jajjaboo akka murteessu gumaacheera. Haata'u malee, komiiwwan filannoodhaan booda dhiyaatan irratti murtoowwan kennaman, paartileen siyaasaa irratti argamanii taajjabuu dhabuun isaanii adeemsa komiiwwan filannoodhaan booda dhiyaatan ittiin furaman gatii-dhabeessa taasiseera. Hubadhaa, dhimmoonni jajjaboon filannoodhan walqabatan lama: dhimma Naannoo Harariifi Paartii Baaldaraas ilaalchisee manni murtii filannoo miilanaa keessatti walaba ta'uudhaan si'aayinaafi adeemsa seera-qabeessummaa hordofeen akkaataa dhimmicha ittiin ilaale agarsiisuuf taateewwan armaan gadii kunniin akka fakkeenyaatti dhiyaataniiru.

A) Mootummaa Naannoo Harariifi Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa

Gara Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa tti yoo deebinu, bulchiinsi mootummaa naannoo Hararii galma Mana Maree naannichaa lama qaba. Isaanis: Mana Maree Bakka-Bu'oota Uummata Hararii kan teessoowwan 22 qabuufi Mana Maree Biyyaalessaa Hararii kan teessoowwan 14 qabu yoo ta'u kunis kan uummata dhalataa Hararii ta'anii qofadha. Erga bara 1987 paarlaamaadhaan murtaa'efiin booda, filannoon uummata saba Hararii bulchiinsa Harar'n ala jiraatan haala kanaan raawwatamaa jira. Adeemsi kunis seera filannoo namni filachuu danda'u naannoo filannoo sana keessa ji'oota ja'aa oliif bakka itti filatu sana jiraachuu qaba jedhuun ala, paarlaamaadhaan addatti kan murtaa'edha. Heerri Uummata Hararii Keewwatni 50 ifatti akka kaa'etti, murtoon addatti paarlaamaadhaan murtaa'e kuni aadaafi eenyummaa uummata Hararii tursiisuuf akka ta'e ni ibsa.

Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa gaafa Ebla 8, 2013 akka ibsetti, adeemsi sabni Hararii bulchiinsa Harar keessa hinjiraanne filannoo naannichaa irratti hirmaachisuu kuni Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Marsaa 6ffaa irratti kan itti hinfufne ta'usaa murteessuu beeksiseera. Bulchiinsi naannichaas murtoo Boordii Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa kana ilaalchisee Mana Murtii Waliigalaa Federaalaatti murtoon Boordichaa adeemsa filannootiin ala jechuudhaan komii qabu dhiyeeffateera. Murtoo Boordichaa kanas Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa uummata Hararii naannichaan ala jiraataniif mirga naannoo isaanii dhaqanii filachuu paarlaamaan addatti kenneef eeguudhaan gaafa Ebla 27, 2013 murtoo Boordichi murteesse kufaa taasiseera. Boordii filannoo dhimmicha ol-iiyannoodhaan Mana Murtii Ijibbaataa Federaalaatti geessudhaan Murtoon Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa murteesse dogongora hiikaa seeraa qaba jechuudhaan falmeera. Dhaddachi Mana Murtii Ijibbaataas oolmaa isaa Caamsaa 26, 2013 tiin, Murtoo Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa murteesse cimsuudhaan, adeemsa addaa mirga uummata Hararii bulchiinsa naannichaatiin ala jiraniif paarlaamaa duraaniitiin akka isaan filannoo Caffee Mootummaa Hararii irratti argamanii filannoo teessoo naannichaa 14 akka filatan mirgi kennameef eegamuufii qaba jechuun murteesseera. Murtee kana hordofuun Bulchiinsi Naannichaa himata raawwii murtichaa kan bane yoo ta'u, Manni Murtichaa murtichi raawwachuu fi dhiisuu isaa mirkaneessuuf Waxabajjii 7, bara 2013tti beellama qabatee dhimmicha xumuruun isaa ni yaadatama. Boordii Filannoo Biyyaalessaas murtii Mana Murtichaa kan fudhate yoo ta'u, buufataalee filannoo wayita filannoon Fulbaana 20 naannoo Hararii, Dirre Dawaa, Adaamaa fi Finfinneetti adeemsifame hundeesse keessatti hojiirra oolcheera.

Dhimma kanaafi kanaan walfakkaatan bu'uura godhachuun, Gamtichi bulchiinsi naannolee caasaalee mana murtiitti haalan dhimma itti ba'uun isaanii jajjabeessaafi shoora manni murtii madaala seeraa eegsisuu keessatti qabu ni mirkaneessa. Akkasumas ta'ee, waldhabdeen Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaafi naannolee gidduu ture osoo Boordichi dursee dhimmoota adeemsa filannichaa keessatti rakkoo uuman dursee marsaawwan filannoo darbanii keessatti sirreesse ta'ee rakkoowwan akka filannoon hin adeemsifamne bakka hedduutti danqaa ta'an kanneen hambisuun ni danda'ama ture. Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa iddoowwan filannoon akka itti hin gaggeeffamne murteessettillee galmee filattootaa adeemsiseera. Sababiin isaas, adeemsi himannaa naannoleefi Boordicha gidduu jiru wayita beeksisichi ba'utti waan hin xumuranneefidha. Haaluma walfakkaatuun, Boordichi aanaalee waldhabdeen irra jiru, daangaa naannolee Affaariifi Sumaaleetti filannoon yeroo biraatti akka darbu taasiseera. Sababiin isaas, naannoon Affaar miidiyaa irratti aanaalee kanneen irratti walfalmin jiru maddiitti dhiifamee, aanaaleen 8 naannoo Sumaaleetiif kenname jechuun waan komateefidha.

B) Paartii Baaldaraasiifi Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa¹⁷

Adeemsa filannoo keessatti mana murtiitti dhimma kan ba'e bulchiinsa naannolee qofa miti. Paartiileen siyaasaas Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa himachuun, komiiwwan ittiin milkaa'an hedduu mana murtiitti dhiyeeffataniiru. Komiiwwan ittiin milkaa'an kunniinis waantota tarkaanfiiwwan Boordichi fudhate ykn fudhachuu dide adeemsa seera filannichaa faallessa jedhanii komatanidha. Paartiileen siyaasaa komiiwwan hedduu Boordii filannichaattiifi Boordicharratti kan dhiyeeffatan yoo ta'u, akka fakkeenyaatti Gamtichi dhimma Paartii Baaldiraas Diimokiraasiif gadi-fageenyaan xiinxaluun haala armaan gadiitiin dhiyeesseera.

Filannoo darbe kana irratti dhimmoota seeraa daran milkaawaa ta'an keessaa tokko himata milkaawaa Paartiin Baaldaraas Boordii Filannoo Itoophiyaa irratti Mana Murtii Olaanaa Federaalaa Damee Lidataa, Dhaddacha Addaa Dhimma Filannoo ilaalu irratti, Mana Murtii Waliigalaa Federaalaattiifi Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Dhaddacha Ijibbaataatti dhiyeeffatedha. Dhimmi addaa mana murtiitti sadarkaa dhaddacha adda addaatti dhiyaate kunis hogganaa paartichaa, Iskinddir Naggaa dabalatee waayee miseensota olaano paartichaa hidhaa turaniiti. Ijoon himata paartichaas, miseensonni olaanoon paartichaa kunniin

¹⁷ Mana Murtii Waliigalaa Federaalaa Itoophiyaa, Dhaddacha Ijibbaataa, MMWF Lakk. 207000

hidhaadhaa ba'anii filannicha irratti akka hirmaachuu qaban kan gaafatu ture. Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa garuu namoota kanneen akka kaadhimamtoota filannooti hin galmeessu jechuun murteesse ture. Sababa kanaanis paartichi dhimma isaanii gara mana murtii Federaalaatti geeffate. Miseensota olaano seera shororkeessaa jalatti himataman kanneenis Iskinddir Nagga dabalatee, Sintaayyoo Chokkol, Asteer Siyyumiifi Askaalee Demmillee fa'adha.¹⁸

Himanni paartichi Boordii filannoo irratti gaafa Bitootessa 12, 2013 Dhiyeesse Mana Murtii Olaanaa Federaalaatiin jalqaba irratti kufaa ta'ee ture. Manni murtichaa yaada Boordii filannoo cimsuudhaan gaafa Ebla 6, 2013 himaticha kuffise. Paartichi yaada murtee kana mormuudhaan ol-iiyannoo isaa Dhaddacha Ijibbaataa Mana Murtii Waliigalaa Federaalaatti geeffate. Dhaddachi ijibbaataa mana murtichaas murtoo Caamsaa 24, 2013 dabarseen, murtoo Boordichaafi mana murtii olaanaa kufaa gochuudhaan hoggantoonni paartichaa olaano arfan kunniin kaadhimammummaa dorgommii filannoo ji'a Waxabajjii, 2013 adeemsifamu irratti dorgomaa ta'anii dhiyaachuuf galmaa'uu akka danda'an murteesse. Boordichi garuu murtoo kana hojiirra oolchuuf qophiiwwan meeshaalee taasifamaa ture hunda gati-dhabeessa nu harkaa taasisuun baasii humnaa-olii waan nubaasisuu danda'uuf murtichi hojiitti hiikamuu hindanda'u jechuun falme. Innis, waraqaawwan ammaan dura maxxansiifaman irra maqaan namoota kanneenii waan hin jirreef, maqaa isaanii itti dabaluun irra-deebinee mannansiisuuf qarshii Itoophiyaa miliyoona 3.5 nuu gaafata waan ta'eef murtee hojiitti hiikuun hin danda'amnedha jechuun falme. Haata'u malee, gaaffii paartichi murtoon murtaa'eef akka raawwatuuf dhiyeesseen, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa hoggantoota paartichaa, namoota arfaniifi miseensonni paartichaa himata shororkeessummaatiin hidhamanii turan akka kaadhimamtoota filannichaatti gaafa Waxabajjii 4, 2013 galmeesse.

Murtoon mana murtichaatiin murtaa'e kuniifi miseensonni paartichaa hidhamanii turan kaadhimamaa filannichaa ta'uun dorgomtootatti dabalamuun isaanii agarsiistuu marsaalee filannoo hanga ammaatti turan keessatti murtoo ajaa'ibsiisaafi waan hanga ammaatti hin baramnedha. Kunis naannolee filannoo itti dorgoman keessatti himatamtoonni kunniin filannicha yoo moo'atan itti aanee maaltu ta'a gaaffii jedhu dhiisee kan darbe yoo ta'u; akka carraa ta'ee garuu, dorgomtoonni kunniin dorgommicha hin moo'anne. Taatee kanarratti dabalataanis, paartiileen biroo kanneen akka Iizeemaa, Paartii Sochii Biyyaalessaa Amaaraafi paartiin fottoqa Adda Bilisummaa Oromoo (ABO) ta'e tokko filannoon duraafi filannoon boodas falmii seeraatiif dhimmoota hedduu gara mana murtiitti geeffataniiru.

Gosoota Komiifi Eessatti akka Dhiyaachuu Qaban (Labsii Filannoo, Keeyyata 152-155)



18 Gaafa Muddee 29, 2014 Ministeerri Haqaa himatni hundeessitootaafi hoggantoota Paartii Baaldaraas fi gaggeessitoota Kongireesii Federaalistii Oromoo bebbeekamoo(KFO) akka addaan cituufi tarkaanfii kana akka carraatti fudhachuudhaan mariin biyyaalessaa milkaawaa ta'e akka adeemsifamuu qabu labse.

Boqonnaa 4: Mala Taajjabbii Filannoofi Hanqina Isaa

Mala Taajjabbii Filannoo Guyyaa Filannoo (Methodology)

Filannoo Itoophiyaa marsaa 6ffaa keessatti, naannoo Tigraay irraa kan hafe Gamtichi naannolee Itoophiyaa hundatti taajjabdoota 3000 ol bobbaasee jira. Gamtichi, mala taajjabbii filannoon duraa, taajjabbii yeroo gabaabaa fi taajjabbii filannoon boodaatti dhimma ba'uudhaan adeemsa filannichaa bu'uura istaandardii fi hojmaata Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaatiin filannoon dhugaafi dimokiraatawaa ta'e adeemsifamuusaa madaaleera. Gamtichi waanti asirraa hubates, filannoon taatee takkittii guyyaa filannichaa raawwatu osoo hintaane, filannoon waanta adeemsa keessa hojiitti hiikamu ta'uu isaati.

Gareen taajjabbii lammiilee hojiiwwan taajjabbii hojiitti hiikuuf mala tooftaalee taajjabbii adda addaatti dhimma ba'aniiru. Gamtichi mala taajjabbii walsimataa adda addaatti dhimma ba'uudhaan filannicha taajjabeera. Isaanis, taajjabbii dhaabbataa, taajjabbii mijataa fi taajjabbii socho'aadha. Tooftaaleen taajjabbii kunniin tokkoo tokkoon isaanii cimina mataa isaanii kan qaban yoo ta'u, hir'ina inni biraan qabu guutuudhaan tajaajilu.

Mala Taajjabbii Filannoo Dhaabbataa Birqabaa (Proportional Stationary Observation)

Malli taajjabbii dhaabbataa birqabaa kuni taajjabdoota murtaa'oo leenjiifi beekkamtii qaban naannoleefi bulchiinsa magaalotaatti birqaba baay'ina buufata filannoo isaan qabaniitiin naannoleefi bulchiinsa magaalotaatti bobbaasuu irratti xiyyeeffata. Akkaataa iddatto taajjabbii kanaatiin, gareen taajjabdootaa (isa kana irratti Gamtichi) naannolee buufata filannoo olaanaa qabanitti taajjabdoota hedduu bobbaaseera. Kana jechuun, haala filannoo Itoophiyaa keessatti moodelli birqaba ramaddii taajjabdootaa naannoo Oromitaa bu'uura godhachuudhaan ramadama. Baay'ina taajjabdoota buufataalee filannoo olaanaa qabanitti ramadaman bu'uureffachuudhaan, moodelli birqabaa baay'ina taajjabdoota kutaalee biyyattii kaanittis bobbaafamanii ni murteessa. Moodelli taajjabbii kunniin adeemsa filannichaafi lakkaawwii bu'aa filannoo ilaalchisee daataa adeemsa filannoo guutuu biyyattii ibsuufi daran amanamaa ta'etti dhimma ba'anii, gareen taajjabdootaa kunniin yaada goolabaa jabaa ta'e akka dhiyeessan isaan gargaara.


Taajjabbii Mijataa Dhaabbataa (Convenient observation)

Taajjabbii dhaabbataa birqabaa irraa waanti taajjabbii mijataa dhaabbataa adda taasisu, taajjabbii mijataa dhaabbataan irra-caala, guyyaa filannoon adeemsifamu buufataalee filannoo hedduutti baay'inuma walgituun taajjabdoota hedduu adeemsa filannichaa taajjaban bobbaasuu irratti xiyyeeffata. Akkuma taajjabdoota taajjabbii birqabaatiif bobbaafamaniitti guyyaa guutuu buufata filannoo tokko keessaa taajjabaa ooluudhaan, taajjabdoonni akka carraatti bobbaafaman kunniin adeemsa kenniinsa sagaleefi lakkaawwii bu'aa filannoo buufata filannoo bakka jireenyaa isaanitti dhiyaatutti adeemsifamu gabaasu. Akkuma mata-dureen taajjabdoota kanneeniin kenname agarsiisutti, taajjabdoonni kunniin buufata filannoo bakka jireenyaa ykn bakka hojii isaanitti dhiyaatuufi guyyaa guutuu irratti argamanii taajjabuuf illee waan hundaan isaaniif mijataa ta'etti ramadamu. Hoggayyuu bakka filannoon adeemsifamutti argamanii taajjabuun kunis filattootni adeemsa filannichaa keessatti akka ofitti amananii filachuu danda'an gargaara. Akkasumas, seer-qabeessummaa adeemsa filannichaa waliigalaa ni dabala. Malli taajjabbii mijataa kunis odeeffannoo akkaataa filannichi ittiin adeemsifamee kan nuuf kennu yoo ta'u, kunis dirqama iddotto ykn naamunaa osoo hintaane taatee qabatamaa bakka sanatti qofa raawwatamu agarsiisa.

Mala Taajjabbii Socho'aa

Karaa biraatiin, taajjabdoonni socho'uun taajjaban haala qabatamaa jiru bu'uureffachuun akka taajjabbii birqabaatti ykn akka taajjabbii mijataatti bobbaafamuu ni danda'u. Kunis, bakka tokko taa'anii taajjabaa kan oolan osoo hin taane guyyaa guutuu iddoodhaa iddootti socho'uudhaan filannicha taajjabaatii oolu. Sochiin isaanii addatti kan ittiin murtaa'u akkaataa tokkoo tokkoo garee taajjabbii taajjabbii lammiilee hojiirra oolchaniinidha. Akkaataa garee Gamtichaa (CECOE-tiin), taajjabdoonni Gamtichi bobbaase guyyaa filannichi adeemsifamu buufataalee filannoo 5 hanga 8 ta'an kan taajjaban yoo ta'u, haala jalqabbii filannoofi adeemsa lakkaawwii sagalee filannoo buufata filannoo tokkoo madaaluu danda'aniiru. Taajjabdoonni socho'aanis guyyaa filannoon adeemsifamu odeeffannoo addaa buufata filannoo tokko qofa ilaallatu ni dhiyeessu; haata'u malee, Taajjabdoota dhaabbataa irraa waanti adda godhu, taajjabdoonni socho'aan dabalataanis guyyaa filannichi adeemsifamu odeeffannoo haala naannoo filannichaa buufata filannichaatiin ala jiraniis dhiyeessuu ni danda'u. Gamtichi marsaalee filannoo kan Waxabajjii 14, 2013 fi Fulbaana 20, 2014 keessa adeemsifaman lameen irrattiyyuu taajjabdoota socho'aa bobbaaseera. Giraafiin armaan gadii hangaafi akaakuu taajjabdoota Gamtichi bobbaaseefi Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa ji'oota Waxabajjii fi Fulbaana keessa adeemsifaman irratti hojiiwwan isaan raawwatan gabaabinaan cuunfee nuuf dhiyeessa. Gabateen itti aanee dhufu hangaafi akaakuu taajjabdootaa naannoleefi magaalotatti bobbaafamanii qoqqoodudhaan nuuf dhiyeessa.

Taajjabdoota Gamtichaa Gosaan, Akkaataa Itti Bobba'anii fi Baay'ina Gabaasaa irratti Hundaa'uun



Wayita Gamtichi shaakala taajjabbii filannoo qopheeffatetti, adeemsa filannoon duraa, guyyaa filannoofi filannoon boodaa taajjabuuf mala ramaddii birqabaa filatee ture. Kunis taajjabbiin taasifamu amanamaafi guutuu biyyattiitiif kallattiwwan hedduu filannicha ilaallatan xiinxaluuf akka iddattootti fudhachuudhaan guduunfuun akka danda'amuufidha. Taajjabbii filannoon dura taasiseen, Gamtichi taajjabdoota yeroo dheeraa 144 tti dhimma ba'uudhaan, godina tokkotti taajjabdoota lama bobbaasuun, godinaalee 72¹⁹ waliin ga'uudhaan Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa irratti hirmaachuuf karoofate. Dabalataanis, Gamtichi haala qabatamaa bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa akka ka'uumsatti bu'uureffachuudhaan; innis buufataalee filannoo hedduu waan qabuuf, taajjabdoota guyyaa filannoon adeemsifamu haala filannichaa taajjaban namoota 1,500 hanga 2,500 tti bobbaasudhaaf karoorsee ture. Dhumarrattis, gamtichi hojii taajjabbii filannoon boodaatiif taajjabdoota yeroo dheeraa dabalataa 106 bobbaasudhaaf karoorfatee lakkoofsa isaanii 144 irraa gara 250tti ol guddisuuf yaadee ture. Haa ta'u malee, tokkoon tokkoon marsaa filannoo armaan gaditti ibsaman keessatti rakkinoota adda addaa keessoo fi alaa Gamticha mudateen mala kana hojiirra oolchuu hin dandeenye.

19 Sababa waraana Naannoo Tigraay keessatti adeemsifamaa jiruun naannichi filannoon akka keessatti hin adeemsifane waan murtaa'eef, Mootummaan Naannoo Tigraay mala Filannoon Duraa Gamtichaa keessatti hin hammatamne.

Hanqinoota Tooftaalee Taajjabbii Gamtichaa

Taajjabbii Filannoon-Duraa

Filannoo kutaa lameen ji'a Waxabajjii Fulbaan keessa adeemsifameef, haala naannoowwan filannoo hanga guyyaa filannootti jiru akka madaalaniif Gamtichi taajjabdoota filannoon duraa bobbaaseera. Walumaagalatti filannoo ji'a Waxabajjii Gamtichi taajjabdoota galmee filattootaa 117 kan bobbaase yoo ta'u, bulchiinsa naannolee ja'a keessaa taajjabdoonni 51 haala filannoo ji'a Fulbaanaatiin dura jiru gamaaggamaniiru. Wayita taajjabbii filannoowwanii, tooftaalee taajjabbii karoorfatee ture guutumaan guututti akka hojiirra hin oolchine waantonni Gamticha (CECOE) danqan hedduudha.

Jalqabarratti naannolee murteessoo akka naannoo Oromiyaafi naannoo Sumaaleetiif Gamtichi taajjabdoota argachuu hin dandeenye. Isaanis hedduudha; naannoon Oromiyaa godinaalee 22 qaba; naannoon Sumaalee immoo godinaalee 11 qaba waan ta'eef taajjabbii filannoon duraa naannolee kanatti taasifamuuf taajjabdoota qopheessuun daran murteessaa ture. Sababiin isaas, jaarriyaalee biroo waliin walbira qabnee yoo ilaalle, Gamtichi jaarriyaa haaraa waan ta'eef jaarriyaalee miseensota isaa ta'an taajjabdoota akka qacarachuuf abdii guddaa irra kaawwatee ture. Kunis naannoo Oromiyaafi naannoo sumaalee keessatti abdii kutachiisaafi ulfaataa ture.

Filannoo ji'a Waxabajjii taasifameef guyyaa galmeen filattootaa adeemsifamu taajjabdoota beekkamtii qaban argachuun Gamtichaaf daran ulfaataa ture. Sababni rakkoo kanaa inni guddaan tokko, baajii beekkamtii taajjabdootaa Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa erga filannoon eegalamee Gamtichaaf waan dhiyeesseefidha. Gamtichi baajii kana argachuun taajjabdootaaf dhiyeessee bobbaasuuf danqaawwan hedduu keessa darbeera. Sababiin inni la maffaan immoo fageenya bakkeewwan adda addaa irraa kan ka'e baajiiwwan beekkamtii taajjabdootaaf fageenya kanarratti dhiyeesuun waan hin danda'anne ture.

Dhumarratti, galmeen filattootaa seeraan-ala taasifamaa ture rakkoo ijoo tooftaalee taajjabbii Gamtichi fayyadamuuf ture irratti dhiibbaa uummedha. Fakkeenyaaf, Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Beenishaangul Gumuz keessatti taajjabdoota adeemsa galmee filattootaa akka taajjaban bobbaafaman saddeet keessaa walakkaa isaanii, namoota afur hojiiidhaan ala taasisaniitu galmee filattootaa adeemsisani. Sadarkaa taajjabbii filannoon-duraa keessatti Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa biratti rakkoon sab-qunnamtii uumamuu isaatti dabalatee, Gamtichiis adeemsa galmee kaadhimamtootaa taajjabuu hin dandeenye. Sababiin isaas, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa haala duraan baramaan alatti osoo Gamtichi quba hin qabaanne galmee kaadhimamtootaa kana yeroo itti adeemsifamuu qabu durseetu adeemsise.

Kana malees, wayita taajjabbii filannoon duraa rakkoon sab-qunnamtiin uumamuun isaa qulqullina odeeffannoo Gamtichi funaane irratti dhiibbaa olaanaa uumeera. Sababiin isaas, taajjabdoonni filannoon Phaagumee 1, 2013 adeemsifama yaada jedhuun dursanii jalqaba ji'a Hagayyaa keessa waan bobbaafamaniif dubbii walbaddee taate sirreessuun sababa qunnamtiin hin jirreef ulfaataa ture. Dabalataanis, Gamtichi filannoon naannolee hafan hundatti ni adeemsifama yaada jedhuun naannolee ja'a keessatti taajjabdoota bobbaasee ture. Haata'u malee, guyyaan filannoo Fulbaana 20, 2014 ta'uusaa; innis, Naannoo Hararii, Naannoo Sumaalee; akkasumas, kutaalee muraasa Bulchiinsa Naannoo Sabaaf Sablammoota Uummattoota Kibbaa keessatti qofa kan adeemsifamu ta'uusaa Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa boodarra, ji'a Hagayyaa keessa ibse. Akaakuun filannichaas, filannoo waliigalaa, filannoo irra-deebii filannoo hiree murteeffannaa Uummata Kibba-Lixa Itoophiyaa akka ta'e Boordichi boodarra beeksise. Haalli kunis hojiiwwan Gamtichaa hedduu miidhee jira. Sababiin isaas, qulqullinni gaaffilee madaallii taajjabdootaa dursanii bobbaafamaniif raabsamanii haala boodarra jijjiirame wajjin fooyya'insi taasifamuu kan qabu yoo ta'u; taajjabdoonni bakka filannoon hin jirretti bobbaafaman illee sababii walhubannoon Boordicha waliin hin jirreef dararamaafi baasii hinbarbaachifneef saaxilamuun danda'ameera.

Taajjabbii Guyyaa Filannoo

Gamtichi moodela fakkeenya qopheessuu irraa hanga hojii taajjabbii filannootti baay'inni taajjabdoota Naannoo Oromiyaatti bobbaafamanii daran murteessaa ture. Sababiin isaas, naannichi akka biyyattiitti buufataalee filannoo garmalee hedduu ta'e waan qabuuf taajjabdoota lakkoofsaan garmalee heddummaatan naannichaaf barbaachisa. Qoqqoodina buufataalee filannoo biyyattii keessatti taasifame bu'uureffachuudhaan, taajjabdoonni guyyaa filannoo akka biyyattiitti jiran keessaa kan Naannoo

Oromiyaa 37% dha. Haata'u malee, sababoota hedduu keessoo fi alaan dhiibbaa uuman irraa kan ka'e, Gamtichi taajjabdoota Naannoo Oromiyaatiif barbaachisan hunda argatee akkaataa naamunaa karoofameetiin bobbaasuu hin dandeenye. Kan naannoo Oromiyaa malees, Gamtichi filannoo ji'a Fulbaanaatiif taajjabdoota Naannoo Sumaaleetti barbaachisanis argachuuf baay'ee rakkatee ture.

Sababiin tokkooffaan rakkoo keessoo Gamtichi qabudha. Kunis, keessattuu filannoo ji'a Waxabajjii irratti, caasaan Gamtichi Oromiyaa keessaa qabu akka ammaa kanatti waan jabaatee hin jirreef taajjabdoota barbaachisoo ta'an naannicha keessatti qopheeffachuu hin dandeenye. Kana malees, wayita Gamtichi kutaalee biyyattii muraasa keessatti taajjabdoota qopheeffachuu danda'etti, jaar-miyaaleen miseensota ta'an wayita maqaa taajjabdoota dhiyeessanii CECOEF dhiyeessaniitti, namoonni hedduun lakkoofsa bilbilaa waan hinqabneef; kanneen qabanis hedduun waan hin hojjenneef, Gamtichi iddoowwan hedduutti namoota kanneen argachuun qunnamee, leenjisee akka adeemsa filannoo taajjaban bobbaasuu hin dandeenye.

Haata'u malee, Gamtichi rakkoo keessoo qabaatulle, hojmaata taajjabbi filannoo Gamtichi taasisetti danqaa guddaa kan ta'e taajjabdoota hanga barbaadaman Naannoo Oromiyaatti bobbaasuu dadhabuu isaati; kunis Boordii Filannoo Biyyaalessaa taajjabdootaaf erga yeroon darbee beekkamtii kan kenneefi, isumayyuu hanga barbaadame waan hintaaneef naamunaa madaalawaafi amanamaa irraa odeeffannoo fudhachuun hindanda'amne. Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa, Oromiyaafi kutaalee biyyattii iddoowwan hedduu keessatti baay'ina taajjabdootaa garmalee gadi hir'ise. Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame irratti garmalee fooyya'aa ta'ullee, Filannoo Biyyaalessaa fi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa kan ji'a Waxabajjii keessa adeemsifame irratti Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa baajjii beekkamtii baay'ina taajjabdoota Gamtichi bobbaasee gadii waan kenneef; akkasumas, filannoo akka boruuti gaafa jedhamu baajii waan dhiyeesseef taajjabdoonni qixa sirreedhaan filannicha taajjabuu irratti danqaa guddaa uumeera. Gamtichi hanga jala-bultii filannootti beekkamtiif baajii ga'aa ta'e taajjabdoota bobbaasuf argachuuf carraaqullee, baay'inni namoota leenjii fudhataniifi baajii argatanii hojiitti bobba'anii walirraa fagoo jira. Sababiin isaas, taajjabdoota hedduuf beekkamtiin kan kenname turee waan ta'eef, Gamtichi taajjabdoota bobbaasuf leenjisee qopheesse 3000 keessaa 2,050 qofa hojiitti bobbaasuu danda'eera.

Taajjabbi Filannoo-Boodaa

Adeemsa taajjabbi filannoo boodaa keessatti Gamtichi

wayita taajjabbi taajjabbi adeemsa filannoo hojiirra oolchaa ture akka taajjabbi filannoo-duraafi guyyaa filannoo rakkatetti adeemsa taajjabbi filannoo-boodaa keessatti hagana mara hin rakkanne. Sababiin isaas, Gamtichi adeemsa taajjabbi filannoo boodaa keessatti taajjabdootuma jalqaba leenjisee taajjabbi adeemsa filannoo-duraafi guyyaa filannoo adeemsifamu dhimma itti ba'e deebisee waan hojiitti bobbaaseef haala mijataafi qophii dura jirutu hojiitti hiikame waan ta'eefidha. Haata'u malee, Gamtichi baay'ina taajjabdoota barbaachisanii (250) guuttachuu hindandeenye. Sababiin isaas, iddoowwan filannoo jalqabaa itti hin gaggeeffamini adeemsa boodarra filannoo ittiin gaggeeffame keessatti walhubannaan barbaachisaa ta'e dursee waan hin uumamneefidha. Kunis guutummaan biyyattii filannoo keessatti qooda fudhatti yoo ta'een alatti akkaataa kanaan ramaddii taajjabdootaa haala walqixa ta'een ramaduun waan hin danda'amnedha. Haaluma kanaan, taajjabbi filannoo-boodaa ilaalchisee Gamtichi filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifameef taajjabdoota 97 kan bobbaase yoo ta'u; filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifameen booda immoo naannolee Hararii, Sumaalee; akkasumas bulchiinsa naannoo Sabaafi Sablammoota Uummattoota Kibbaa irraa taajjabdoota 50 bobbaasuu danda'eera.

Xiinxala kutaa kanaa osoo hingoolabiniin dura garuu waanti hubatamuu qabu, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa komiiwwan dhiyaatan sadarkaa biyyaalessaa qofatti ilaalamu jedhee waan labseef, komiiwwan filannoo booda turan qaama taajjabbi haala filannoo booda jiruu ta'anillee, Gamtichi garuu odeeffannoo guutuu sassaabbachuu hindandeenye. Rakkoo kana furuudhaaf, komiiwwan dhiyaatan taajjabdoota Finfinnee keessa jiranitti dhimma ba'anii funaan xiinxaluutti dabalatee, Gamtichi Boordii Biyyaalessaa Itoophiyaa waliin ta'uudhaan qabiyyee komiiwwan Boordichaaf dhiyaataniifi murtoowwan kennaman xiinxaluun hubachuuf yaaleera.



Odeeffannoo fudhattoonni 80

ni ji'a Waxabajjiitti giddu-gala odeeffannoo yeroo keessatti hojjechaa turan.

Odeeffannoo fudhattoonni 40

ni ji'a Fulbaanaatti giddu-gala odeeffannoo yeroo keessatti hojjechaa turan.



“

Odeeffannoo fudhattoonni Gamtaa Filannoo giddu-gala odeeffannoo yeroo keessatti osoo odeeffannoo fudhatanii

Boqonnaa 5: Argannoowwan Taajjabbii Filannoo Gamtichaa

Taajjabbii Filannoon-Duraa

Seensa

Adeemsa filannoo kamiyyuu keessatti yeroon filannoon dura jiru daran murteessaadha. Ga'umsifi seer-qabeessummaan hojiiwwan filannoon dura hanga guyyaa filannichi adeemsifamutti raawwatan (yeroo filannoon duraa) qulqullinaafi amanamummaa filannoo itti aanuu adeemsifamu murteessa. Hojiiwwan ijoon filannoon-dura adeemsifaman calaqqee karoora filannoo gaggeessitootaa filannichaa, galmee kaadhimamtootaafi filattootaa; hojiiwwan duula filannoofi walfalmii paartiilee siyaasaa, barumsa filattootaaf kennamu; akkasumas, dhaabbilee hawaasa siivilii dabalatee, himaannaa dhimmamtoota dhimmi filannoo kallattiin isaan ilaallatu ofkeessatti hammata. Dhimmoonni olitti tarreeffaman guutummaa hojmaata filannoon-duraa miti; dhimmoonni biroon adaduma filannoon dhiyaachaa deemu hojjetamuu qaban kan olitti hintarreeffamne hedduun jiru. Argannoon wal-utubu, kanneen garee taajjabdootaa biyya keessaafi idil-addunyaa ammaan dura turan akka galteetti dhimma itti ba'uudhaan, argannoowwan Gamtichaa taajjabbii filannoon-duraa kan xiyyeeffate galmee paartiilee siyaasaafi kaadhimamtootaa, galmee filattootaa, haala miidiyaaleefi dirreen siyaasaa hawaasummaa irra jiru, yaaddoowwan nageenyaafi kanneen biroo sakatta'iinsa taajjabbii filannoon-duraa Gamtichi taasise keessatti kan hammatame yoo ta'u; kunis cheekliisii baroota hedduuf taajjabdootaan dhimma itti ba'amaa ture keessatti hammatamuun qindaayeera.

Sagantaa Filannoo Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa

Sagantaa filannoo ji'oota Waxabajjii Fulbaanaa keessa adeemsifamaniif Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa karoora filannoof karoofame walduraa-duubaan gaafa Mudde 16, 2013 fi Hagayya 14 2013 ibse. Boordichi guyyaa galmee filattootaafi kaadhimamtootaa itti adeemsifamu; akkasumas, yeroo hojiiwwan biroon kan akka barumsa filattootaa akkaataa galmee filattootaa ilaalchisee itti kennamu, guyyaa filannoon itti adeemsifamu, waraqaan filannoon ittiin adeemsifamu guyyaa filannootiin dura akkaataa yeroodhaan maxxanfamu; akkasumas, akkaataa bu'aan filannichaa Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaatiin ibsamuufi mirkanaa'u ilaalchisee Boordichi sagantaa isaa keessatti guyyoota hojiiwwan kunniin itti raawwataman murteesseera.

Filannoowwan lameen dursee sagantaa hojmaata filannichaa qophaa'e ilaalchisee, sagantichi ifa ta'uu dhabuun isaa adeemsa filannoon-duraa yeroo lameenii keessatti rakkoo guddaa ta'uun guyyaa Filannoo Waxabajjii Fulbaana keessa adeemsifamanii irratti danqaawwan uumeera. Kaadhimamtoota karooraan ala, osoo filattoonni hin galmaa'in dursanii galmeeffamanii Gamtichii fi taajjabdoonni biroon irratti argamanii taajjabuu hin dandeenye. Sababiin isaas hojmaata karooraan ala raawwatame waan ta'eef taajjabdoonni kunniin dhaqanii taajjabuuf odeeffannoofi yeroo itti wixinee hojmaataa qopheffatanii dhaqan hin arganne. Kana malees, filannoo Waxabajjii adeemsifame ilaalchisee yeroon galmee filattootaa idileen dheerachuun isaa filattootatti burjaajjii uumeera. Dabalataanis, Boordii Filannoo Biyyaalessaa qophii ga'aa hin taasifne jechuudhaan guyyaa filannoon lamaanuu itti adeemsifaman duraa-duubaan Caamsaa 28, 2013 irraa gara Waxabajjii 14, 2013 tti; akkasumas, Phaagumee 1, 2013 irraa gara Fulbaana 20, 2014tti waan dheeresseef kunis filattoota burjaajesseera.


Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa Marsaa 6ffaan hanga danda'ametti haala tasgabii qabuun dhugoomsuuf hanga hojiiwwan Boordii Filannoo Biyyaalessaa hojete Gamtichi kan hubatu ta'ullee, kanumaan walqabatee waanti hubatamuu qabu sagantaa ciccitaan adeemsa filannoon ittiin raawwate akkanaa kuniifi hanqinootni sabqunnamtii dhimmamtoota akka filattootaa, dorgomtootaa, paartiilee siyaasaa, dhaabbilee hawaasa siiviliifi qaamolee dhimmi ilaallatu kanneen biroo gidduutti uumame qulqullina qophiiwwan filannicha adeemsisuuf taasifamanii garmalee miidha.

Galmees Paartilee Siyaasaa fi Kaadhimamtoota Filannoo

Filannoo Biyyaalessaa fi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa ji'oota Waxabajjii fi Fulbaanaa adeemsifamaniif Galmeen kaadhimamtootaa filannoo yeroo lamaanii duraa-duubaan, Guraandhala 8, 2013 fi Guraandhala 21, 2013 ture. Haa ta'u malee, gaaffii paartilee siyaasaa irraa dhufeen galmeen kaadhimamtootaa gara Guraandhala 25, 2013tti akka dheeratu taasifameera. Guutummaa biyyattiitti filannoon kan hin adeemsifamne ta'ullee, galmeen kaadhimamtootaa filannoowwan ji'oota Waxabajjii fi Fulbaanaa adeemsifaman lameenuu ji'a Bitootessa ji'a Guraandhala keessa kan raawwatame. Garuu, paartiileen siyaasaa fi kaadhimamtoonni Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Tigraay karoora filannoo Boordichaa keessa waan hin jirreef; akkasumas, naannolee Sumaaleefi Oromiyaa iddoowwan paartiileen siyaasaa filannootti hirmaachuu didan as keessatti hin hammatamne. Galmeen paartiilee siyaasaafi kaadhimamtootaa dambii qajeelfama haaraa adeemsa filannoo hordofuun raawwatame. Kunis, filannicha irratti hirmaachuudhaaf galmee paartiilee siyaasaa, kaadhimamtoota dhuunfaafi kaadhimamtoota paartiileen bakka buufatan galmeessuu eegaluuf, ulaagaawwan dursanii guutamuu qaban qabatee dhiyaate. Akkaataa ulaagaa haaraa paartiileen siyaasaa irra-deebi'anii akka galmaa'an gaafatuutiin, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa, paartiileen sadarkaa biyyaalessaatti dorgoman miseensota isaanii, yoo xiqqaate bulchiinsa naannolee afurii keessaa walitti fuudhamanii namoota 1,500 irraa gara 10,000 ttti; paartiileen naannoleedhaaf ykn bulchiinsa magaalatiif dorgoman immoo miseensota isaanii namoota 750 irraa gara 4,000 tti olguddisuu akka qaban Boordichi daangesseera. Haaluma kanaan, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa paartiilee siyaasaa 53 kan galmeesse yoo ta'u; isaan keessaa paartiileen siyaasaa 20ni sadarkaa biyyaalessaatti; 26 immoo sadarkaa naannoleetti Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Marsaa 6ffaa ji'oota Waxabajjii fi Fulbaanaa keessa adeemsifame irratti dorgomuudhaaf kan galmaa'anidha. Kana malees, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa, dorgommii Mana Maree Bakka-Bu'ootaa uummataatiif kaadhimamaan dhuunfaan dorgomu mallattoo deeggarsaa 5,000; kaadhimamaan paartii siyaasaa bakka-bu'ee dorgomu immoo mallattoo deeggarsaa 3,000 akka dhiyeeffatu qajeelfama baaseera. Mallattoon deeggarsaa gaafatame kunis kan duriitiin walbira qabamee yoo ilaalame baay'ee olka'aadha.

Haaluma duraan eeramee, Gamtichi adeemsa galmee kaadhimamtootaa taajjabuu hindandeenye. Sababiin isaas, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa kaadhimamtoonni galmee filattootaa dursanii akka galmaa'an waan murteesseef, yeroo kenname keessatti qophaa'uun adeemsicha taajjabuufhir'inni yeroo waan jiruufidha. Haata'u malee, akkaataa ibsa Boordichaafi gabaasa taajjabbii gareewwan taajjabdoota biroottiin dhiyaateen, yeroo galmee kenname keessatti kaadhimamtoonni 9,505 kan galmaa'an yoo ta'u, kunis 98% (kaadhimamtoota 9,357) paartiilee siyaasaa bakka-bu'uun galmaa'aniiru. Kaadhimamtoonni dhuunfaan dorgomuuf galmaa'an immoo 2% gadi (kaadhimamtoota 148) dha. Gabaasni taajjabbii dhaabbata NDI/IRI itti-gaafatamummaan isaa murtaa'e akka ibsutti, kaadhimamtoota dhuunfaan dorgoman keessaa gara 60% (kaadhimamtoota 86) wayita filannoo Fakkiin armaan gadii odeeffannoo waliigalaa paartilee siyaasaa filannoo Waxabajjii 14, 2013 adeemsifameef Boordichaan galmaa'an agarsiisa.²⁰

Taajjabdoota Gamatichaa Gosaan, Akkaataa Itti Bobba'anii fi Baay'ina Gabaasaa irratti Hundaa'uun



20 National Electoral Board of Ethiopia, List of Registered Candidates for Sixth National and Regional Elections of Ethiopia (Published on 16 June 2021) nebe.org.et/en/candidate-list [Last Accessed 24 August 2021]

Dabalataanis, paartileen siyaasaa 12 kaadhimamtoota 100 hanga 250 ta'an filannichaaf akka dorgoman galmeessisaniiru. Kunis garee paartiilee siyaasaa: Baaldaraas Dimokiraasii Dhugaatiif, Adda Dimokiraatawaa Uummata Walaayittaa, Sochii Adda Bilisummaa Uummata Gaambeellaa, Dhaabbata Dimikiraasummaa Tokkummaa Uummata Sidaamaa hin ilaallatu. Dabalataanis, paartileen siyaasaa 28 Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa tiif kaadhimamtoota 100 gadi ta'an galmeessisaniiru.

Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa keessatti paartileen siyaasaa danuun akka walmorkatan eegamaa turullee, paartileen mormitootaa jajjaboon, Naannoo Oromiyaa keessaa Kongireesiin Federaalistii Oromoo (KFO) ji'a Caamsaa keessa filannicha dhiisee keessaa ba'usaa waan labseef; akkasumas, Naannoo Sumaalee keessaa Addi Bilisummaa Biyyaalessaa Uummata Ogaadeen ji'a Fulbaanaa filannicha keessaa ba'usaa waan labseef, paartileen kunniin filannicha keessaa ba'uun isaanii qulqullinaafi miira walmorkii filannichaa garmalee miidheera. Fakkeenyaaf, Paartiin Badhaadhinna Mana Maree Bakka-Bu'oota Uummataatiif Naannoo Oromiyaa keessatti qofa teessoowwan 170 jiran keessaa 104 kan moo'ate yoo ta'u, dorgommiin Naannoo Sumaalee bakka paartileen mormitootaa jajjaboon hin jirretti adeemsifame. Kana malees, ejjannoo Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa hoggantoonni Paartii Baaldaraas jajjaboon arfan, fincila du'a artistii Oromoo beekkamaa, du'a Haacaaluu Hundeessaatiin booda fincila tureen walqabatee hidhamanii turan akka dorgommii filannootiif kaadhimamummaadhaan hin galmoofne murteesse socho'aa ture Manni Murtii Waliigalaa Federaalaa harkaa kuffisuudhaan paartichaaf murteessuun isaa; iftoominni seeraa dhimmoota akkanaa ilaalchisee duraan waan hin jirreef, Boordichi maallaqa humnaa-olii filannicharratti akka qisaasessu taasiseera.

Dhugummaan siyaasa gadi-fagoofi rakkoowwan jiran dhimmoota galmee kaadhimamtootaan walqabatan, kanneen armaan olitti eeraman kana kan hammeessan yoo ta'u, paartiilee mormitootaafi kaadhimamtoota dhuunfaatiif haala mijataa uumuuf hojiiwwan bal'aan hojjetamuu akka qaban Gamtichi ni amana. Kunis filannoo itti aanu keessatti miirri dorgommii akka uumamuufi dorgomaa tokkichi qofti kophaasaa dorgomee bakka mormitoonni hin jirretti teessoo qabachuuf akka hin fiigne karaa cufa.

Galmee Filattootaa

Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifamuuf galmeen filattootaa filachuuf ulaagaa barbaachisu guutan, buufata filannoo keessatti Bitootessa 16, 2013 hanga Ebla 15, 2013 gidduutti akka adeemsifamu karoorse. Haata'u malee, sababa yaaddoo nageenyaafi dhiyeessii hojmaataa barbaachisuuttiin Boordii Filannoo Itoophiyaa sagantaa galmee filattootaa baasee ture iddoowwan hedduutti torbee lamaan gara Ebla 29, 2013 tti dheeresseera. Naannolee Sumaaleefi Affaar keessatti garuu torbee sadiin gara Caamsaa 6, 2013 tti dheeresse. Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifameef, galmee akka haaratti eegaluuf filattoonni Hagayya 26, 2013 hanga Phaagumee 5, 2013tti kan galmaa'an yoo ta'u; iddoowwan galmeen Bitootessa keessa eegalamee addaan citetti garuu galmeen filattootaa Phaagumee 1, 2013 hanga Phaagumee 5, 2013tti adeemsifame.

Wayita filannoo isa lammataa ji'a Fulbaanaa keessa adeemsifamee, Boordii Filannoo galmee filattootaa osoo hin dheeressin haaluma karoorseen raawwate. Guutummaa biyyattii keessatti filattoota haala walfakkaataadhaan galmeessuun haala Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa keessatti dhimma ijoo ta'uu isaatiif kuni ragaa tokkodha. Buufataaleen filannoo bulchiinsa Naannoo Affaar, Naannoo Sumaalee; akkasumas, Naannoo Beeniishaangul Gumuz keessatti, godinootni Matakaliifi Kamashii tibba galmee filattootaa si'aayinaan hojjechuu hin dandeenye. Dhugaa dubbachuuf, harki walakkaan buufataalee filannoo guutummaa biyyattii hanga ji'a Eblaatti si'aayinaan hojjechuu akka hin eegalle Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa ifatti beeksiseera; gareewwan taajjabdootaa biroonis kanuma mirkaneessanii jirru, Kana malees, galmee filattootaatiin walqabatee; akkasumas, komiiwwan bulchiinsa mootummaa Naannoo Sumaalee keessaa dhiyaachaa turan gareen dhimma komiiwwan dhiyaachaa turanii qoratu naannichatti akka bobba'u taasiseera. Sababa kanaan, hanga gareen dhimmoota komii dhiyaatanii qulqulleessuuf bobba'e bu'aa qorannoo isaanii gabaasanitti Filannoo naannichatti adeemsifamu ji'a Fulbaanaatti akka dheeratus murtoon dhumaa kennameera.

Akka gabaasa Boordii Filannoo Itoophiyaatti, lammiileen Itoophiyaa miliyoona 31 tti dhiyaatan filannoo ji'a Waxabajjiitiin dura filachuuf galmaa'aniiru. Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifamutti hirmaachuun filachuuf, tilmaaman lammiileen biyyattii miliyoona 7.8 ta'an dabalataan kan galmaa'an yoo ta'u, kanneen keessaa filattoonni miliyoona 1.3 ta'an addatti filannoo hiree murteeffannaa Kibba-Lixa Itoophiyaatti hirmaachuuf kan galmaa'anidha.

Galmee filattootaa Bitootessaa hanga Caamsaa, 2013 tti adeemsifame akka taajjaban Gamtichi taajjabdoota 117 buufataalee filannoo 1,209 tti bobbaaseera. Kanaanis odeeffannoowwan galmee filattootaatiin walqabatan agarsiiftuuwwan hedduu waliin funaaneera. Haata'u malee, sagantaa yeroo filannoo Boordii Filannoo jijjiireen walqabatee rakkoowwan qabatamaan waan mudataniif, Gamtichi galmee filattootaa filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifamee irratti argamuun taajjabuu hin dandeenye. Kanumaan walqabatee waanti hubatamuu qabu tokko, galmee filattootaatiin walqabatee argannoowwan asitti caqafaman kunniin filannoo ji'a Waxabajjiitiif galmaa'an ilaalchisee taajjabbii adeemsa galmee filattootaa Gamtichi taasise qofa kan ilaallatudha. Adeemsa raawwii hojmaataa Boordii Filannoo keessatti rakkoowwan mul'ataniifi dandeettii Gamtichi galmee filattootaa taajjabuuf qabu yaadatti qabachuudhaan, iddoowwan filannoon ji'a Fulbaanaatti dheerate dabalatee, taajjabdoota Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa taajjabuuf bobbaafamaniin, buufataalee filannoo ji'a Bitootessaa hanga ji'a Caamsaa, 2013 gidduutti filattoota galmeessan irraa gabaasaaleen funaanaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru. Buufataalee filannoo 1,209 Gamtichi taajjabe keessaa 860 (71.2%) buufataalee filannoo magaalaa keessatti argamanidha. Buufataalee filannoo taajjabaman keessaa kanneen hafan, 348 (28.8) baadiyyaa keessatti argamu. Odeeffannoon funaanames akka agarsiisutti, tola-ooltooni Gamtichaa harka-caalu buufataalee filannoo idilee ta'an (1,196) taajjabani. Gamtichi buufataalee filannoo itti ramadaman keessatti taajjabdoonni adeemsa galmeen filattootaa ittiin raawwatu akka madaalan gargaaruuf cheekliisti taajjabbii galmee filattootaafi uunkaa taatee hamaa irratti galmeessan fayyadameera. Cheekliistichis gaaffilee hedduu ofkeessaa qaba. Isaanis kan wixineeffaman akkaataa buufataaleen filannoo ittiin qophaa'an, kanneen akka raawwachiiftoonni fi meeshaaleen filannoo jiraachuu isaanii, ulaagaalee seeraa barbaachisoon walqabatee gaaffiilee madaallii adeemsa wayita adeemsi galmee raawwatu, gaaffilee madaallii hirmaannaa garee hawaasaa deeggarsa barbaadanii (dubartoota, qaama-miidhamtoota, namoota sosocho'uu hin dandeenyeefi kkf); akkasumas, adeemsa galmee filattootaa keessatti, agarsiiftuuwwan eeggannoo koovid-19 tiin walqabatan ofkeessatti hammata.

i) Akkaataa Buufataaleen Galmee Ittiin Qophaa'an


Hojiwwan galmee filattootaatiin walqabatan kamiyyuu ilaalchisee dhumni raawwii hojichaa haala iddoon galmee filattootaa ittiin qophaa'e irratti hundaa'a. Taajjabdoonni Gamtichi bobbaase akkaataa guutuu biyyattii iddoowwan adda addaatti bakka filattoonni itti galmaa'an ittiin qophaa'e ilaalchisee agarsiiftuuwwan adda addaatiin waantota walqabatan gabaasaniiru. Gabaasaalee 1209 funaanamanii xiinxalaman keessaa, akka taajjabdoonni Gamtichi bobbaase gabaasanitti, haala deemanii yeroodhaan achi ga'uu ilaalchisee duraa-duubaan: buufataaleen filannoo harki caalu, kaan isaanii (22.7) baay'ee salphaadha; kaan isaanii (72.6) hanga tokko salphaadha. Akka taajjabdoonni jedhanitti, galmeen filattootaa waantota adda addaa keessatti adeemsifame. Isaanis, mana keessatti (75.2%), dukaana keessatti (9.2%), alatti (12.7%) fi iddoowwan birootti (3%) adeemsifame. Argannoon baay'ee murteessaa ta'e inni gara biraa, buufataaleen filannoo hedduun isaanii bakka itti galmeessuuf seeraan heyyamamaa ta'etti argamu. Gariin isaanii garuu, mana nama dhuunfaatti (iddoowwan taajjabaman keessaa 21), bakka paartiilee siyaasaa (iddoowwan taajjabaman keessaa 10), buufataalee poolisii (iddoowwan taajjabaman keessaa 3); akkasumas, kaampii waraanaa (iddoowwan taajjabaman keessaa 3) bakka seeraan heyyamamaa hintaanetti argamu.

Argannoowwan biroon galmee filattootaa filannoo ji'a Waxabajjiitiin walqabatan haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru:

- Buufataalee filannoo taajjabaman 12% keessatti, qaama-miidhamtoonni ykn namoonni bakkaa-bakkatti sosocho'uu hin dandeenye (maanguddoonni, namoonni daa'imman xixiqqoo baatan, kkf) deeggarsaan malee kophaa isaanii buufata filannoo seenuu hin danda'ani.
- Akka Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa ibsetti, buufataaleen filannoo hundi gaaddisa aduufi bokkaa filattootarraa ittisu wayii nibarbaachisa. Haata'u malee, buufataalee filannoo jiran keessaa 57% gaaddisa filattootarraa aduufi bokkaa ittisu kana hin qabne dhibbentaan caalu baadiyyaatti argama. Innis kan baadiyyaa 63% yoo ta'u, kan magaalaa immoo 54% gaaddisa wayiituu hin qabani.
- Qajeelfama Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa baaseen waanti walsimatu, buufataalee filannoo 71% ol kessatti yoo xiqqaate raawwachiiftota filannoo saditu argama. Dabalataanis, gabaasaaleen taajjabdoota Gamtichi bobbaase akka agarsiisutti, iddoowwan galmeen filattootaa itti adeemsifaman 930 keessatti dubartiin raawwachiiftuu filannoo taate yoo xiqqaate dubartiin takka ni argamti. Fakkeenyaaf, taajjabbii Gamtichaa keessaayis raawwachiiftoonni filannoo harki 77% dubartootadha.
- Gara namoota qaama-miidhamtoota ta'aniitti yoo deebinu, karaa biraatiin, adeemsa galmee filattootaa keessatti akka raawwachiiftota filannootti hirmaannaan isaan buufataalee filannoo keessatti qaban baay'ee gad-aanaa ta'uusaa Gamtichi taajjabbii isaatiin hubateera. Taajjabdoonni akka gabaasanitti, iddoowwan Gamtichi taajjabe harka 95.4% keessatti qaama-miidhamtoonni raawwachiiftota filannoo ta'anii hojjetan hin jirani.

- Buufataalee filannoo taajjabdoonni Gamtichi bobbaase taajjaban hedduu isaanii keessatti, meeshaaleen filannoo baay'inaan ni jiru. Haata'u malee, taateewwan 40 irratti paadiin haalluu qubaan tuqanii ittiin mallatteessan akka hin jirre taajjabdoonni Gamtichaa gabaasaniiru. Kana malees, taateewwan 16 fi 12 irratti duraa-duubaan, joornaalli buufataalee filannoofi uunkaaleen ragaalee kan hin jirre ta'uu isaanii taajjabdoonni kunniin gabaasaniiru.

Wayita Galmee Filannootti Iddoowwan Do'ataman Keessatti Meeshaalee Filannoo Hinjirre



II) Adeemsaa fi Hirmaannaa Yeroo Galmee Filattootaa

Adeemsaafi seera filannoo guutanii argamuun dirqama akka ta'e labsii seera filannoofi dambiiwwan walsimatan keessatti tumameera. Kunis agarsiiftuu ijoo qulqullina hojmaata galmee filattootaati. Ulaagaalee ijoon adeemsa galmee filattootaa: eenyummaa filataa mirkaneessuu, adeemsa filannichaa jeequmsarraa bilisa taasisuu, meeshaaleefi raawwachiiftunni filannoo ga'aan jiraachuu, odeeffannoowwan filattootaa guutuu qixa sirrii ta'een galmee filannoo irratti galmeessuufi adeemsa kaardii filannoo namoota filachuu danda'aniif ittiin kennan; akkasumas, adeemsi wayita galmeen filattootaa adeemsifmu komiin ittiin keessumsii famu hundi cheekliistii taajjabbii CECOE keessatti hammatamaniiru. Walumaagalatti, adeemsi galmeen filattootaa ittiin raawwatamu seera Boordii Filannoo baaseen walsimachuu qaba. Haata'u malee, sababa galmeen raawwatamuu dhabeeff iddoowwan akka: Naannoo Beeniishaangul Gumuz keessatti godinoota Matakaliifi Kamaashii; iddoowwan galmeen filattootaa itti addaan cite, fakkeenyaaf, Naannoo Sumaalee keessattii fi guutummaa biyyattiitti sababa odeeffannoo dhabuutiin hir'inoonni ni jiru. Qabxiileen armaan gadii argannoowwan adeemsa galmee filattootaatiin walqabatan yoo ta'an; kunis, taajjabbii taajjabdoonni Gamtichi bobbaase buufataalee filannoo galmee filattootaa adeemsisan 1, 209 keessatti taasisanidha.

III) Buufataalee Galmee Filattootaa Seenuu Danda'uu

Buufataalee galmee filattootaa seenuu danda'uu – namoonni filachuuf beekkamtiin kennameefii mirga guutuu qaban buufata filannoo isaanii bilisa ta'anii seenuu danda'uun agarsiiftuu ijoo dhugummaafi iftoomina adeemsa filannichaati. Iddoowwan galmee taajjabdoonni Gamtichi bobbaase taajjaban harki 96% taajjabdoota, gaazexeessitootaaf bakka-buutota paartiilee siyaasaa akka isaan buufata filannootti hin seenne hin daangessine. Haata'u malee, iddoowwan Gamtichi fakkenya fudhate keessaa bakka 44 (3.6%) keessatti taajjabdoonni, gaazexeessitoonni fi bakka-buutonni paartiilee siyaasaa akka ol hin seenne dhorkamaniiru. Iddoowwan galmeen filattootaa itti adeemsifamaa ture 1209 keessaa bakka 1163 (96%) keessatti taajjabdoonni Gamtichi bobbaase guutumaan guututti olseenanii taajjabuu danda'aniiru. Iddoowwan 44 keessatti garuu gamisni akka taajjaban kan heyyamameef yoo ta'u, bakka saditti garuu taajjabdoonni seera-qabeessa ta'an akka bakka galmeen filattootaa itti adeemsifamutti olseenanii hin taajjabne guutummaatti dhorkamaniiru. Gareewwan taajjabdootaa biroonis iddoowwan 498 ykn bakka harka 41% ta'anitti argamuun adeemsa galmee filattootaa taajjabaniiru. Haata'u malee, iddoowwan 710 (59%) keessatti taajjabdoota Gamtichi bobbaase qofaatu adeemsa galmee filattootaa taajjabe. Bakka-buutota paartiilee siyaasaatiin walqabatee argannoo murteessaan tokko, iddoowwan galmeen filattootaa itti adeemsifame harka caalu, bakkeewwan 1209 keessaa 967 (80%) keessatti bakka-buutonni paartiilee siyaasaa adeemsa galmee filattootaa taajjaban achitti hin argamne. Iddoowwan galmeen filattootaa itti adeemsifamaa ture 94 tti immoo bakka-bu'aan paartii siyaasaa tokko tokko argamaniiru. Bakkeewwan 147 tti immoo bakka-buutonni paartii siyaasaa lama ykn lamaa-ol ta'an argamaniiru.

IV) Sagantaa Galmee Filattootaa

Iddoowwan galmee filattootaa itti adeemsifamaa ture bakka hedduutti galmee filattootaa yeroodhaan jalqabame. Gabaasni taajjabdootarraa dhiyaate akka agarsiisutti, iddoowwan galmee filattootaa 1,209 keessaa 1,160 kan ta'an ganama sa'aatii 3:30 dura galmee eegalani. Iddoowwan hedduu galmee filattootaa itti adeemsifame kanneen keessaa, iddoowwan 582 ganama sa'aatii 2:30 dura banamani. Kunis ulaagaa seera Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa baase hordofuun kan raawwatamedha. Iddoowwan 578 immoo galmee kan eegalan ganama sa'aatii 2:30 hanga 3:30 tti. Iddoowwan shanitti immoo galmee filattootaa galgala keessaa hanga sa'aatii 12:00 tti hin eegalamne. Kunis taatee baay'ee yaadessaa galmee filattootaa dandeedha. Haaluma walfakkaatuun, iddoowwan 928 (75.1%) keessatti daqiiqaa 30 oliif galmee addaan hin cinne. Haata'u malee, galmee filattootaa iddoowwan 63 tti addaan kan cite yoo ta'u; sababii bokkaan roobeef iddoowwan 36 tti; meeshaaleen filannoo waan hanqataniif iddoowwan 6 tti; sodaa nageenyaatiif iddoowwan 5 tti; akkasumas, sababa hin beekameef iddoowwan 16 tti galmee filattootaa addaan citeera. Iddoowwan galmee filattootaa itti adeemsifame harka 96% keessatti bakki galmee itti adeemsifamaa ture sa'aatii 11:30 dhaan dura ykn hanga 12:00 tti akka cufamu taajjabdoonni gabaasaniiru. Haata'u malee, iddoowwan 54 keessatti namoonni galmaa'uuf fedhan dursanii waan hiriiraniif sa'aatii 12:00 booddee illee galmee akka itti fufe taajjabdoonni gabaasaniiru.

V) Galmee Filattootaa Sirna Adeemsaa Eeggatee Raawwatamuu

Iddoowwan galmee filattootaa harka 98% ta'an keessatti – jechuun, iddoowwan 1209 keessaa bakka 1190 taajjabamanitti, odeeffannoowwan filattootaa qixa sirrii ta'een galmee filattootaa irratti akka galmaa'an taajjabdoonni Gamtichi bobbaase gabaasaniiru. Haata'u malee, iddoowwan galmee kanumaan walqixa ta'an, iddoowwan 1209 keessaa bakka 1200 (99%) tti filattootaaf kaardiin filannoo kan kenname erga galmeeessanii xumuranii boodadha. Haata'u malee, adeemsi filataa galmeeessuu hiikni isaa callisaniituma namoota galmeeessuu jechuu miti; galmeeessuu jechuun, nama ulaagaalee filannoo guutee filachuu danda'u akkaataa seerotaafi qajeelfamoota filannootiin adda baasuun galmeeessuu jechuudha. Iddoowwan taajjabdoonni Gamtichi bobbaase taajjaban 123 keessatti, sababa waraqaa eenyummaa jiraataa naannichaa ta'uu agarsiisu hin qabneef yoo xiqqaate dubartiin tokko filachuuf hin galmoofne. Haata'u malee, sababa ulaagaalee armaan olitti eeraman hin guunneef, iddoowwan galmee filattootaa 143 keessatti yoo xiqqaate dhiirri tokko filachuuf hin galmoofne. Kunniin fakkeenya iddoowwan galmee qajeelfama Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa baase qixa sirrii ta'een hojjiirra oolchanidha. Haata'u malee, iddoowwan 47 namoonni galmaa'uuf dhufaniif ulaagaalee barbaachisu guutan dhorkamanii ofirra deebi'aniiru. Dabalataanis, iddoowwan 35 tti namoonni filachuu fedhan osoo waraqaa eenyummaa jiraataa naannichaa ta'uu isaanii hin mirkaneessin galmaa'aniiru.

VI) Hojjettoota Iddoowwan Galmee Filattootaa Itti Adeemsifamutti Nageenya Kabachiisan

Dhimmi biraan adeemsa galmee filattootaa keessatti Gamtichi taajjabe jiraachuu qaamolee nageenyaa, sadarkaa isaan irratti argamaniifi naamusa isaan ittiin qajeelfama hordofanii dirqama isaanii ba'atanidha. Seerri filannoo ifaan-ifatti akka ibsutti, bakka galmee filattootaa itti adeemsifamu hundatti qaamoleen nageenyaa lama lama mooraa galmee keessatti adeemsifamuun alatti buufatanii argamuu qabu jedha. Kunis kan yaadame nageenya filattootaa, raawwachiiftotaafi meeshaalee filannoo mirkaneessuufidha. Haata'u malee, gabaasaaleen taajjabdootarraa funaanaman akka ibsanitti, iddoowwan galmee itti adeemsifamaa ture 1208 keessaa adeemsa galmee filannoo keessatti naannoo galmee itti adeemsifamaa ture 733 (61%) qaamoleen nageenyaa hin jirani. Dabalataanis, qaamoleen nageenyaa bakka itti argamanitti mooraa galmee filannoo keessatti adeemsifamu keessa yeroo 93% ta'u qaamoleen nageenyaa ol hin seenani; yookin immoo wayita itti-gaafatamaan buufata galmee filannoo sanaa wayita akka seenan gaafate qofa seenu. Haata'u malee, iddoowwan 31 tti adeemsi ture seera filannootiin walfaalleessa. Kunis, qaamoleen nageenya eegsisan akkuma fedhanitti bakka galmee filattootaa itti adeemsifamaa jiru keessatti olseenu.

VII) Seera Eeggannoo Kooviid-19 Guutanii Argamuu

Filannoon Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaan wayita vaayirasiin koronaa Kooviid-19 addunyaa guutuu weeraree jirutti adeemsifame. Sababii kanaaf, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa iddoowwan galmee filattootaa itti adeemsifamutti eeggannoowwan taasifamuu qabaniif kallattii kaa'eera. Akkaataa kallattii Boordichi kaa'etiin, Gamtichi

sadarkaa hojiirra oolmaa qajeelfama eeggannoo Kooviid-19 taajjabeera. Kallattiin Boordichaan kaa'ame meeshaaleen ittisa Kooviid-19 hundi isaanii buufata galmee filattootaatti argamuu qabu jedha. Buufataalee galmee filattoota hedduu keessatti meeshaaleen ittisa Kooviid-19 kanneen akka aguuggii afaaniif-funyaanii; akkasumas, saanitaazeriin haala ga'aa ta'een jiraatanillee, buufataaleen galmee filattoota 52% ta'an garuu waan harka ittiin dhiqatan akka hin qabne Gamtichi taajjabbii taasiseen mirkaneeffateera. Buufataalee galmee filattoota 60% ta'an keessatti raawwachiiftonni filannoo Aguuggii harkatti kaawwatan akka hin qabne Gamtichi taajjabbii taasiseen mirkaneesseera. Aguuggii afaaniif-funyaanii uffachuu ilaalchisee, raawwachiiftonni filannoo 13% ta'an aguuggii afaaniif-funyaanii kan hin godhanne ta'uu isaanii taajjabbii taasiseen Gamtichi mirkaneesseera. Lammiilee galmee dhufan ilaalchisee, namoonni galmaa'uuf dhufan iddoowwan 23% keessatti aguuggii afaaniif-funyaanii homaatu akka hin godhanneef iddoowwan 48% keessatti immoo gamisaan kan godhatan ta'uu isaanii taajjabdoonni gabaasaniiru.


Haala Filannoon-Dura Ture

Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa kan ji'a Waxabajjii Fulbaanaa lamaanuu ilaalchisuun, gamaaggamni Gamtichi haala adeemsa filannoo lameeniin-duraa hanga guyyaa filannichaatti jiru irratti taasise citawwan afuritti qoqqoodamuudhaan akkaataa armaan gadiitiin dhiyaateera. Haata'u malee, gabaasni argannoowwan taajjabdoota haala filannoo ji'a Fulbaanaatiin-duraa irraa argame Gamtichi xiinxala kanatti kan dabale ta'ullee, waanti hubatamuu qabu garuu, Gamtichi taajjabdoota filannoon-duraa kan bobbaase galmee filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame qofaa irrattidha. Xiinxalli argannoowwan galmee filannoo ji'a Fulbaanaatiin duraa ilaalchisee taasifame kuni giddugala hordoffii miidiyaaleefi sakatta'insa barreeffamoota adda addaa taateewwan jajjaboo galmee filannoo ji'a Fulbaanaa ibsan irraa kan argamedha.

Duula Filannoo fi Uwwisa Miidiyaa

Taajjabbii filannootti dabaluud El-Test wish Good luck with your exam! haan, Gamtichi Garee Hordoffii Meediyaa taasisu hondeesseera; gareen kunis aguuggii miidiyaaleen adeemsa filannoo lameen ji'a Waxabajjii, 2013fi Fulbaanaa, 2014 adeemsifaman ilaalchisee hordoffii miidiyaalee taasisaniiru. Gabaasni kunis argannoowwan gareen hordoffii miidiyaa taasise kuni gabaase cuunfee nuuf dhiyeessa. Ilaalcha mirga filattootni odeeffannoo argachuuf qaban utubuuf yaadameen, mirgi kaadhimamtootni odeeffannoo kennuuf qabaniifi mirgi walabummaa yaadaa ilaalchisuun; paartiilee siyaasaa, barumsa filattoota fi haala waliigalaa duula filannoofi walfalmiiwwan siyaasaa gidduutti dirree taphaa miidiyaa akka hordofan Gamtichi garee ogeessota mii diyaa tokko bobbaaseera.


Gareen Hordoffii Miidiyaa fakkenya ittiin miidiyaa hordofu fayyadamuudhaan dhimmoota akka hordoftoota miidiyaa, dhimmoota seeraafi af-daneessummaa televizhiiniiwwan mootummaa fi dhuunfaatiin tamsa'an hordofa. Haaluma kanaan, gareen kuni walumaagalatti televizhiiniiwwan torba hordofe. Uwwisa hordoffii televizhiiniiwwan filatamanii keessatti duulli filannoo adeemsifamaa ture akka ibsutti Televizhiiniin Naannoo Oromiyaa(OBN) duula filannootiif yeroo bal'aa kennee hojjechaa kan ture yoo ta'u, Televizhiiniin Faanaa sadarkaa lammataa irratti aguuggii yeroo bal'aa kennee duula filannoo tamsaasaa ture.



Hordoffiin miidiyaa taasifames walmakaa mala qorannoo qulqulleeffannaafi lakkoofsaan ibsuu fayyadamuun yeroon kaadhimamtootaafi paartiilee siyaasaatiif kenname xiinxalame. Kunis qaama ijaarsaa Gabaasa Xumuraa Garee Hordoffii Miidiyaa CECOE kan Gareen Hordoffii Miidiyaa qindeessee maxxansedha.²¹


Gareen Hordoffii Miidiyaa adeemsa hordoffii miidiyaa taasise keessatti uwwisa sagantaalee taasifamanii xiinxalee jira. Kunis, akka keeyyata armaan gadii keessatti dhiyaatetti, miidiyaalee garee kanaan hordofaman keessatti, uwwisa baay'ee bal'aa kan argate sagantaa Oduuti. Uwwisni sagantaa walfalmii paartiilee siyaasaa gidduutti taasifamaa ture garuu sagantaa uwwisa bal'aa argachuun sadarkaa lammaffaa irratti argamudha.

Uwwisa Miidiyaa Akkaataa Gosa Sagantaatiin



Wayita miidiyaaleen kunniin hordofamaa turanitti, Gareen Hordoffii Miidiyaa CECOE waanti hordofaa ture: hanga uwwisa miidiyaan dhimmoota adda addaatiif taasise; kunis, dhimmoota diinagdee, 'IDPs', siyaasaa, taajjabdoota idil-addunyaa, fi kkf. fa'adha. Argannoon hordoffii miidiyaa kunis akka agarsiisutti, duulli filannoo adeemsifamaa ture dhimmoota birootiin olitti uwwisa miidiyaa baay'ee bal'aa ta'e argateera. Uwwisni miidiyaa qophii filannoof taasifamuuf kenname immoo sadarkaa lammataa irratti argama.


uwwisa Miidiyaa Akkaataa Matadureetiin



21 Gabaasa Hordoffii Miidiyaa Gamtichaa toora internetii kana irratti argachuun ni danda'ama: bit.ly/3KL75jx


Falmii paartiilee siyaasaatiin walqabatee, miidiyaaleen gara garaa 11 falmiiwwan paartiilee siyaasaa gidduutti taasifame 27 tamsaasaniiru. Falmiiwwan kunis kan adeemsifame yoo xiqqaate paartiilee siyaasaa 12 gidduutti. Paartiileen siyaasaa falmicha keessatti hirmaatan baay'ina kaadhimamtootaa paartileen kunniin filannichaaf dhiyeeffatan bu'uureffachuudhaan filatamani. Tibba duula filannoo sagantaawwan muraasni: gabaasa, af-gaaffiifi mariin adda addaa tamsaasamaa turaniiru.

Jaarmiyaaleen uwwisa miidiyaa argatan, kanneen akka paartiilee siyaasaafi mootummaan naannoleefi dhaabbileen mootummaa kanneen biroon Sagantaawwan isaaniif hojjetaman ilaalchisee hunda caala Paartiin Badhaadhinaa carrichatti sirriitti waan itti fayyadameen sagantaa filannoowwan lamaanii ji'a Waxabajjiifi Fulbaanaa keessa raawwatan irratti sagantaa hojjetameef paartichi itti gammadeera.



Dabalataanis, Gareen Hordoffii Meediyaa, miidiyaalee hawaasaa kanneen akka fuula feesbuukii paartiilee bebbeekamoo sagalii hordofuu keessattis kan hirmaatan yoota'u; kunis, wayita duula filannoo adeemsisaa turanitti, Guraandhala 15 eegalee filannoon ji'a Fulbaanaa 20, 2014 hanga adeemsifamuttidha. Kunis barbaachisummaa feesbuukiin duula filannoo keessatti qabu sakatta'uuf; akkasumas, mata-dureewwaniifi seenessa fuula feesbuukii paartilee kanneenii irratti tamsa'an murteessuuf kaayyeffatee waan hojjetamedha. Odeeffannoon Gareen Hordoffii Meediyaa qindeessan akka agarsiisutti, paartileen saglan waliigalatti yeroo olitti eerame kana gidduutti barreeffamoota 1,222 feesbuukiin gadi-dhiisaniiru. Kunis giddugaleessaan guyyaatti barreeffamoota 16 feesbuukii paartilee saglan kanaatiin ni maxxanfamu.

Maxxansaalee Feesbookii Paartilee Siyaasaa



Bilisummaa Filattotaa, Raawwachiiftota Filannoo fi Qooda Fudhattoota Biroo Yookiin Sodaachisuu Fi Doorsisuu Isaan irra Gahe Ilaalchisee

Wayita yeroo filannoon-dura jiruu, biyyattii keessatti kaadhimamtootaaf, filattootaaf, miidiyaaf, hawaasa idilee shoora taphachuu danda'aniif; akkasumas, dhimmamtoota biroo hidhata qabaniif sadarkaa dirreen hawaasummaa banaa itti ta'e iftoomina, hammattumma fi itti-gaafatamummaa filannichi qabu irratti agarsiiftuu garmalee cimaa ta'uun tajaajila. Seer-qabeessummaan adeemsa filannoo tokkoo, sadarkaa filannichi filattoota, raawwachiiftota filannoo fi dhimmamtoota biroo irratti dhiibbaa uumuu danda'uun madaalama. Kana hubachuudhaan, adeemsa filannoon-duraa keessatti Gamtichi sakatta'insa barreeffamoota duraan jiranii xiinxaleera. Akkasumas, Garee Hordoftoota Miidiyaatti fayyadamuu, taajjabdoota filannoon-duraa gara naannolee Hararii, Sumaalee fi bulchiinsa mootummaa naannoo Sabaa fi Sablammoota, Ummattoota Kibbaatti filannoo ji'a Fulbaanaatiif bobbaasuun daran barbaachisaa ture.

Odeeffannoon wayita filannoon ji'a Fulbaanaa adeemsifamu finaaname akka agarsiisutti, paartiilee siyaasaa, dhaabbilee hawaasa siivilii ykn gaazexeessitootaafi dhaabbilee miidiyaa naannoo taajjabdoonni itti bobbaafaman keessa turan: yaaddoon nageenyaa, miidhaan geessifamee fi balaan isaanirra dhaqqabe tokkollee hin jiru. Dabalataan, yaaddoon nageenyaa filattootaafi raawwachiiftota filannoorra ga'e tokkollee akka hinturres taajjabdoonni gabaasaniiru.

Haata'u malee, odeeffannoon Garee Hordoffii Miidiyaa fi sakatta'insa barreeffamootaa Gamtichi taasiseen funaanname akka ibsutti, Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa irratti paartiileen siyaasaa fi gaazexeessitoota rakkoowwan isaan mudachaa tureera. Adaduma filannoo ji'a Waxabajjii dhiyaachaa deemuun, guutummaa biyyattii iddoowwan hedduu keessatti doorsisaafi haleellaawwan hedduun paartiilee siyaasaafi gaazexeessitootarra dhaqqabaa akka ture gabaafameera Guraandhala 6, 2013 Bishooftutti; akkasumas Ebla 13, 2013 Ifrataafi Gidim keessatti hoggantootni Iizeemaa dameewwan ardaa sanaarratti ajjeechaan raawwate filannoo Itoophiyaa bara 2013 irratti taateewwan mul'atan keessaa fakkeenya guddaa haleellaa miseensota jajjaboo paartiilee siyaasaa irratti xiyyeeffateeti. Kana malees, miseensi Paartii Sochii Biyyaalessaa Ummata Amaaraa tokko Gondor keessatti Ebla 14, 2013 akka ajjeefame; akkasumas, kaadhimamaan mana maree naannoo miseensa paartichaa ta'e tokkos Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Beeniishaangul Gumuz Godina Matakkaal keessatti Ebla 1, 2013 akka ajjeefame gabaafameera. Kaadhimamaan Paartii Dimokiraatawaa Boroo tokkos Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Beeniishaangul Gumuz Godina Matakkaal keessatti Adoolessa, 2013 ajjeefameera. Kunis haala nageenya naannichaa yaaddoo keessa galcheera.

Adaduma filannoon dhiyaachaa deemuun, dirreen siyaasaa bal'achuun hafee, hidhamuun hoggantoota paartiilee siyaasaa, kaadhimamtoota filannichaafi gaazexeessitootaa hammaachaa akka deeme Gamtichi taajjabeera. Fakkeenyaaf, Raadiyoo Sagalee Ameerikaatiin akka gabaafametti, gaggeessaan paartii Sochii Federaalawaa Dimokiraatawaa Oromoo qawwee qabda jedhamee himatamuudhaan ji'a sadiif akka hidhamu waan itti murtaa'eef, paarlaamaaf dorgomuuf yeroon galme

Boordiidhaan murtaa'e jala darbee ture. Kana malees, bulchiinsa naannoo Sabaaf Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa keessatti kaadhimamtoonni dhuunfaa lama ardaa Meskan Maareqootti naannolee filannoo lama keessatti dorgoman sababa hin beekkamneen kan hidhaman yoo ta'u, boodarra garuu tattaaffii Boordiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa taasiseen hiikkamaniiru. Hidhamuun hoggantoota olaano paartii Kongireesii Federaalistii Oromoo akka paartichi filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame dhiisee keessaa ba'u waan taasiseef; kunis, buufataalee filannoo Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti argamanitti Paartiin Badhaadhinnaa kophaasaa akka dorgomaa ta'ee dhiyaatu carraa uumeefii jira. Taateen kuniif taateewwan biroo hedduun dirree siyaasaa bal'isuu irratti waantonni fooyya'uu qaban hedduun akka jiran ni akeeku. Qulqullina filannoowwan itti aananii fooyyessuuf waantota kanneen irratti cimsanii hojjechuun akka barbaachisu Gamtichi sirriitti amana.

Taajjabbii Guyyaa Filannoo

Seensa

Kutaan kuni filannoo si'a lamaanii, ji'a Waxabajjii, 2013 fi Fulbaana, 2014 adeemsifame ilaalchisuun argannoowwan taajjabbii guyyaa filannoo Gamtichi taasise cuunfee gabaabsuudhaan nuuf dhiyeessa. Haaluma kanaan, Gamtichi chekliistii taajjabbii fi uunkaa taateen balaa hamaa irratti guuttamu qopheessudhaan adeemsi waliigalaa guyyaa filannoo kabajamuusaa mirkaneessuuf taajjabbii taasiseera. Cheekliistiin kunis gaaffilee adeemsawwan guyyaa filannoo hordofamuu qaban adda addaa ofkeessatti hammata. Adeemsawwan chekliistii kanaan sakatta'amanis: taajjabdoonni buufataalee filannoo ga'uu isaanii, buufataaleen filannoo banamuu isaanii, haala kenniinsa sagalee, akkaataa buufatni filannoo ittiin qopheeffame, cufamuu buufata filannoo fi adeemsa lakkaawwii sagalee of keessatti hammata. Kana malees, taajjabdoonni uunkaa guyyaa filannoon adeemsifamu balaa hamaan yoo mudate irratti guuttamu fudhataniiru. Kunis waanta bu'aa filannichaa jijjiiruu danda'u, waanta humnaa olii yoo ta'edha. Guyyaa filannichaa guutuu, raawwachiiftonni filannoo buufataalee filannoo ga'uu isaanii, banamuufi sirreeffamuu buufataalee filannoo, haala kenniinsa sagalee lakkaawwii bu'aa sagalee ilaalchisuun taajjabdoonni Gamtichi bobbaase gabaasaa oolani. Filannoowwan ji'a Waxabajjiifi ji'a Fulbaanaa adeemsifaman gidduutti balaawwan hamaa dhaqqabaa turaniifi guca qophaa'e irratti guutaman hedduun Gamtichi harka ga'eera. Kunis rakkoowwan ulfaataa ta'an akka jiran kan akeeku yoo ta'u, hoggansi filannoofi dhimmamtoonni biroon filannoowwan itti aanan keessatti fooyyessuu akka qaban Gamtichi jabeesseetu dhaama.

Yeroo Taajjabdoonni Buufataalee Filannootti Argaman

Sa'aatii Raawwachiiftonni Filannoo Buufataalee Filannootti Argaman

Seerri filannoo Itoophiyaa buufataaleen filannoo ganama barii sa'aatii 12:00 irraa eegalee kenniinsa sagaleetiif banaa ta'uu qaba jedha. Sa'aatii kana kabajuun hojiirra oolchuufis raawwachiiftonni filannoo Boordiin Filannoo Itoophiyaa ramade sa'aatii 12:00 dursanii yeroodhaan achitti argamuutu irraa eegama.²² Raawwachiiftonni filannoo dursanii subiidhaan buufata filannoo qopheessuuf achi ga'uu isaanii madaaluuf, Gamtichi taajjabdoota bobbaase akka isaan barii subii sa'aatii 11:30 tti buufata filannoo itti ramadaman ga'anii akka taajjaban qajeelfama itti kenneera. Yeroo jedhame kanatti buufata filannichaa akka ga'anii buufata filannichaa seenaniin haala jiru gabaasa ni godhu.


Filannoowwan ji'a Waxabajjiifi Fulbaanaa gaggeeffaman lamaan keessatti, buufataalee filannoo harka caalu keessatti, raawwachiiftonni filannoo yeroodhaan dhufuudhaan buufata filannichaa bananii filannoof akka qopheessan taajjabdoonni Gamtichi bobbaase gabaasaniiru. Filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame irratti, taajjabdoonni harki 93% akka gabaasanitti, wayita isaan bakka buufataalee filannoo ga'anitti, raawwachiiftonni filannoo dursanii achi ga'uun buufata filannichaa qopheessaa akka turan himu. Haaluma walfakkaatuun, filannoo ji'a Fulbaanaa, 2014 adeemsifameen, wayita taajjabdoonni Gamtichi bobbaase achi ga'an raawwachiiftonni filannoo buufataalee filannoo harka 98% keessatti dursanii akka argaman gabaasaniiru.

22 Labsii/Seera Filannoo Itoophiyaa Lakk. 1162/ 2011, Keewwata 49


Buufataalee Filannoo Seenuu

Gaaffii lammaffaan dhimma kana irratti taajjabdoonni gaafataman, baajii fi beekkamtii Boordii Filannoo Itoophiyaa kenneef waan qabaniif, bakka itti ramadamanitti buufataalee filannoo seenanii taajjabuuf heeyyama argachuu fi dhabuu isaanii ilaalchiseeti. Wayita filannoo ji'a Waxabajjii fi Fulbaanaa adeemsifaman irratti, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase duraa-duubaan harki 97% fi 98% yeroo lameenuu buufataalee filannoo itti ramadaman seenanii taajjabuuf heeyyama argataniiru. Lakkoofsi kunis garmalee olka'aa waan ta'eef abdachiisaadha. Buufataalee filannoo muraasa keessatti garuu sababa eeggannoo vaayirasii koronaa, Kooviid-19 tiin buufaticha gadi dhiisanii akka ba'an taasifamuu isaanii taajjabdoonni Gamtichaa muraasni gabaasaniiru. Giraafiin armaan gadii sadarkaa buufataalee filannoo seenanii taajjabuun ganama saaqumsaa eegalee hanga cufaati buufatichaatti taajjabdoota Gamtichi bobbaaseef heeyyamameef gabaabsee nuuf dhiyeessa.

Buufata Filannoo Argamuu Ilaalchisee(Waxabajjii)



Buufata Filannoo Argamuu Ilaalchisee(Fulbaana)



Walumaagalatti, Gamtichi Boordii Filannoo Itoophiyaa, taajjabdoota bobbaafneef baajii beekkamtii ittiin buufataalee filannoo seenanii taajjaban kennuu isaatiif; akkasumas, raawwachiiftota buufataalee filannoo, baajii beekkamtii Boordichi kenne kabajuun akka taajjabdoonni Gamtichi bobbaase buufataalee filannoo seenanii adeemsa filannichaa taajjaban, haala jiru, adeemsa kenniinsaafi lakkaawwii sagalee akka gabaasan heeyyamuu isaaniitiif Gamtichi ni galateeffata. Haata'u malee, Gamtichi adeemsa taajjabdootaaf beekkamtii kennuu keessatti mudoowwan ulfaataa ta'an adda baafateera. Isaanis: barfatani beekkamtii kennuu-kunis kutaa mudoowwanii jalatti gabaasa kanaan kan ibsaman yoo ta'u, innis lakkoofa taajjabdoota bobba'uu qabani garmalee gadi buuseera. Haata'u malee, baajii kan qaban ta'ullee, wayita filannoon si'a lamaanuu Waxabajjii Fulbaana keessa adeemsifamaa turetti, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase darbee darbee buufataalee filannoo akka hinseenne haalli itti dhoowwamaa turan ni jira. Fakkeenyaaf, wayita filannoo ji'a Fulbaanaa, bulchiinsa mootummoota naannoo sadan filannoo adeemsisanii keessatti taajjabdootni baajii beekkamtii Boordichi kenneef qaban buufataalee filannoo seenanii adeemsa filannichaa akka hin taajjabne, haala kenniinsaafi lakkaawwii sagalee akka hingabaasne dhorkamuun isaanii gabaafameera.

Yeroon Banamuu Buufataalee Filannoo

Akkaataa seera filannoo Itoophiyaatti, buufataaleen filannoo ganama barii sa'aatii 12:00tti²³ saaqamuun kenniinsa sagaleetiif banaa ta'uu qabu. Kunis osoo aduun dhiyee galgala sa'aatii 12:00tti buufatichi hin cufamin filattoonni sagalee isaanii kennuu akka danda'an carraa kennuufidha. Kunis qajeelfama murteessaa akka buufataaleen filannoo guyyaa guutuu hanga filattoota 1,500 ta'an sagalee kennisiisuu danda'an qajeelchudha. Dabalataanis, jeequmsi yeroo saaqamuu fi cufamuu buufataalee filannootiin walqabatu kamiyyuu filachuufi filachuu-dhabuu namoota filachuuf galmaa'aniifi barii ganama sa'aatii 12:00 hanga galgala sa'aatii 12:00 gidduutti mirga filachuu qabaniitiin kallattiidhaan walqabata.

Akkaataa gabaasa taajjabdoota 2,116 (98%) irraa funaanamaniitiin, buufataaleen filannoo ganama sa'aatii 1:00tti filattootaaf banaa ta'eera. Haaluma walfakkaatuun, filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame keessatti taajjabdoota bobbaafaman keessaa 927 (98) akka mirkaneessanitti, buufataaleen filannoo ganama sa'aatii 1:00tti filattootaaf banaa ta'u. Kunis filannoowwan ji'a Waxabajjii fi ji'a Fulbaanaa keessatti waanta nama onnachiisu yoo ta'u, adeemsa sagalee kennuu keessatti rakkoon Gamtichi adda baafate tokko buufata qubattootaa Qoollojjii IDP Naannoo Sumaaleetti argamu keessatti qophiin filannoof taasifamu hanga ganama sa'aatii 1:00tti kan itti-fufe yoo ta'u, buufataaleen filannoos hanga sa'aatii 1:00tti waan hin saaqamnef sagalee kennuunis hin eeglamne. Akka garee taajjabdoota addaa Gamtichi buufata qubannaa IDP tti bobbaase gabaasanitti, duubatti-harkifannaan saaqamuu buufataalee filannoo kanneenii hanqina dandeettii raawwachiiftota buufataalee filannoo kanneeniitiin kan walqabatedha. Raawwachiiftonni filannoo kunniinis buufataalee filannoo 41, buufata qubannaa IDP tti kanneen ramadaman akka ta'anis taajjabdoonni gabaasaniiru.

Labsiin Filannoo Itoophiyaa, buufataaleen filannoo barii sa'aatii 12:00tti saaqamanii filattootaaf banaa ta'uu qabu jedha. Haaluma kanaan, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase yeroo buufataaleen filannoo itti saaqamanii fi saaqumsa irratti haala naannichaa gabaasaniiru. Filannoo ji'a Waxabajjii keessa adeemsifame ilaalchisee akka gabaasni saaqumsa buufataalee filannoo irratti dhiyaate ibsutti, buufataaleen filannoo 2,116 (98%) wayita ganama keessaa sa'aatii 1:00 ta'utti saaqamaniiru. Iddoo itti argaman ilaalchisee, buufataalee filannoo taajjabaman keessaa 92 (4%) bakkeewwan seera Boordii Filannoo Itoophiyaatiin dhorkaa ta'an kanneen akka buufata poolisii, kaampii waraanaa fi waajjira paartii siyaasaa keessatti argamu.

Dabalataanis, guyyaa filannoon itti adeemsifamu guyyoota afuriin dura paartiileen siyaasaa duula filannoo adeemsisuu akka hin dandeenye²⁴ fi meeshaaleen duula filannoo ittiin adeemsisan buufataalee filannoo irraa metira 200 keessatti akka argamuuhin qabne seerri filannoo kan dhorku²⁵ yoota'u, filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame irratti garuu bakka isaan taajjabuuf dhaqanitti duulli filannoos adeemsifamaa akka tureefi meeshaaliin duula filannoo ittiin adeemsisanis buufataalee filannoo keessattiifi naannoo isaatti akka argamu taajjabdoonni 256 (12) gabaasaniiru. Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame ilaalchisee, buufataaleen filammoo 98% ganama sa'aatii 1:00 tti saaqamanii filannoof banaa ta'uu isaanii taajjabdoonni gabaasaniiru. Argannoo inni kan biraa tokko, duula filannoofi meeshaalee duulli filannoo ittiin adeemsifameen kan walqabatudha. Kunis, taajjabdoonni harki 99% akka gabaasanitti, guyyoota arfan filannootti aanan sana keessa buufataalee filannoo keessaafi naannichatti meeshaaleen duulli filannoo ittiin adeemsafaman homtuu akka hin argammedha.

23 Kan armaan duraa keessa

24 Labsii Filannoo Itoophiyaa Lakk.1162/2011, Keewwata 43(1)

25 Kan armaan duraa keessa, Keeyyata 46, 1 (e)

Qophina Buufataalee Filannoo

Haalli qophii buufataalee filannoos adeemsi filannoo buufataalee filannoo hunda keessatti akkaataa qajeelfamoota Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa baaseetiin raawwatamaa jiraachuusaa mirkaneessuu keessatti dhimmoota ijoo ta'an keessaa isa tokkodha. Haaluma kanaan, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase haala qophii buufataalee filannoo sakatta'uudhaan gabaasaniiru. Taajjabdoonni Gamtichi bobbaase buufataalee filannoo seenuun akka heeyyamamaa ta'e meeshaaleen barbaachisoon buufataalee filannoo keessa jiraachuu isaanii, taajjabdoota, raawwachiiftota filannoo fi bakka-buutota paartiilee siyaasaa adeemsicha keessatti hirmaatanirraa odeeffannoo taajjabbii funaanuu isaanii madaalaniiru. Gabaasaalee taajjabdootarraa funaanaman bu'uureffachuun, haala qophina buufataalee filannoo ilaalchisee argannoowwan CECOE haala armaan gadiitiin dhiyaateera. Dabalataanis, kutaan argannoowwan tatamsa'ina vaayirasii koronaatiin walqabatan itti dhiyaatan kutaa dhiibbaa vaayirasichi dhaqqabsiise jalatti addatti dhiyaateera.

Buufataalee Filannoo Seenuu Danda'uu Ilaalchisee

Filattoonni buufata filannoo seenanii haala salphaa ta'een sagalee isaanii kennuu akka danda'an mirkaneessuuf, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa buufataalee filannoo bakka namoota hundaaf mijataa ta'eefi salphumatti seenanii filachuu danda'anitti osoo qopheessuu danda'ee baay'ee gaariidha. Karaa biraatiin, haalli buufataaleen filannoo ittiin qophaa'an qaama-miidhamtoonni, dubartoonni ulfiifi namoonni biroon akka fedhanitti sosocho'uu hin dandeenye haala salphaa ta'een gara buufata filannichaa seenanii filachuu kan danda'an ta'uu isaanii mirkanaa'uu qaba. Haaluma kanaan, akkaataan buufataaleen filannoo ittiin qophaa'an dubartootaafis ta'ee dhiirtoaf mijataa ta'uusaa filannoo ji'a Waxabajjii irratti taaajjabdoonni 95%, filannoo ji'a Fulbaanaa irratti immoo taajjabdoonni 97% kan gabaasan yoo ta'u, filannoo yeroo lamaanuu keessatti qaama-miidhamtootaaf mijataa ta'uusaa ilaalchisee garuu garmalee fooyya'insi hedduun akka barbaachisu eeraniiru. Waanti asirratti hubatamuu qabu, buufataaleen filannoo dubartootaafi dhiironni haala walqixa ta'een seenanii filachuu akka danda'anitti qophaa'uu isaanii ilaalchisee argannoo filannoo ji'a Waxabajjii, 2013 adeemsifamerratti walfakkaataa yoo ta'an, qaama-miidhamtootaaf garuu filannoo ji'a Waxabajjii irratti 87% kan ture fooyya'insa olaanaa agarsiisuun filannoo ji'a Fulbaanaa irratti 96% ga'uusaa gabaasni marsaa kanaa ni mul'isa.

Raawwachiiftonni Filannoo Guutanii Argamuu

Akka seera filannichaatti, buufata filannoo hunda keessatti giddugaleessaan raawwachiiftonni filannoo namoonni sadi, sadi argamuu qabu. Haaluma kanaan, filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame irratti buufataalee filannoo hunda keessatti giddugaleessaan raawwachiiftonni filannoo afur, afur akka argaman; akkasumas, filannoo ji'a Fulbaanaa keessa adeemsifame irratti giddugaleessaan raawwachiiftonni filannoo afur afur kan argamaniifi isaan keessaa hark 37% dubartoota ta'uu isaanii gabaasni taajjabdoota CECOE ni mirkaneessa.

Dhiyeessii Meeshaalee Filannoo Barbaachisoo Ta'anii


Meeshaaleen guyyaa filannichaatiif barbaachisoo ta'an hundi buufataalee filannoo maratti argamuun isanii filannicha adeemsisuuf daran murteessaadha. Adaduma guyyaan filannoo dhiyaachaa dhufuun, meeshaaleen guyyaa filannichaatiif barbaachisan baay'ina barbaadamaniin guutamuu isaanii mirkaneeffachuuf Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa dirqamaafi itti-gaafatamummaa qaba; yoo kana ta'e namoonni mirga filachuu qabaniifi galmee filattootaa irratti galmaa'an hundi hanqina tokko malee filachuu ni danda'u. Kana malees, meeshaaleen buufataalee filannoo hundaaf raabsaman, buufata hunda keessatti sirriifi hanga barbaadame ta'uu isaa Boordichi dursee mirkaneeffachuuf itti-gaafatamummaa qaba; sababiin isaas, baay'inni kaadhimamtootaa buufataalee filannoo adda addaa keessatti galmaa'anii walqixa miti waan ta'eefidha.

Filannoo ji'a Waxabajjii, 2013 keessa adeemsifame irratti mudoowwan turan keessaa waanti ragaan deeggarama guddaan tokko: meeshaaleen filannoo adda addaan baduu isaanii, sirrii ta'uu dhabuu isaanii ykn ga'aa ta'uu dhabuu isaanii kutaawwan biyyattii bakka adda addaa keessatti mul'ate. Rakkoon hir'ina meeshaalee filannoo ji'a Waxabajjii keessa adeemsifameetiin walqabatu gabaasa taajjabdootaa guyyaa filannichaa bobbaafaman keessatti dhiyaateera; qabatamaanis sababa hir'ina meeshaalee kanaatiin bakki itti filannoon addaan cite, haalli ittiin yeroon filannoo sa'aatii 12:00 irraa hanga sa'aatii 3:00 tti guutummaa biyyattiitti dheerate uumameera. Addatt immoo naannoleen akka bulchiinsa mootummaa Naannoo Beeniishaangul Gumuz, bulchiinsa mootummaa Naannoo Gambeellaafi bulchiinsa mootummaa Naannoo Sumaaleetti filannoon gara guyyaa

itti aanutti akka darbu haalli itti taasifame ni jira. Fakkeenya muraasa yoo ilaalle, buufataalee filannoo 14% keessatti waraqaan ittiin sagalee kennan hinjiru ture; korojoon sagaleen keessatti kennamuu buufataalee filannoo 10% keessaafi chaappaan Boordichaa buufataalee filannoo 12% keessaa dhabamaniiru.

Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame ilaalchisee, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa meeshaaleen filannoon ittiin adeemsifamu sirriifi ga'aa ta'an buufataalee filannoo hunda keessatti argamuu isaanii mirkaneessuu irratti fooyya'insa ajaa'ibsiisaa taasiseera. Gaafa Filannoo Fulbaana 20, 2014 adeemsifame ilaalchisee taajjabdoonni Gamtichi bobbaase 99% akkagabaasanitti, meeshaaleen filannoof barbaachisan: waraqaan sagaleen ittiin kennamu, korojoon filannoo, saamsituun korojoo filannoo, chaappaan Boordichi buufataaleef kenne, haalluun hin luqqaane kan quba filattootaa diban, uunkaan mirkaneeffannaa fi bu'aan filannoo ittiin ibsamu hundi wayita filattoonni filachuu eegalan buufataalee filannoo keessatti guutamanii jiru. Haata'u malee, bulchiinsa mootummaa Naannoo Sabaa fi Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa, Godina Walaayittaatti taateen addatti ta'e tokko kan kutaa mudannoo balaa hamaa jalatti xiinxalamee dhiyaatu akka taajjabdoonni CECOE gabaasanitti, galmeen filannoo dhabamuun isaa kallattiidhaan raawwachiiftoonni filannoo namoota dhufan keessaa mirga filachuu kan qabuufi kan hin qabne adda baasanii keessummeessuu irratti rakkoo hamaatu isaan mudate. Walumaagalatti, gabateen armaan gadii odeeffannoowwan funaanamaniifi meeshaaleen filannoof barbaachisan buufataalee filannoo keessatti argamuu isaanii gabaabsee kan nuuf dhiyeessedha.


Waxabajjii 2013 fi Fulbaana 2014tti Dhiyeessii Meeshaalee Filannoo Yeroo Buufataaleen Filannoo Banamanitti Ture



Gamtichi, hir'ina meeshaalee filannoof barbaachisan filannoo ji'a Waxabajjii irratti ture filannoo ji'a Fulbaanaa irratti fooyyessee waan argameef Boordii Filannoo Itoophiyaa kan dinqisiifatu yoo ta'u, Gamtichi waanti addatti hubachiisuu fedhu, dhabamuuniifi dogongora qabaachuun meeshaalee filannoo naannolee hedduufi magaalaawwan adda addaa irraa gabaafamaa turan amanamummaa filannichaa irratti dhiibbaa kallattii uuma. Sababiin isaas, meeshaaleen filannoo adeemsa kenniinsaa fi lakkaawwii sagalee buufataalee filannoo hunda keessatti adeemsifamu waliin hidhata kallattii qaba.

Haata'u malee, buufataalee filannoo keessatt korojoon filannoo bakka jiranitti, filannoo si'a lamaanii, kan ji'a Waxabajjiifi ji'a Fulbaanaa adeemsifaman irratti haaluma walfakkaatuun duwwaa ta'uun isaanii ifaan ifatti namoota achitti argamanitti agarsiifamaniiru. Akka seera adeemsa filannoo ijoo ta'eetti amanamummaan adeemsa filannootiin walqabatu, osoo sagalee kennuun hin eegalam in buufataalee filannoo hunda keessatti korojoowwan filannoo duwwaa ta'uun isaanii namoota achi jiranitti yoo agarsiifame kuni waan dinqisiifamu, jajjabeeffamuufi amanamummaa uumudha. Dabalataanis, taajjabdoonni afaan ittiin meeshaaleen filannoo qophaa'an irrattis gabaasa kan dhiyeessan yoo ta'u innis giraafii armaan gadiitiin dhiyaateera.

Afaanota Meeshaaleen Filannoo Ittiin Dhiyaatan



Bakka-Buutonni Paartiilee Siyaasaa Buufataalee Filannoo Keessatti Argamuu

Bakka-buutonni paartiilee siyaasaafi taajjabdootni guyyaa filannichaa buufataalee filannoo keessatti argamuun isaanii adeemsa kenniinsaafi lakkaawwiin sagalee filattootaa akka wabii iftoominaa qabaatuuf garmalee barbaachisaadha. Kana malees, buufataalee filannoo keessatti guyyaa sagaleen kennamu sana hojiiwwan sobaa akka hin hojjetamne ittisuuf daran fayyada. Dhimma kana ilaalchisee akka gabaasa taajjabdoota Gamtichi bobbaaseen dhiyaatetti, wayita filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifamee, buufataalee filannoo 1,937 (91%) taajjabdoonni kunniin taajjaban keessa gareewwan taajjabdootaa biroonis dabalataan buufataalee filannoo kanneen keessa akka turan ibsaniiru. Haalli kunis daran jajjabeessaa yoo ta'u, wayita filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifamee garuu taajjabdoonni biroon buufataalee filannoo 231 (25) keessatti qofa dabalataan akka argaman taajjabdoonni CECOE gabaasaniiru. Kunis dhimma baay'ee murteessaafi kan ji'a Waxabajjii wajjin walbira qabamee yoo ilaalamu haalli lakkoofsi taajjabdootaa kuni ittiin gadi bu'e daran yaaddessaadha.

Bakka buutonni paartiilee siyaasaa guyyaa filannichaa buufata filannoo keessatti argamuu ilaalchisee, wayita filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifamee ganama ennaa filannoon eegalamu buufataalee filannoo 1,910 (89%) keessatti kan argaman yoo ta'u, filannoo ji'a Fulbaanaa irratti garuu baay'inni buufataalee filannoo isaan itti argamanii 724 (77%) tti gadi bu'eera. Kana malees, buufataalee filannoo hiree murteeffannaa qofa adeemsisan keessatti baay'inni bakka-buutota paartiilee siyaasaa garmalee gadi bu'uudhaan 40% ta'eera.

Adeemsa Kenniinsa Sagalee

Haala qopha'inaafi saaqamuu buufataalee filannoo erga taajjabanii booda, iddoon taajjabbii baay'ee murteessaa ta'e adeemsa kenniinsa sagalee tokkoo tokkoo buufataalee filannoo keessatti argamuuti. Taajjabdoonni Gamtichi bobbaase adeemsa kenniinsa sagalee, qajeelfamoota kenniinsa sagalee hordofuu isaanii, seera eeggannoo Kooviid-19 eeganii socho'uu isaanii; akkasumas, yaaddoo nageenyaa buufataalee filannoo keessaa fi naannicha jiru madaaluu akka danda'an gabaasaniiru.

Mirga Taajjabdoonni Adeemsa Sagalee Kennuu Taajjabuuf Qaban

Adeemsa filannichaa keessatti taajjabdoonni, wayita eeggannoo Kooviid-19 taasifamuun alatti, guutummaatti buufataalee filannoo keessa turuu akka danda'an Boordii Filannoo Itoophiyaa seeraan kaa'eera. Haaluma kanaan, filannoo ji'a Waxabajjii akeessa adeemsifame irratti taajjabdoonni Gamtichi bobbaase namootni 1,975 (94%) buufataalee filannoo itti argamanitti rakkoo tokko malee osoo alatti hin dhorkamin guutummaa adeemsa filannichaa taajjabuu danda'aniiru. Haata'u malee, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase namoonni 12 (1%) buufataalee filannoo itti ramadaman keessa seenanii adeemsa filannichaa taajjabuu irraa guutumaan-guututti alatti gadi dhorkamaniiru. Dabalataanis, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase namoonni 119 (6%) sababa eeggannoo Kooviid-19 tiif jechuun yeroo murtaa'eef buufata filannoo keessaa ba'uudhaan ala akka turan taasifamuu isaanii gabaasaniiru. Gamtichi taajjabdoota bobbaase beekamtii Boordichaa kennameef waan qabaniif adeemsa filannichaa guutummaatti irratti argamanii akka taajjaban ni taasifamu jedhee amanullee, haalota Itoophiyaa keessa jiraniif akkaataa qophina buufataalee filannootiin walqabatee taajjabdoonni isaa sababa eeggannoo Kooviid-19 jedhuun buufata filannoo gadi dhiisanii akka ba'an taasifamuun isaanii hubatamuu akka qabu Gamtichi dhaameera.

Dambiiwwan Boordii Filannoo Itoophiyaa baaseen walqabatee, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase 98% ta'an adeemsa filannichi guyyaa guutuu taasifamaa ture keessatti buufataalee filannoo akka gadi dhiisanii ba'an waanti gaafataman hinjiru. Hata'u malee, taateewwan 23 keessatti sababa eeggannoo Kooviid-19 jedhuun taajjabdoonni yeroo muraasaaf buufata filannoo gadi-dhiisanii akka ala turan taasifamaniiru. Adeemsa filannoo Waxabajjii keessa taasifameetiin walbira qabnee yoo ilaalle, taateewwan 12 keessatti sababa eeggannoo Kooviid-19 jedhuun taajjabdoonni buufata filannoo keessaa ba'anii akka ala turan kan taasifaman yoo ta'u; filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame keessatti garuu buufata filannoo keessaa taajjabdoonni gadi ari'aman jechuun waanti gabaafame hinjiru.

Buufata filannootti namoonni seeraan alaa Boordii Filannoo ykn Seera Filannootiin beekamtii hin qabne jiraachuu isaaniitiin walqabatee, taajjabdoonni baay'een Waxabajjiittis ta'ee Fulbaanatti bobba'an (Waxabajjiitti dhibbeentaan 96, Fulbaanatti dhibbeentaan 99 ol) namoonni seeraan-alaa buufata filannootti akka hin argamne kan gabaasan ta'us taajjabdoonni muraasni garuu (Filannoo Waxabajjiitti taajjabdoonni 81, kan Fulbaanaatti taajjabdoonni 4) namoonni seeraan-alaa buufata filannoo keessatti akka argaman gabaasa taasisaniiru.

Deeggarsa Namootaatiin Sagalee Kennuu

Adeemsa filannichaa keessatti lammiileen hundi hammadamu isaanii mirkaneessuuf, filattoonni deeggarsa argatan malee filachuu hin dandeenye dursa akka argatanii fi namoota ofii isaaniitiin fedhaniin deeggaramuu akka qaban taasifamaniiru.²⁶ Taajjabdoonni hedduun (dhibbeentaa 98) ta'an akka gabaasanitti, qaama-miidhamtoonniifi namoonni akka fedhanitti socho'uu hin dandeenye hiriira filannoo irratti dursi kennameefii jira. Haalota hedduu keessatti, namoonni akkanaa baay'een kan dhibbeentaa 96 ta'an wayita deeggarsa fedhanitti namoota ofiif filataniin deeggarsa argachaa turani. Filattoonni biroon, dubartoota ulfa ykn namoota barreeffamoota meeshaalee filannoorra jiran dubbisuu hin dandeenye dabalatee, fageenya-dhiyoo irratti osoo ilaalamani deeggarsa namootaatiin filachuu akka danda'an heeyyamameefii jira. Kunis buufataalee filannoo dhibbeentaa 9 ta'an keessatti hojiirra ooleera. Kana malees, sadarkaan deeggarsa namootaatiin sagalee kennuu, bulchiinsa Naannoo Sumaalee, buufata qubattootaa Qoollojjii IDP keessatti baay'ee olka'aadha. Kunis buqqaatota biyya keessaa kanneen buufata qubattootaa keessa jiraatan keessa namoonni hinbaranne sadarkaa olaanaatti jiraachuu isaanii agarsiisa.

Waraqaawwan Filannoo Chaappaa Boordii Filannoo

Adeemsa filannoo ji'a Waxabajjii, 2013 adeemsifame ilaalchisee argannoowwan Gamtichaa akka ibsutti, buufataalee filannoo 1,879 (89%) taajjabdoonni isaa taajjaban keessatti raawwachiiftonni filannoo waraqaa sagaleen ittiin kennamu osoo hin raabsin dura chaappaa irratti ni chaappessu turan. Filannoo ji'a Fulbaanaa keessa adeemsifame irratti garuu, buufataalee filannoo 95% ta'an keessatti raawwachiiftonni filannoo waraqaa sagaleen ittiin kennamu osoo filattootatti hin kennin dura chaappaa irratti ni chaappessu turan. Haata'u malee, kanarraa kan ka'e, buufataalee filannoo 226 (11%) taajjabdoonni Gamtichi filannoo Waxabajjii, 2013 adeemsifame akka taajjabaniif bobbaase akka ibsanitti gariinis ta'ee guutummaan guutuutti waraqaan filannoo chaappaa Boordichaa qabu sirnaan filattootaaf kennamaa akka hin turre gabaasaniiru. Lakkoofsi kun filannoo ji'a Fulbaanaa irratti 5%tti gadi bu'eera.

Quba Filattootaa Irratti Haalluu Hin Gadhiisne Dibuu

Argannoon addaa inni kan biraa, filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame irratti buufataaleen filannoo 366 (17%) taajjabdoonni Gamtichi bobbaase taajjaban keessatti filattoonni wayita filachuuf seenan haalluun irraa hin badne quba isaanii irratti hin dibamne. Filannoo ji'a Fulbaanaa keessatti immoo buufataalee filannoo 20% keessatti yoo xiqqaate taatee tokko keessatti namni filachuuf seene osoo haalluun kuni qubatti hin dibamin seenee filatee ba'eera.

Icciitummaa Adeemsa Kenniinsa Sagalee

Haaluma walfakkaatuun, filannoo ji'a Waxabajjii keessa adeemsifame irratti, taajjabdoonni Gamtichi bobbaase akka gabaasanitti buufataalee filannoo 198 (10%) keessatti icciitummaan adeemsa filannichaa guutummaatti akka hin eegamne hubachuun danda'ameera. Gaaffiidhuma walfakkaatuun, filannoo ji'a Fulbaanaa keessa adeemsifame ilaalchisee taajjabdoonni Gamtichaa akka gabaasanitti, haalota kenniinsa sagalee dhibbeentaa 90 ta'u keessatti icciitiin adeemsa filannichaa guutummaatti eegameera. Filannoo ji'a Waxabajjii keessa adeemsifame irratti buufataalee 2,073 (98) fi filannoo ji'a Fulbaanaa keessa adeemsifame irratti buufataalee filannoo 99% keessatti korojoon filannoo guutummaatti bakka ifatti mul'atu kaa'ameen filannoon adeemsifamaa ture.

Galmee Filattootaa

Qajeelfamootaafi dambiiwwan Boordii Filannoo Itoophiyaa baase keessatti haala dhiyaateen, filattoota galmee filattootaa irratti galmeeffaman qofatu carraa filachuu argata. Filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame ilaalchisee akka taajjabdoonni Gamtichi bobbaase gabaasanitti, buufataalee filannoo isaan taajjaban keessaa 829 (39) keessatti galmee filannoorra maqaan isaanii waan hin jirreef yeroon itti namoonni filachuuf dhufan ofirra-deebi'anii galan ni jira. Haata'u malee, filannoodhuma ji'a Waxabajjii adeemsifame ilaalchisee, buufataalee filannoo 114 (6%) keessatti maqaan isaanii galmee filannoorra jiraatulle namoonni filachuuf dhufanii dhorkamanii ofirra-deebi'anii deeman ni jiru. Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame ilaalchisee akka taajjabdoonni CECOE gabaasanitti, buufataalee filannoo 9% keessatti namootni filachuuf dhufan maqaan isaanii galmee filannoorra kan hin jirre ta'ullee yoo xiqqaate namni tokko akka filatu ni heeyyamamaaf. Taajjabdoonni Gamtichi

²⁶ Qajeelfama Kenniinsa Sagalee, Lakkaawwii fi Ibsa Bu'aa Filannoo Lakk.14/2013, Keeyyata 26 kan Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa Baase

bobbaase dabalataan akka gabaasanitti, buufataalee filannoo 34% keessatti namoonni filachuuf dhufan maqaan isaanii galmee filannoorra yoo jiraatellee yoo xiqqaate namni tokko dhorkamuun osoo hin filatin akka ofirra-deebi'ee deemu taasifama. Kunis dhimma mirga siyaasaa lammiilee irraa mulqu waan ta'eef haalli kuni baay'ee yaaddessaadha. Kana malees, argannoon taajjabdoota Gamtichi bobbaasee akka ibsutti, iddoowwan filannoon hiree murteeffannaa itti adeemsifametti haalli mirga filachuu dhorkuun namoota filachuu dhufan ofirra deebisuu kuni baay'ee hinjiru. Kunis buufataalee hireen murteeffannaa itti adeemsifame fi taajjabaman keessaa haalli akkasii hark 19% kan ta'an keessatti qofa mul'ate.

Sa'aatii Cufiinsa Buufataalee Filannoo

Akkaataa seera filannootiin, kallattiin adda ta'e Boordii filannichaatiin hanga hin kennamnetti, guyyaa filannoon adeemsifamaa oolu buufanni filannoo galgala keessa sa'aatii 12:00 tti cufama. Filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame keessatti, Boordiin Filannoo Biyyaalessaa bakka filannoon itti adeemsifamu hundatti yeroon filannoo sa'aatii sadiin dheerachuudhaan galgala sa'aatii 12:00 tti cufamuun kan irra ture halkan keessaa sa'aatii 3:00 tti akka cufamu labsee kan ture yoo ta'u, filattoonni hundi sagalee isaanii akka kennaniif waan ta'eef, Gamtichi akka tarkaanfii gaariitti ilaaleera. Kutaalee biyyattii iddoowwan adda addaa keessatti, sababa hir'ina meeshaalee filannootiif filannoon guyyaa itti aanuttiilee haalli itti ce'e ni jira. Iddoowwan kaanitti immoo guutummaadhumatti meeshaaleen filannoo waan achi hin dhaqqabneef akka yeroo itti aanutti darbu taasifameera. Filannoo ji'a Fulbaanaa, 2014 Naannoo Hararii keessatti adeemsifamee fi iddoowwan filannoon hiree murteeffannaa itti adeemsifamettis Boordiin Filannoo Itoophiyaa yeroo kenname irratti sa'aatii lama dabaluudhaan filannichi hanga halkan keessaa sa'aatii 2:00 tti akka adeemsifamu taasiseera. Kunis kan ta'eef, filattoota hiriirarra turan osoo hin filatin akka ofirra hindeebineefi mirga filachuu isaaniitti akka fayyadaman gargaarufidha. Murtoowwan kunniin lammiileen akka filachuu danda'an kan gargaare yoo ta'u; raawwachiiftoonni filannoo garuu buufataalee filannoo hedduu keessatti adeemsa kenniinsaa fi lakkaawwii sagalee addaan kutuudhaan odeeffannoo adeemsa lakkaawwii sagalee taajjabdoota Gamtichi bobbaase irraa fudhachuu akka hindandeenye rakkoowwan uumamaniiru.

Adeemsa Lakkaawwii Sagalee

Lakkaawwii sagalee qaama filannoo murteessaa ta'eefi ofeeggannoo guddaa barbaachisudha. Seerri Filannoo Itoophiyaa lakkaawwii sagaleetiif iddoo guddaa kan kenne yoo ta'u, akkaataa lakkaawwii sagalee itti adeemsifamuu qabus ifatti kaa'ee jira. Akka seera labsii filannooti, lakkaawwii sagalee buufata filannoo bakka uummanni fedhetti adeemsifama.²⁷ Dabalataanis akka seerichi kaa'utti, buufanni filannoo sababa amansiisaa dhiyeessuun lakkaawwii sagalee sadarkaa naannoo filannooti akka adeemsifamu yoo gaafate fudhatama ni qabaata.²⁸ Hojjettoota filannoo naannoo filannichaatti argamaniifi sagalee filannoo buufata filannoo irraa dhufe akka lakkaa'an ennaa taasifaman durgoo kan isaaniif kennuu buufata filannichaa ykn naannoo filannichaa ta'a.²⁹ Adeemsi lakkaawwii sagalee, eessattuu yoo lakkaawwame, iddoo bakka-buutonni paartiilee siyaasaa, raawwachiiftoonni filannoofi miseensonni koree komii keessummeessituu jiranitti raawwatama.

Adeemsa Lakkaawwii Sagalee Taajjabuu

Seerota Boordiin Filannoo Itoophiyaa baaseen walqabatee, filannoo ji'a Waxabajjii, 2013 adeemsifame irratti buufataalee filannoo 1,983 (95) taajjabdoonni CECOE taajjaban keessatti wayita lakkaawwii sagalee eegalamu raawwachiiftoonni filannoo akka taajjabdoonni gadi-dhiisanii ba'an hingaafanne. Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame irratti, buufataalee filannoo taajjabdoonni CECOE taajjaban keessaa harki 85% galgala sa'aatii 12:00 hanga sa'aatii 1:00 gidduutti kan cufaman yoo ta'u, buufataaleen filannoo 15% immoo galgala sa'aatii 1:00 hanga 3:00 gidduutti cufamani. Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame irratti, taajjabdoonni gara nama 19 (2%) ta'an sababa Kooviid-19 waliin walqabateen buufataalee filannoo gadi dhiisanii akka ba'an gaafatamuu isaanii gabaasaniiru. Haata'u malee, harki guddaan gara 98% ta'an buufataalee filannoo keessa turuudhaan adeemsa lakkaawwii sagalee taajjabanii gabaasuu danda'aniiru.

Lakkaawwii Buufataalee Filannoo Keessatti Adeemsifame

Filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame irratti taajjabdoonni taajjabbii taasisan akka gabaasanitti, buufataalee filannoo taajjaban

²⁷ Labsii Seera Filannoo Itoophiyaa Lakk. 1162/ 2011, Keewwata 57

²⁸ Kan armaan duraa keessa

²⁹ Kan armaan duraa keessa

keessaa 2,043 (99%) keessatti korojoon sagaleen Mana Maree Bakka-Bu'ootaa Uummataatiif itti kenname battaluma kenniinsi sagalee goolabamuun buufataalee filannoo sana keessatti lakkaawwamani. Buufataalee filannoo 1,927 (93%) keessatti immoo Korojoon sagaleen Mana Maree Naannoleef itti kenname bakkaluma kenniinsi sagalee goolabameen buufataalee filannoo sana keessatti lakkaa'ame. Taajjabdoonni filannoo ji'a Fulbaanaa, 2014 akka taajjaban bobbaafamanis akka gabaasanitti, buufataalee filannoo 95% keessatti battaluma kenniinsi sagalee goolabameen korojoowwan filannoo saagamani sagaleewwan kennaman lakkaawwamani.

Adeemsi Lakkaawwiin Sagalee Addaan-Cituu

Filannoo ji'a Waxabajjii, 2013 adeemsifame irratti buufataalee filannoo 20 (1%) keessatti qofa lakkaawwiin sagalee addaan cite. Haaluma walfakkaatuun, filannoo ji'a Fulbaanaa, 2014 adeemsifame irratti wayita lakkaawwiin sagalee adeemsifamu akka taajjabdoonni 99% gabaasanitti, lakkaawwiin sagalee erga eegalameen booda addaan hin cinne akkasumas seera malee gidduu seenuun, doorsisuu ykn sodaachisuun hin turre. Taatee addaa tokko qofa irratti lakkaawwiin sagalee sa'atii tokko qofaaf addaan cite. Sababiin isaas, raawwachiisaan filannoo tokko otuma sagaleen lakkaawwamaa jiruu of wallaalee waan kufeefidha. Taateen lakkaawwiin sagalee itti addaan cite inni gara biraa rooba humnaa olii waan roobeefidha. Bakka buufata filannootti lakkaawwii sagalee adeemsifamaa jiru irratti idduu lixuu, doorsisuun, ykn jeequmsa uumuuf yaaluun akka isaan mudate taajjabdoota Gamtichi bobbaase keessaa namoota lama qofatu gabaase. Kanarraa kan hafe, taajjabdoonni harki 99% akka gabaasanitti, wayita sagaleen filanno lakkaawwamaa jirutti taateen akka gidduu lixuu, doorsisuu ykn jeequmsa uumuuf yaaluu naannoo buufata filannootti waanti mul'ate akka hin jirre gabaasani.

Unkaa Ibsaafi Mirkaneessa Bu'aa Lakkaawwii Filannoo

Gabaasni taajjabdoonni dhiyeessan akka agarsiisutti, bakka-buutonni paartiilee siyaasaa wayita lakkaawwiin sagalee adeemsifamu giddugaleessaan namoonni afur irratti argamaniiru. Haata'u malee, bakka-buutonni paartiilee siyaasaa buufataalee filannoo 297 (14%) tti argaman guca mirkaneeffannaa bu'aa sagalee filannoo irratti mallatteessuu ni didani. Akkaataa qajeelfamoota Boordii Filannoo Itoophiyaa baaseen, lakkaawwiin sagalee filannoo akkuma xumurameen guca mirkaneeffannaa bu'aa sagalee filannoo irratti guutameetu waliif mallatteessanii sa'atii tokko keessatti buufata filannoo keessa bakka mulatutti akka odeeffannoo barbaachisaa ta'e argatan uummataafi dhimmamtoota birootiif maxxanfama. Taajjabdootni Gamtichi bobbaase akka gabaasanitti, buufataalee filannoo 568 (27%) keessatti bu'aan sagalee filannoo uunkaan mirkaneeffannaa irratti guutamee mallatteeffamuun uummataaf hinmaxxanfame. Haata'u malee, taajjabdoonni muraasni akka gabaasanitti, guyyaa itti aanu wayita isaan buufata filannichaatti deebi'anitti bu'aan sagalee filannoo uunkaa mirkaneeffannaa irratti guutamee mallatteeffamuun uummataaf maxxanfamee jira.

Argannoowwan Taajjabbii Kanneen Biroo

Raawwachiiftota Filannoo Dubartoota Ta'an

Filannoo ji'a Waxabajjii, 2013 adeemsifame irratti raawwachiiftota filannoo keessaa giddugaleessaan lama dubartoota. Kana makees, buufataalee filannoo 420 (20%) kan taajjabdoonni gabaasan taajjaban keessatti, dura-teessuun buufataalee filannoo kanneenii dubartootadha. Haaluma walfakkaatuun, filannoo ji'a Fulbaanaa, 2014 ilaalchisee taajjabdoonni Gamtichi bobbaase akka gabaasanitti, raawwachiiftotni filannoo wayita sagalee kennuun eegalamu achitti argaman giddugaleessaan 4 yoo ta'an, isaan keessaa 37% dubartootadha.

Dabalataanis, odeeffannoon Gamtichi funaannan akka ibsutti, buufataalee filannoo taajjabdoonni taajjaban harka 11% keessaa dubartoonni akka raawwachiiftota filannootti hojjetan hinjirani. Boordichi garuu tokkoo tokkoo buufataalee filannoo keessa yoo xiqqqaate dubartiin raawwachiiftuu filannoo taate takka jiraachuu qabdi jedha; akka armaan olitti ibsametti garuu kuni hojiirra hin oolle. Dhumarratti, buufataalee filannoo 23% keessatti dubartoonni akka walitti-qabduu buufataalee filannootti hojjichaa turani.

Adeemsa Filannoo Tibba Weerara Vaayirasii Raawwatame

Filannoon Itoophiyaa Marsaa 6ffaan wayita Kooviid-19 adunyaa guutuu weeraree jirutti waan adeemsifameef madaallii

filannichaa keessatti qabxii murteessaa Gamtichi irratti xiyyeeffatu keessaa isa tokkodha. Haaluma kanaan, gaaffilee madaallii sadarkaa hojiirra-oolmaa qajeelfama eeggannoo Kooviid-19 qopheessudhaan filattootas ta'ee raawwachiiftonni filannoo qajeelfamicha hojiirra oolchuu isaanii ilaalleerra.

Argannoon Gamtichaa akka agarsiisutti, buufataalee filannoo 601 (28%) keessatti raawwachiiftonni filannoo qajeelfamicha adeemsa filannichaa jalqabaa hanga dhumaa keessatti aguuggii afaaniif funyaatii hin uffanne. Gara filattootatti ennaa deebinu immoo baay'inni isaanii garmalee dabala. Kunis gabaasaalee Gamtichi fudhate 1312 (62%) akka ibsutti, adeemsa filannichaa jalqabaa hanga dhumaa keessatti filattoonni aguuggii afaaniif funyaanii hin uffanne. Taajjabdoonni Gamtichi bobbaase akka gabaasanitti, buufataalee filannoo isaan taajjaban 84 (4%) keessatti namoonni filachuuf dhufan aguuggii afaaniif funyaanii seera-qabeessa ta'e waan hin uffanneef osoo hin filatin akka ofirra-deebi'anii deeman taasifamaniiru. Haata'u malee, qajeelfamni Boordichi baase, aguuggii afaaniif funyaanii seera-qabeessa ta'e uffachuu baatanis waanuma qabaniin, fkn uffata ofiitiin, afaaniif funyaan ofii aguuganii filachuu danda'u waan jedhuuf hari'amu hin qaban ture.

Taajjabdoonni filannichaa haala qabatamaa buufataalee filannoo keessaafi ala jiru ilaalchisuun qophiin buufata buufata filannichaa walirraa fageenya qaamaa kan eeggatee qopheeffame ta'uusaa gaafachuun filattoonni ilaalanii fageenya eegachuun sagalee kennuu danda'uu kan jedhu irratti gabaasa dhiyeessaniiru. Dhimma kana ilaalchisee akka gabaasichi ibsutti, hiriira buufataalee filannoo 89% alasaa ture ilaalchisee haalli buufataaleen filannoo kunniin ittiin qophaa'an fageenya qaamaa filattootaa eeguun akkaataa sagaleen ittiin kennamuu danda'uunidha. Gara keessaatti yoo deebinu, guutummaa adeemsa filannichaa keessatti buufataaleen filannoo 96% haala fageenya qaamaa eeggachuun filattoonni sagalee kennuu danda'aniin kan qophaa'edha.

Filannoo ji'a Fulbaanaa keessa adeemsifame ilaalchisee, buufataalee filannoo taajjabdoonni CECOE taajjaban 72% keessatti adeemsa filannichaa guutummaa isaa keessatti raawwachiiftonni filannoo aguuggii afaaniif funyaanii uffataniiru. Buufataalee filannoo 27% keessatti immoo, guutummaa adeemsa filannichaa keessatti raawwachiiftonni filannoo aguuggii afaaniif funyaanii gamisaan hojiirra oolchani. Haaluma walfakkaatuun, taajjabdoonni CECOE sadarkaa filattoonni qajeelfamicha hordofuu isaanis madaalaniiru. Gabaasni 34% ta'u akka ibsutti, guutummaa adeemsa filannichaa keessatti filattoonni aguuggii afaaniif funyaanii uffataniiru. Filattoonni 55% ta'an garuu guutummaa adeemsa filannichaa keessatti aguuggii afaaniif funyaanii haala wal-hanqisii ta'een darbee darbee akka uffatan gabaasichi ni ibsa. Karaa biraatiin, gabaasni 12% akka agarsiisutti, guutummaa adeemsa filannichaa keessatti filattoonni aguuggii afaaniif funyaanii hin uffanne. Dhumarrattis, aguuggii afaaniif funyaanii ilaalchisee, Boordii Filannoo Itoophiyaa ifaan ifatti akka kaa'etti, aguuggii afaaniif funyaanii isa sirrii ta'e qabaachuu baatanis filattoonni akka hin filanne dhorkamuu hin qaban; waanuma qabaniin, uffata isaanitiinis, afaaniif funyaan ofii aguuganii sagalee kennuu ni danda'u. Akka gabaasni CECOE ibsutti garuu, buufataaleen filannoo 7% ta'an filattoonni aguuggii afaaniif funyaanii isa sirrii ta'e waan hin uffanneef osoo sagalee hin kennin akka ofirra-deebi'anii deeman taasifamaniiru. Garuu waantota birootiin afaaniif funyaan isaanii aguuganii sagalee kennuu ni akka danda'an Gamtichi ni amana.

Bakka-Buutota Paartiilee Siyaasaafi Komiiwwan Buufataalee Filannootti Dhiyaatan

Guyyaa filannoon adeemsifame, bakka-buutonni partiilee siyaasaa giddugaleessaan 3 ta'an buufataalee filannootti akka argaman Gamtichi taajjabeera. Gabaasni taajjabbii Gamtichaa akka agarsiisutti, filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame ilaalchisee buufataalee filannoo keessatti giddugaleessaan namni tokko komii ni dhiyeeffata; kunis, filannoo ji'a Waxabajjii yoo walbira qabame komiin dhiyaate kuni garmalee gadi-bu'aadha. Komiin ji'a Waxabajjii keessa dhiyaate garuu ja'adha. Komiidhaan walqabatee, Gamtichi waanti akka hubatamu barbaadu tokko, taajjabdoota biroo waliin haasa'uudhaan Koreen Komii Keessummeessituu buufataalee filannoo keessatti hundeeffame guyyaa filannichaa komiiwwan hedduu keessummeessera.

Taajjabbii Filannoon-Boodaa

Seensa

Haalli filannoon-booda jiru filannoo kamiyyuu keessatti baay'ee murteessaa fi xiyyeeffannoo kan fedhudha. Bu'aa filannoo ibsuun walqabatee miirri uummataa sanaa-booda jiru, adeemsa komii keessummeessuu sirnaan hojiitti hiikuu fi caasaalee

mana murtii hundatti sirnaan dhimma ba'uu; yaaddoon nageenyaa; akkasumas, dirreen siyaasaa bal'achuun filannoon-booda haalli inni irra jiru dhimmoota filannoon booda garmalee barbaachisoo ta'anidha. Filannoon booda Gamtichi filannoo ji'a Waxabajjii booda taajjabdoota 97, filannoo ji'a Fulbaanaatiin booda immoo 50, walumaagalatti taajjabdoota 147 guutummaa biyyattii bakka filannoon itti adeemsisetti bobbaasee jira. Gamtichi cheekliistii filannoon-boodaafi uunkaa balaa hamaan irratti galmeeffamutti fayyadamuun odeeffannoo filannoon-boodaa funaaneera. Kanas taajjabdoota naannolee filannoo keessa jiraatan keessaa odeeffannoo funaanuu haala danda'aniin bobbaase. Taajjabdoonni yaaddoo nageenyaa filannoon-boodaa, yaad-deebii uummataa bu'aa filannootiin walqabatee fi sadarkaa dirreen siyaasaa lammiilee filannoon booda itti dhiphate ilaalchisee gaaffiilee qophaa'an fayyadamuun odeeffannoo funaananiiru. Haaluma kanaan, Gamtichi taajjabdoota filannoon boodaatti dhimma bu'uun, walumaagalatti gabaasaalee filannoon-boodaa 855 kan funaane yoo ta'u, filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifameen booda gabaasaalee 568; filannoo ji'a Fulbaanaatiin booda adeemsifameen booda gabaasaalee 287 torbee sadi keessatti funaaneera. Argannoowwan armaan gadii odeeffannoo funaanname kana bu'uureffachuun, hojii Gareen Hordoffii Miidiyaa hojjeteen deeggaraun; akkasumas gabaasaalee garee taajjabdootaa biroo fi maddeen adda addaa irraa argameen deeggaramee kan xiinxalamedha.

Ibsa Bu'aa Filannoofi Deebii Uummataa

Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa bu'aa filannoo guyyoota 20 keessatti beeksisuuf dirqama seeraa waan qabuuf bakka Pirezidaantiin biyyattii Saahilawarqi Zawudee jiranitti Waxabajjii 10, 2013 bu'aa filannichaa ibseera. Filannoo Fulbaana 20, 2014 adeemsifameen boodas, Boordichi bu'aa filannoo naannolee Hararii, Sumaaleefi bulchiinsa mootummaa Sabaaf Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa Onkololeessa 12, 2013 ibseera. Akka Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaatti, naannolee fi bulchiinsonni magaalaawwanii hundi filattoota 90% kan galmeessan yoo ta'u, naannoon Beeniishaangul Gumuz garuu 55% qofa galmeesse. Filannoo kanaanis paartiin biyya bulchu, Paartiin Badhaadhinaa ijifannoo olaanaa galmeessiseera. Akka ibsa Boordichaatti, filannoo ji'a Waxabajjii irratti paartiin biyya bulchu teessoo Mana Maree Bakka-Bu'ootaa Uummataa 425 keessaa teessoo 410 kan moo'ate yoo ta'u; filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame irratti teessoo Mana Maree Bakka-Bu'ootaa Uummataa 47 keessaa teessoo 44 moo'ateera. Paartiin Sochii Biyyaalessaa Uummata Amaaraa fi paartiin Iizeemaa filannoo ji'a Waxabajjii irratti walduraa-duubaan teessoo Mana Maree Bakka-Bu'ootaa Uummataa 5 fi 4 kan moo'atan yoo ta'u; Paartiin Dimokiraatawaa Geediyoo immoo teessoo 2 moo'ateera. Kaadhimamtoonni dhuunfaa immoo Finfinneefi Oromiyaa keessatti teessoowwan hafan arfan moo'ataniiru.

Ibsa bu'aa filannoo ilaalchisee akka odeeffannoon Gamtichi funaane agarsiisutti, filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifame ilaalchisee gabaasni filannoon-boodaa 509 (90%) bu'aan filannichaa adaduma filannoon dhiyaachaa deemuun haaluma lammiileen eeganiin kan dhufedha. Haata'u malee, gabaasni Gamtichi funaane 568 (92%) akka ibsutti, lammiileen naannoo filannoo isaanii keessatti kenniinsa sagalee fi adeemsa lakkaawwii bu'aa filannoo ibsameen walqabatee gaaffii hin gaafanne. Filannoo ji'a Fulbaanaa, 2014 adeemsifameenis walqabatee taajjabdoonni filannoon-boodaa akka gabaasanitti bu'aa filannichaatti itti-quufinsa olaanaatu jira.

Haala Filannoon-Booda Ture

Yeroo filannoon-boodaa keessatti adaduma bu'aan filannoo ibsamuu fi filannicha kan moo'atee fi kan moo'ame adda bu'aa deemu yaaddoon nageenyaa darbee darbee hammaachaa deeme. Dhuma filannoo ji'a Waxabajjii, 2013fi Fulbaanaa, 2014 lamaanuu irratti yaaddoo nageenyaa biyyattii keessatti hammaachaa deeme irraa ka'uudhaan, guyyaa filannoon ji'a Waxabajjii fi Fulbaanaa lamaanuu itti goolabamanitti balaan nageenyaa hamaan mudachuu danda'a kan jedhu eegamee ture. Haata'u malee, jeequmsi filannoon-booda eegamee ture akka eegamee miti; yeroo lamaanuu baay'ee gadi bu'adha.

Akka filannoo ji'a Waxabajjii, 2013 tiin boodaa gabaasa Gamtichi dhiyeesse 568 (99%)tti, adeemsa kenniinsa sagaleetiin walqabatee jeequmsi uumame hinjiru. Naannolee filannoo taajjabdoonni itti ramadamanitti ibsa bu'aa filannoo ji'a Waxabajjiitiin walqabatee gabaasni dhiyaate harki 98% fincilli ykn mormiin paartiilee siyaasaa ykn kaadhimamtootaan waamaman akka hinjirre agarsiisa. Gabaasaaleen taajjabbii filannoo ji'a Fulbaanaa hundi akka ibsutti, adeemsa kenniinsa sagaleefi ibsa bu'aa filannichaatiin walqabatee mormiin taasifame hinjiru. Filannoo ji'a Fulbaanaa naannolee Hararii, Sumaaleefi naannoo bulchiinsa mootummaa Sabaaf Sablammootaa. Uummattoota Kibbaa keessatti paartiileen siyaasaa mormii filannichaatiif waamicha godhanillee akka hinjirre gabaasichi ni ibsa. Kana malees, filannoo ji'a Waxabajjii fi Fulbaanaa keessa adeemsifame lamaaniiin walqabatee jeequmsi hamaan lubbuun bu'uuf sababa ta'e, miidhama qaamaa, manca'insa qabeenyaa ykn miidhaa

akaakuu kamiituu dhaqqabsiise akka hinjirre gabaasichi ni mirkaneessa. Haaluma walfakkaatuun, filannoo yeroo lamaanuu mormii uummataa, jeequmsa, ykn hiriira mormii miidhaa dhaqqabsiisan kamiyyuu naannoo filannoo itti bobbaafaman keessatti akka hin argine taajjabdoonni Gamtichi bobbaase gabaasaniiru. Haata'u malee, waanti Gamtichi hubachiisuu fedhu waayee jeequmsa filannoon walqabatanii iddoowwan muraasatti mul'atanii haasa'uun bu'aa wayiituu hinqabu. Sababiin isaas, haalli yaaddoo nageenyaa filannoodhaan alatti biyyattiin keessa jirtuu kanaa olitti baay'ee ulfaataa waan ta'eef kan dubbatamuu qabutu isadha.

Waan Uummanni Bu'aa Filannichaa Irraa Eege

Bu'aa filannichaa irraa uummanni maal eega waan jedhu gabaasaaleen miidiyaa adda addaa dursanii kan dhiyaatan yoo ta'u, gabaasaaleen kunniinis bu'aan filannichaa waan uummanni eeguun faallaa ta'a; akka uummanni eegus miti kan jedhu ture. Haata'u malee, yaada waliigalaa yoo ilaalle, odeeffannoon taajjabdoota Gamtichi bobbaaseen dhiyaate akka agarsiisutti, bu'aan filannichaa akkaataa uummanni egeen walsimataa yoo ta'u, kunis gaaffilee dhiyaataniif yaad-deebiin uummataa harka 90% ol ta'u shakkii bu'aa filannichaarra ture kan qulqulleessee sirreessefi gabaasaalee miidiyaan adda addaa dursanii dhiyeessan soba ta'uusaa, kan humnaa-ol xooffeeffameefi karaa irraa kan maqe akka ta'e mirkaneesse. Dabalataanis gabaasni taajjabdootaa harka 91% ta'u komiin haala idilee ta'een paartiilee siyaasaatiin dhiyaate kan hinjirre ta'uusaa mirkaneessa.

Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame ilaalchisee, gabaasaaleen dhiyaatan akka agarsiisanitti bu'aa filannichaa ilaalchisee waanti uummatni eegee ture akka waliigalaatti gabaasicha waliin wal simata. Haaluma kanaan, gabaasaaleen taajjabdoota 249 (87%) akka agarsiisutti waanti uummanni bu'aa filannichaa irraa eegee ture bu'aa filannoo dhumarratti ibsameen walsimataa akka ta'e mirkaneessa. Haata'u malee, gabaasaaleen filannoon-booda dhiyaatan 7 (2%) shakkii lammiileen bu'aa filannoo dhumarratti ibsame irraa qabu kan ibsudha. Kanumaan walqabatee, filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame irratti taajjabdoonni 97% akka gabaasanitti lammiileen filannichi seera-qabeessa kan hin taaneefi haqummaa kan hin qabnedha akka jechaa hin jirre gabaasani. Faallaa kanaatiin, taajjabdoonni filannoon-boodaa lama (1%) yaada faallaa qabxii olitti dhiyaatee gabaasaniiru.

Filannoon Walqabatee Haala Dirree Siyaasaa Bal'isuu

Dagaagina adeemsa sirna dimokiraasii dhugoomsuu keessatti filannoon karaa isa jalqabaa waan ta'eef, barbaachisummaa dirreen siyaasaa abdachiisaa ta'e lammiilee biyyattiif bal'achuusaa hubachuudhaan taajjabbiin gaaffilee haala mijataa filannoon-boodaa jiru sakatta'u: haala filannoon-booda paartiileen siyaasaa, gaazexeessitootni, taajjabdoonni filannoo, lammiileen biyyattii; akkasumas, miidiyaaleen keessa jiraniifi; walumaagalatti, mirgi bilisummaa yaadaa jiraachuu isaa of keessatti hammata. Kanumaan walqabatee argannoon keenya akka agarsiisutti, haalli filannoon-booda jiru dirree siyaasaa lammiileen biyyattii keessa jiran hagana mara kan daangesse miti. Bu'aan filannoo erga ibsameen booda, paartiilee siyaasaa, miidiyaalee, kaadhimamtootaafi haawaasa idilee hojii idilee isaanii hojjechuu irratti rakkoo hamaan isaan mudate hinjiru. Kuni yaada waliigalaa yoo ta'u, gabaasaalee muraasa Gamtichi argate akka ibsutti, kaadhimamtoonni 6 (1%) bu'aan filannoo erga ibsamee booda hidhamanii jiru. Haaluma walfakkaatuun, gabaasni akka gaazexeessitoonniifi lammiileen idilee erga filannoon ji'a Waxabajjii, 2013 darbee booddee hidhaman mirkaneessu dhiyaateera. Gabaasni 1% ta'u akka ibsutti, filannoon booda taateen walabummaa miidiyaalee tamsaasaafi maxxansaa ukkaamsuuf yaaliin taasifamaa ture akka jiru mirkaneessa. Gabaasa filannoo ji'a Fulbaanaa, 2014 tiin boodatti yoo deebinu, taateen hojii idilee lammiilee, gaazexeessitootaafi paartiilee siyaasaa daangessu waanti gabaafame akka hin jirre gabaasni taajjabdoota filannoon-boodaa ni mirkaneessa.

Komiiwwan Filannoon-Booda Dhiyaatan

Dhimmi Gamtichi filannoon-booda taajjabe tokko immoo paartiileen siyaasaafi kaadhimamtoonni komii seera-qabeessa ta'e haala qindaawaa ta'een dhiyeeffachuufi dhiisuu isaaniti. Filannoo ji'a Waxabajjii adeemsifameen booda, gabaasaaleen 515 (91%) akka agarsiisanitti komiiwwan idileen haala qindaawaa ta'een paartiilee siyaasaafi kaadhimamtootaan dhiyaate hinjiru. Haata'u malee, gabaasaaleen 40 (7%) akka agarsiisanitti, paartiileen siyaasaafi kaadhimamtoonni filannoo komiiwwan isaanii haala idilee ta'een qindeessanii dhiyeeffataniiru. Filannoo ji'a Fulbaanaa, 2014 adeemsifameen walqabatee, walumaagalatti, gabaasaaleen 92% akka agarsiisanitti komiiwwan idileen paartiilee siyaasaafi kaadhimamtootaan qindaawanii dhiyaatan hin jirani. Gabaasaaleen kunniin akkuma jiranitti ta'ee, taajjabdoota filannoon-boodaa 2% irraa gabaasaaleen dhiyaatan, komiiwwan idileen qindaawanii dhiyaatan akka jiran agarsiisa.

Komiiwwan guyyaa filannoo dhiyaataniifi bu'aa filannoo ibsameen walqabatee, gabaasaaleen Gamtichi taajjabdoota, keessattuu taajjabdoota filannoo ji'a Waxabajjii taajjaban irraa argate akka ibsutti, Koreen Komii Keessummeessituu idilee ta'e sadarkaa buufataalee filannootti sirriitti hin hundoofne. Kana malees, Koreewwan Komii Keessummeessituu kunniin sadarkaa sadarkaadhaan buufataalee filannoo irraa eegalee naannoo filannoofi sadarkaa bulchiinsa naannoleetti; akkasumas, Koree Komii Keessummeessituu akka biyyaatti sadarkaa Boordii Filannoo Itoophiyyaatti jiru wajjin hidhata jabaa uummachuudhaan haala walsimataa ta'een hundaa'ee sirriitti si'aayinaan hojjechaatii hinturre. Haaldureewwan kanneen erga taajjabanii booda, taajjabdoonni Gamtichi filannoon-booda bobbaase sab qunnamtii afaanii irratti danqaawwan wal-hubannoo gufachiisan hedduun akka jiraniifi komiiwwan fageenyarra jiran keessummeessuu fi bilbilaan mirkaneessuu irratti guutummaa biyyattiitti rakkoon neetiwoorkii garmalee hamaan jiraachuusaa mirkaneessaniiru.

Murtoowwan koreedhaan taasifaman hordofuun, rakkoon biraan Gamtichi hubate paartiileen siyaasaa komii seera-qabeessa ta'e guyyoota kennaman kurnan keessatti caasaalee qaama seeraa sadarkaa sadarkaan jirutti dhiyeeffachuu dadhabuu isaaniiti.



Taajjabdoonni Zoonii Gedeo Naannoo SNNPR guyyaa filannoo dura leenjii isaanii erga xumuranii booda.



“Hooggantoonni Waldaa Miidiyaa Itiyoophiyaa
Wiirtuu To’annoo Miidiyaa Gamtichaa Osoo
Daawwachaa Jiranii

Goolabaafi Yaadawwan Gorsaa

Goolaba

Filannoon Biyyaalessaa fi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaan wal-duraa-duubaan dabaree lamaan kan adeemsifame. Adeemsi kenniinsa sagalee Mana Maree Bakka-Bu'ootaa Uummataafi Mana Maree Naannoleetiif Waxabajjii 14, 2013 Naannolee: Affaar, Amaaraa, Gaambeellaa, Oromiyaa, Sidaamaafi bulchiinsa naannoo Sabaafi Sablammootaaf Uummattoota Kibbaa; akkasumas, bulchiinsota Magaalaa Finfinneefi Dirree Dawaa keessatti adeemsifame. Ji'oota sadiin booddee, Fulbaana 20, 2014 filannoon Mana Maree Bakka-Bu'ootaa Uummataa fi Mana Maree Naannolee bulchiinsa mootummaa naannolee; Hararii, Sumaalee fi filannoon hiree murteeffannaa uummata Sabaaf Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa adeemsifame. Dabalataani, filannoon ji'a Fulbaanaa keessa adeemsifame filannoo Mana Maree Waliigalaa Hararii (kan Finfinneefi Dirree Dawaatti dabalamee) of keessatti hammata. Kana malees, filannoon hiree murteeffannaa uummata Kibba-Lixa Itoophiyaa naannoo bulchiinsa Sabaaf Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame kana keessatti hammatameera.

Akkaataa seera filannoo haarawaa fooyya'ee qophaa'eetiin, filannoon kuni akka waliigalaatti haala tasgabbi qabuun kan adeemsifamedha. Haata'u malee, gama Boordii Filannoo Itoophiyaatiin qophii ga'aan taasifamuu dhabuu isaatiin, yaaddoo nageenyaa guutummaa biyyattiitti mudateefi rakkoowwan guutummaa biyyattiifi naannolee keessatti haala adda addaatiin mul'atan walitti ida'amuudhaan qulqullina filannoo bara 2013 keessa adeemsifamee miidhaniiru. Akka Boordii Filannoo Itoophiyaa gabaasetti, sagantaa galmee filattootaa ji'oota Bitootessaa handa Caamsaa, 2013 gidduutti karoorfameen filattoota 38,234,910 galmessuu isaa beeksiseera. Dabalataanis, filannoo idilee ji'a Fulbaanaa, 2014 keessa adeemsifame irratti lammiileen 6,562,534 hirmaataniiru. Kana malees, lammiileen 1,344,622 filannoo hiree murteeffannaa Kibba-Lixa Itoophiyaatti guyyaa walfakkaataa adeemsifame irratti hirmaataniiru.

Goolabamuu filannootiin walqabatee, Paartiin Badhaadhinaa Mana Maree Bakka-Bu'ootaa Uummataa tiif teessoo olaanaa argachuun moo'ateera. Dabalataanis, paartichi Mana Maree Naannolee hundaafi Mana Maree Bulchiinsota Magaalaa keessatti injifannoowwan olaanaa galmeeessuun moo'ateera. Kana malees, bulchiinsi mootummaa Uummattoota Kibba-Lixa Itoophiyaa hundaa'uun federeeshinii Itoophiyaa keessatti naannoo 11ffaa ta'uun hundaa'eera. Kunis kan ta'e filannoon hiree murteeffannaa ji'a Fulbaanaa keessa godinaalee shaniifi aanaa addaa duraan bulchiinsa mootummaa naannoo Sabaaf Sablammootaafi Uummattoota Kibbaa jalatti bulaa ture tokko keessatti erga adeemsifamee booddeedha.

Yaadawwan Gorsaa

Guutummaa adeemsa filannoon-duraa, guyyaa filannoo fi filannoon-boodaa keessatti, Gamtichi taajjabdoota qaamolee hawaasaa ta'an leenjisuudhaan buufataalee galmeen itti adeemsifamutti, buufataalee filannoo fi naannolee filannoo guutummaa biyyattii keessa jiranitti bobbaaseera. Argannoowwan adeemsa filannoon-duraa, guyyaa filannoo fi filannoon-boodaa ilaalchisee, Gamtichi dhimmamtoota Filannoo Biyyaalessaa fi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa keessatti hirmaataniif Yaadawwan Gorsaa armaan gadii ni dhiyeessa.

Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaatiif

Hojiiwwan Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa Filannoo Biyyaalessaafi Naannolee Marsaa 6ffaa adeemsisuu keessatti hojjete dinqisiifachuudhaan; keessattuu hojiiwwan nageenya filannoo mirkaneessuufi dhiyeessiiwwan meeshaalee filannoo

irratti hojjetamaniif beekkamtii kennuudhaan; hir'inoota muraasa taajjabdoonni Gamtichi bobbaase taajjabbii taasisan keessatti akka furmaata argatuuf adda baasanii yaada dhiyeessan irratti, filannoowwan ammaan-boodaa adeemsisuun dura rakkoowwan adda ba'an kanneeniif furmaata kennuun barbaachisaa ta'uu waan itti amaneeff, Gamtichi Yaadawwan Gorsaa armaan gadii Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaatiif ni dhiyeessa.

Raawwii Adeemsa Filannoo Ilaalchisee

- Rakkoowwan yaaddoo nageenyaafi hir'ina dhiyeessii meeshaalee filannoo yaada keessa galchuun Boordichi iddoowwan adda addaatti yeroo filannoo dheeressuu isaa dinqisiifachuudhaan, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa hanga danda'etti, haala walfakkaataadhaan yeroo walfakkaataatti filannoo guutummaa biyyattii adeemsisu akka qabu Gamtichi ni amana. Akkaataa kanaan, lammiileen biyyattii bulchiinsaa naannoleefi magaalaawwan adda addaa keessa jiraatan hundi adeemsa filannichaa keessatti haala walqixa ta'een yeroo walqixa ta'etti akka hirmaatan filannoon haala ciccitaa ta'een adeemsifamu hafuu qaba;
- Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa dambiiwwan filannoo hawaasa keessaa madde qopheessuun uummatichaaf ifoomsuu qaba. Kanas yeroo bal'aa fudhachuun dhimmamtoonni hundi: filattoonni, kaadhimamtoonni, paartiileen siyaasaa, qaamoleen mootummaa dhimmichi isaan ilaallatu, taajjabdoonni biyya keessaafi biyya alaa, dhaabbilee hawaasa siivilii, fi kkf yeroo bal'aa argatanii dambiiwwan qophaa'an gadi-fageenyaan dubbisuudhaan akka hubataniifi akkaataa kanaan akka socho'an gochuu qaba;
- Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa sagantaa filannoon ittiin adeemsifamu yeroo bal'aa kennuudhaan guyyaan filannoo osoo hin ga'in dursee uummataaf ifoomsuu qaba. Kunis filattoonni, kaadhimamtoonni, paartiileen siyaasaafi dhaabbileen hawaasa siivilii si'aayinaan akka filannichatti hirmaachuun filachuu, filamuufi adeemsa filannichaa taajjabuu akka danda'an carraa bal'aa uuma. Dhimmamtoonni filannichaa biroonis marsaa filannichaa keessatti kallattii hundaanuu hirmaachuuf carraa bal'aa argatu. Kana malees, Boordichi sagantaa hojmaata filannoo erga baasee booda osoo hinjijjiirini akkaataadhuma sagantichaatiin hojiitti hiikuu qaba;
- Dursitoota qaamolee hawaasaatiif beekkamtii kennuun taajjabbii filannoofi barumsa filattootaa kennuu keessatti akka gooda fudhatan gochuun guutummaa adeemsa filannichaa keessatti akka hirmaatan carraa uumuun hojii ijoodha. Kanaafuu, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa hojiiwwan beekkamtii kennuufi bulchiinsa naannolee keessa naannolee filannoo jiranitti bobbaasuu irratti dabalataan hojjetoota ramaduu qaba. Kunis adeemsa filannoo salphisuudhaan milkaa'ina olaanaa gonfachiisa. Kanaafuu, odeeffannoo barbaachisu salphisuudhaaf gareewwan taajjabdootaa dabalataatiif beekkamtii akka kennuufi adeemsaafi sagantaa ifa ta'e itti kennuun jaarmiyaaleen hawaasaa filannichatti hirmaatan ulaagaawwan barbaachisaniifi sagantaawan hojmaata adeemsa guutummaa filannichaa hubachuu isaanii dursee akka mirkaneeffachuu qabu Gamtichi Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaatiif jabeessee dhaamuu barbaada; akkasumas,
- Hundaa-olitti, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa lammiilee qeyee isaanirraa buqqa'anii buufata qubannaa Qoollojjii IDP bulchiinsa Naannoo Sumaalee keessatti argamaniif dursa kennuu isaatiif Gamtichi Boordicha ni galateeffachaa. Bu'uuruma kanaan, Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa tattaafiiwwan lammiilee biyya keessatti qeyee isaanirraa buqqa'an filannoo keessatti akka hirmaatan taasisaa jiru, lammiilee qeyee ofiirraa buqqa'anii jiran kanneen biroottiif illee filannoowwan itti aanan keessatti akka hirmaatan beekkamtii kennuudhaan kana caala cimsee akka itti fufu Gamtichi waamicha dhiyeessa. Uraawwan seeraafi qajeelfamoota bulchiinsaa lammiilee buqqa'insi biyya keessaa isaan mudate filannootti hirmaachisuu keessatti jiru dhimmamtoota hunda waliin mari'achuudhaan keessa deebi'anii bilchinaan fooyyessuudhaan filannoo itti annu keessatti haala waaltawaa ta'een hojiirra oolchuun barbaachisaadha.

Iddoowwan Galmeeffii Buufataalee Kenniinsa Sagalee Qopheessuu Ilaalchisee

- Boordii Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa milkaa'ina olaanaadhaan filannoo adeemsisuuf filannicha karoorsuu keessatti adda-durummaadhaan si'aayina olaanaadhaan hojjechuu qaba. Kanas, haala qophaa'ina buufataalee filannoofi iddoowwan galmee filattootaa akkaataa sagantaa filannoo Boordichi baaseetiin, haala mijataa ta'een, yeroodhaan qophaa'uu isaaniifi meeshaaleen filannoof barbaachisan hundi haala ga'aa ta'een yeroodhaan qophaa'uu isaanii Boordichi dursee mirkaneessuu qaba;

- Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa qaamolee mootummaa kallattiin dhimmi isaa ilaalu waliin waliigalteedhaan hojjechuudhaan: nageenya lammiilee, raawwachiiftota filannoo, taajjabdootaafi kaadhimamtoota filannoo; akkasumas, nageenya buufataaleefi meeshaalee filannoo mirkaneessuu qaba;
- Murtoon iddoo murtaa'e tokkotti filannoo adeemsisuu dhiisuuf murtaa'u, waantonni yaaddoo nageenyaatiin walqabatan ykn dhimmi ariifachiisaa humnaa-ol ta'e yoo jiraate qofa ta'uu qaba. Kunis, ulaagaa dursee adda baafame bu'uureffachuun haala iftoomina qabuun raawwachuu qaba. Dhumarrattis, iddoowwan akkasiitti haalonni akka filannoon dheeratu dirqisiisan akkuma furamaniin Boordichi filannoo adeemsisuu qaba;
- Qaamoleen hawaasaa haala salphaa ta'een hundi buufataalee filannoo argachuufi seenuu danda'uun isaanii daran murteessaadha. Kanumaan walqabatee, Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa iddoowwan galmee fi buufataalee filannoo bakka qaama-miidhamtoonni, dubartoonni daa'ima baataniifi maanguddoonni umuriin raagan haala salphaa ta'een argachuufi seenuu danda'anitti hundeessuu akka qabu Gamtichi cimseetu hubachiisa. Haalli kunis hirmaannaa siyaasaa qaamolee hawaasaa kenneeniif wabii ta'uudhaan akka isaan si'aayinaan hirmaatan jajjabeessa;
- Filannoon Biyyaalessaafi Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaan guutummaa biyyattiitti waqtii roobni roobu adeemsifame. Kanaafuu, rakkoo tokko malee galmee filattootaa adeemsisuuf, filannoo gaggeessuufi bu'aa filannoo lakkaa'uuf meeshaalee rooba ittiin ofirraa ittisan mijaassuun baay'ee barbaachisaadha. Qaamolee bulchiinsa naannolee waliin hojjechuudhaan, filannoo itti aanuuf Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa Itoophiyaa buufataalee filannoo bakka roobni hingenye, bakka aduun nama hin arganneefi gaaddisa qabutti hundeessuun barbaachisaadha; akkasumas,
- Filannoon waliigalaa marsaa 6ffaa miilanaa yeroo weerarri vaayirasii Koroonaa walakkeessa bara 2012 keessa mudate yaaddoo fayyaa guddaa uumeetti kan adeemsifame akka ture ni beekama. Ibsi Ministeerri Fayyaa baase eeggannoo barbaachisaa ta'e gochuudhaan ji'a Fulbaanaa, 2013 keessa filannoo adeemsisuun akka danda'amu akeekullee, Boordii Filannoo Itoophiyaatiif filannoofi dhimmoota biroo duula filannoofi hojmaata barumsa filattootaa kennuun walqabatan raawwachuu keessatti qajeelfamoota eeggannoofi mala ittisa Kooviid-19 hojiitti hiikuun daran ulfaataa ture. Vaayirasichi hanga filannoo itti aanutti turuun isaa beekkamu baatus, filattoonni, raawwachiiftoonni filannoofi taajjabdoota filannoo dhibee hawaasummaa kamirraayyuu haalan ofeeguu akka danda'an filannoo itti aanuuf dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaa dhimmi isaa ilaallatu wajjin ta'uudhaan qophiin barbaachisaa ta'e hundi taasifamuu qaba.

Meeshaalee fi Raawwachiiftota Filannoo

- Filannoo ji'a Waxabajjii keessa adeemsifameef dhiyeessii meeshaalee dhimma Boordiiin Filannoo Itoophiyaa wajjin rakkachaa turedha. Filannoo ji'a Fulbaanaa adeemsifame irratti rakkoo kana furuu isaatiif Boordicha dinqisiifachaa, Gamtichi akka amanutti, Boordiiin Filannoo Itoophiyaa tattaaffii taasisaa ture kanuma caalaayyuu daran cimsee itti fufuun meeshaalee filannoof barbaachisan sirrii haala ga'aa ta'een raabsuu danda'uu qaba. Kunis adeemsa filannichaafi marsaalee guutummaa filannichaa keessatti (fkn. yeroo galmee, guyyaa sagaleen kennamu) mirkaa'ina olaanaadhaan akka galma ga'u hojjetamuu qaba;
- Wayita galmeen filattootaa adeemsifamu, Boordii Filannoo Itoophiyaa, yeroo galmee dheeressuu fi kaffaltii raawwachiiftota filannootiif kaffalamuun walqabatee rakkoo cimaan mudatee ture. Kunis, raawwachiiftoonni filannoo muraasni kaffaltiin dursee kaffalamuuf malee hojicha akka itti hinfufne akka murteessan taasiseera. Kunis itti-fufiinsaafi qulqullina adeemsa galmee waan miidheef, Boordichi akkaataa kaffaltiin haalan taasifamuu qabu irra-deebi'ee wixineessuun karoofachuu qaba. Haala kanaan, Boordichi raawwachiiftoonni filannoo hojii isaanii shakkii tokko malee guutummaatti sagantaa yeroo filannoo eegani akka raawwatan mirkaneffachuu qaba;
- Akka waliigalaatti, raawwachiiftoonni filannoo iddoowwan galmee fi buufataalee filannooti argamuu danda'anillee, hojjettoonni murteessoo ta'an, kanneen akka qaamolee nageenyaafi ogeessi eeggannoo Kooviid-19 wayita galmee filattootaa fi guyyaa filannoon adeemsifamu dhaabbataadhaan akka achitti argamanii fi qulqullinnii fi nageenya filannichaa akka mirkanaa'uu danda'u Boordichi filannoo itti aanuuf sirreessuu qaba;
- Hirmaannan dubartootaa filannoo raawwachiisuu keessatti akka dabalu gochuu keessatti milkaa'ina Boordichi gonfate dinqisiifachuudhaan, milkaa'ina kana cimsee itti fufuudhaan iddoo galmee filattootaa fi buufataalee filannooti dubartoonni walitti-qabduu raawwachiiftota filannoo akka ta'an jajjabeessuu akka qabu Gamtichi ni amana. Kana malees, baay'inni lakkoofsa dubartoota raawwachiiftota filannooti hojjetanii kan dinqisiifamu ta'ullee (filannoo ji'a

Waxabajjii adeemsifame irratti giddugaleessaan 39% yoo ta'an, kan ji'a Fulbaanaa irratti immoo 36% dha), Boordichi milkaa'ina kana itti-fufsiisuun filannoowwan itti aanan keessatti, kanaa'olitti dubartoonni raawwachiiftota filannoo ta'anii akka hojjechatan gochuu qaba. Dambiiwwan qopheesseen walsimsiisuudhaan, filannoowwan itti aanan keessatti tokkoo tokkoon buufata filannoo yoo xiqqaate dubartii raawwachiiftuu filannoo taate takka akka qabaatuuf Boordichi cimee hojjechuun mirkaneessuu qaba; akkasumas,

- Dandeettiin ogummaa raawwachiiftota filannoo adeemsa filannoo keessatti daran murteessaadha. Adeemsa filannichaa keessatti hir'ina dandeettii Gamtichi adda baafate bu'uureffachuudhaan, Boordiiin Filannoo Itoophiyaa adeemsaafi ulaagaa ittiin raawwachiiftota filannoo qacaratu keessa deebi'ee sakatta'uun namoota ga'umsa olaanaa qaban qacarachuu irratti xiyyeeffachuu qaba. Kana malees, ogeessota qacaramaniif leenjii ga'aa ta'e kennuun hubannoofi dandeettii isaanii gabbisuu irratti dursee hojjechuu qaba. Keessattuu, buufataalee filannoo bakka buqqaatonni biyya keessaa jiraatan keessatti, filannoo darbe irratti buufataalee filannoo bakka qubattoota kaampii Qoollojjii keessatti argamanitti hir'inni dandeettii kuni waan mul'ateef, filannoo itti aanan keessatti iddoowwan akkasiitti xiyyeeffannoon addaa kennamuu qaba;

Yaadawwan Gorsaa Adeemsa (Qajeelfamootaa) Ilaalchisee

- Argannoowwan taajjabbii filannichaa akka argarsiisanitti, filannichi walumaagalatti akkaataa seerotaafi dambiiwwan filannootiin adeemsifame; haata'u malee, haala itti-fufsiinsa qabuun haalluu gadi hin lakkifne quba filattootaa irratti debuudhaan akka irra-deebidhaan hinfilanne taasisuun waanta Boordichi filannoo itti aanu keessatti fooyyessuu qabudha. Kana malees, Boordichi namoota maqaan isaanii galmee filattootaarra jiru akka loogiin irratti godhamee filannoo keessaa hindhorkamne mirkaneffachuu qaba. Kana malees, namoota maqaan isaanii galmee filannoorra hinjirreefi dursanii galmaa'uun mirga filachuu isaanii hin mirkaneffanne seeraan-ala akka isaan guyyaa filannoo dhiyaatanii sagalee hinkennine guutummaatti dhorkuu irratti haala walfakkaataadhaan cimsee hojjechuu qaba; akkasumas,
- Dambiiin galmee filattootaa bara 2013 keessa qophaa'e filannoo itti aanuuf dambii bu'uura ta'ee kan tajaajilu yoo ta'e, Boordichi filannoo itti aanu dursee waantota fooyya'uu qaban hunda fooyyessuu qaba. Akkaataa haaraadhaan filattoota kalmeessuuf yoo karoofame, Boordiiin Filannoo Itoophiyaa adeemsi galmee filattootaa dursee raawwachuudhaan lammiileen filachuu qaban akka osoo hingalmaa'in hin hafne carraa bal'aa uumuu qaba. Filannoo darbe irraa barachuudhaan, Boordichi kaardiin filannoo ga'aa ta'e dursee akka raabsamu, lammiilee bara 2013 filatan dabalatee, lammiileen hundi carraa galmaa'uu akka argatan yeroo ga'aa ta'e kennuu qaba.

Bulchiinsaafi Furmaata Komiiwwan Filannoo Ilaalchisee

- Hundeeffamni Koree Komii Keessummeessituu bakka buufataalee filannooti taasifamu adeemsa walbuusaa ta'e galmeeffachuun, wayita filattoonni galmaa'anis ta'ee guyyaa filannichaa, dafanii sirreessuuf daran barbaachisaadha. Haaluma kanaan, Koreen Komii Keessummeessituu, filannoo itti aanuuf, seera filannoo eeggatee buufataalee filannooti hundeeffamuusaa Boordichi dursee mirkaneffachuu qaba;
- Filannoon Itoophiyaa Marsaa 6ffaan kuni haala waliigalaatiin seera filannoo jiru keessatti hir'inoota hedduu nutti mul'iseera. Kunis hojiiwwan filannichaan walqabatanii hojjetaman keessatti komiiwwan filannoo mul'atan irratti murtoowwan akka darban taasisa. Haaluma kanaan, Boordichi haala hojmaata isaa komiiwwan keessummeessuu irratti keessa-deebiin ilaaluun filannoo itti aanuuf fooyya'insa barbaachisaa ta'e gochuu qaba. Wayita kana godhus milkaa'ina Koree Komii Keessummeessituu sadarkaa biyyattiitti buufataalee filannoo 42,000 keessatti hundeesuu irraa argame irratti xiyyeeffachuun hanqinoota turan fooyyessuu irratti hojjechuu qaba; akkasumas,
- Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa adeemsa komiiwwan ittiin keessummeeffamaniifi hatattamaan murtoon ittiin kennaman; keessattuu bakka danqaawwan rakkina afaaniifi teekinooloojii jiranitti, keessa deebi'ee ilaaluun fooyyessuu qaba.

Hirmaannaa Waloo Dhimmamtootaa

- Boordiiin Filannoo Biyyaalessaa, hanqinoota hirmaannaa, iftoominaafi itti-gaafatamummaan walqabatan fooyyessuu keessatti filannoo itti aanuuf shoora olaanaa taphachuu ni danda'a. Boordichi dhimmamtoota hunda(paartiilee siyaasaa,



qaamolee hawaasaa, miseensota paarlaamaafi qaamolee mootummaa) waliin akkaataa haalli sabqunnamtii mijataa, waaltawaafi banaa ta'e ittiin uumamu mijeesuu qaba. Kunis, amantaafi iftoomina qaban cimsuun bu'uura seeraatiin fooyya'insa barbaachisaa gochuu; akkasumas haala hojmaata gaarii jiru jabeessuufi ilaalcha loogii kamiyyuu dhabamsiisuuf gargaara.

Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataafi Ministeerota Mootummaatiif

- Filannoon bara 2013 adeemsifame gara fuulduraatiif adeemsaafi seera filannoo jiru keessa-deebiin akka haaromsamu carraa bal'aa uumeera. Haaluma kanaan, koreewwan paarlaamaafi ministeerota mootummaa dhimmichi ilaallatuuf akka paartiilee siyaasaa, raawwachiiftota filannoo, rogeeyyiiwwan hawaasaa, taajjabdoota, hayyootaa, ogeessota adda addaafi lammiilee idilee waliin walitti-fufiinsaan marii hirmaachisaafi banaa ta'e qabxiilee armaan gadii irratti adeemsisuun haaromsa waliigalaa irratti akka hojjechuu qaban Gamtichi ciminaan hubachiisa:
- Adeemsa dagaagina dimokiraasii keessatti, bu'uurri seera miidiyaa haala mijataa miidiyaaleen adeemsa filannoo keessatti shoora ijaarsaa taphachuu danda'an uumuudha. Haala duraan tureen wal bira qabnee yoo ilaallu fooyya'insi jiraatulle, adeemsa filannichaa gabaasuu keessatti dhiibbaawwan adda addaa isaanirra ga'aa akka ture gaazexeessitoonni gabaasaniiru. Gaazexeessitoonni adeemsa filannoo gabaasuun walqabatee yaadoo qaban wayita ibsan, qaamolee akka addaatiin doorsifni waan isaanirra ga'uuf nageenya isaniitiif akka yaadda'an dubbatu. Kanaafuu, bu'uurri seera miidiyaalee keessa-deebiin ilaalamuudhaan fooyya'ee filannoo dimokiraatawaa adeemsisuu keessaatti miidiyaalee akka qaama olaanaa tokkootti aangomsuun barbaachisaadha. Kunis kan ta'u, nageenyaafi walabummaa gaazexeessitootaatiif eegumsa barbaachisaa ta'e gochuudhaani. Kana malees, qaamni miidiyaa too'atu seerota fi qajeelfamoota hundeeffama miidiyaalee jalatti tumaman qixa sirrii ta'een hojiirra oolchuuf didhannaadhaan hojjechuu qaba.

Paartiilee Siyaasaatiif

- Paartiileen siyaasaa jalqabaa hanga dhumaatti adeemsa filannoo keessatti hirmaachuu irratti didhannaa qabaachuu qabu. Kunis ijaarsa sirna dimokiraasii biyyattii keessatti lafa qabsiisuu keessatti shoora olaanaa qaba;
- Paartiileen siyaasaa iddoowwan galmee filattootaafi buufataalee filannootti bakka-bu'oota isaanii bobbaasuun filannoo Itoophiyaa keessatti iftoominaafi itti-gaafatamummaa filannichaatiif gumaacha isaanirraa eegamu gochuu qabu. Paartiileen siyaasaa mirga qabanitti fayyadamuun adeemsa filannoo hiree murteeffannaa akka taajjabuu qabanis Gamtichi waamicha dhiyeessa. Haala kanaanis, paartiileen iftoomina filannichaatiif kan gumaachan yoo ta'u, hirmaannaa siyaasaa qabanis ni mirkaneessu;
- Paartiileen siyaasaa seerota filannootiin walitti madaquu qabu; kana gochuudhaan, adeemsa filannichaa keessatti yaada ijaarsaa gumaachuun fuulduraaf shoora isaanirraa eegamu taphachuu ni danda'u. Keessattuu, komiiwwan dhiyaatan ilaalchisee, paartiileen siyaasaa yeroo komiifi iyyata qaban yeroodhaan dhiyeeffachuu danda'uu qabu;
- Paartiileen adeemsa filannoo keessatti yeroo callisuudhaan dabarsan kabajuun hojiitti hiikuu qabu; yeroo kanattis duula filannoo adeemsisuufi beeksisa adda addaa naannoo buufata filannoo keessaa fi ala isaatti maxxansuu irraa ofqusachuu qabu;
- Filannoo Itoophiyaa Marsaa 6ffaa keessatti hirmaannaan dubartoonni akka kaadhimamtootaatti taasisan baay'ee gadi aanaadha. Kanaafuu, paartiileen siyaasaa hirmaannaa dubartootaa, dargaggootaafi qaama-miidhamtootaa; akkasumas, garee hawaasummaa keessatti warra xiqqeenya qaban dabaluu keessatti cimani hojjechuu qabu. Kunis hirmaannaa siyaasaa keessatti lammiileen biyyattii hundi akka qooda fudhatan gochuu keessatti iddoo olaanaa qaba.

Miseensota Hawaasa Siiviliitiif

- Filannoowwan darban waliin walbira qabamee yoo ilaalamu, Filannoo Itoophiyaa Marsaa 6ffaa keessatti dhaabbileen

hawaasa siivilii shoora olaanaa taphataniiru. Kunis, hojiiwwan adeemsa filannoo keessatti hirmaannaa walitti-fufiinsa qabu taasisuudhaan; barumsa filattootaa kennuufi adeemsa filannoo taajjabuun filannoo keessatti qaamoleen hawaasaa hirmaannaa si'aayina qabu akka taasisan gumaachaniiru;

- Filannoowwan darbaniin walbira qabnee yoo ilaallu, gareewwan taajjabdoota biyya keessaa filannoo biyyattii si'anaa keessatti guutummaa biyyattiitti taajjabbi bal'aafi xiyyeeffannoo qabu taasisuudhaan si'aayinaan hirmaataniiru; Haata'u malee, kaka'umsa kanaaf qulqullina filannoo Itoophiyaa ilaalchisee akka madda odeeffannoo lammataatti tajaajiluudhaaf, hojmaatni taajjabbi filannoo saayinsaawaa ta'eefi ogummaan deeggarama barbaachisaadha;
- Boordii Filannoo Itoophiyaa, guyyaa filannoo dursuudhaan barumsa filattootaa akka kennan dhaabbilee hawaasa siivilii 136 ta'aniif beekkamtii kenneera.³⁰ Haata'u malee, erga beekkamtii argatanii booda, dhaabbilee hawaasa siivilii 49 qofaatu barumsa filattootaa kenne.³¹ Filannoowwan itti aanan keessatti, dhaabbilee hawaasa siivilii carraawwan akkasii ofjalaa qisaasessuu hinqabani; didhannaadhaan carraa akkasiitti fayyadamuu qabu. Dhaabbileen tola-ooltummaas dhaabbilee hawaasa siivilii kanneen maallaqaan utubuu qabu. Yoo akkas ta'e jaar-miyaaleen kunniinis shoora hawaasummaa qaban barumsa filattootaa lammummaa kennuu keessatti hojiitti hiikuu danda'u; akkasumas,
- Filannoon Itoophiyaa dhiyeenya adeemsifame barnootni filattootaa baadiyyaa biyyattii sirriitti qaqqabuu ilaalchisee hanqinoota kan qabu ture. Kana malees, dhaabbileen hawaasa siivilii biyya keessaa pirojeektiiwwan barnoota filattootaa baadiyyaa keessatti hojiitti hiikuu irratti ga'umsa akka hin qabne agarsiisee jira. Kanaafuu, dhaabbileen hawaasa siivilii baadiyyaa biyyattii keessatti cimani mul'achuu, jabeessanii hojjechuu qabu. Kanaafuu, dhaabbileen hawaasa siivikii mala haaraa hojiirra oolchuun hawaasa naannoo waliin tumsa uumuun lammiilee baadiyyaa biyyattii bira gahuu qabu.

Meediyaalee Sab-quunnamtiitiif

- Wayita adeemsa filannoo gabaasan, gaazexeessitoonniifi tamsaasni miidiyaalee akkaataa ittiin gabaasan seera miidiyaalee idil-addunyaa bu'uureffachuun hojjechuu qabu. Kunis: haqummaa, sirrummaafi qabatamummaa irratti xiyyeeffachuun gabaasuu qabu. Dhumarrattis, miidiyaaleen hundi seera gulaallii fi dambii naamusa gaazexeessummaa ofii akkaataa bu'uura qajeelfama naamusa ogummaa gaazexeessummaatiin filannoo gabaasuutiin qopheeffachuu qabu;
- Sekterri miidiyaa biyyattii reefu guddina abdachiisaarra waan jiruuf, hanqinoonni dandeettii kanneen akka: heddummina sagantaa isaanii fi qabiyyee hirmaachisaa bal'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf, gabaasni Gareen Hordoffii Miidiyaa Gamtichaa (CECOE) akka agarsiisutti, lammiileen Itoophiyaa hedduun isaanii sagantaa filannoo qabiyyeen isaa haala waliin-dubbii fi walfalmiitiin dhiyaate filatu. Kanaafuu, miidiyaaleen dandeettii fedhiifi filannoo hawaasa bal'aa tajaajilanii ittiin hubatan horachuu qabu. Milkaa'ina kana gonfachuuf dorgommii taasifamu keessatti, miidiyaaleefi gaazexeessitoota biyyattii kallattiidhaan ykn alkallattiidhaan gabaasa adeemsa filannoofi barumsa filannootaa irratti dhiibbaa uumuu danda'an hundaaf sagantaawwan leenjii ijaarsa dandeettii walitti-fufiinsa qabu kennamuu qaba. Dhumarrattis, Boordii Filannoo Itoophiyaa, Abbaan Taayitaa Miidiyaalee Itoophiyaafi qaamoleen sektera kana keessatti hojjetan biroon hundi isaanii ijaarsa dandeettii ogummaa kana milkeessuu keessatti adda-dureedhaan shoora isaanirraa eegamu taphachuu qabu.
- Dhimnamtoonni filannoo seera-qabeessa ta'anii galmaa'an hundi barbaachisummaafi shoora olaanaa sekterri miidiyaa adeemsa filannoo keessatti taphachuu danda'u hubachuudhaan tokkummaadhaan jabeessuu qabu. Kana malees, abbootiin taayitaa dhimmi isaa ilaallatu miidiyaalee, gaazexeessitootaafi bakka-buutota miidiyaalee beekkamtii argatan hundaaf; hidhata siyaasaafi abbaa-qabeenyummaa isaaniiitiin osoo loogii irratti hin godhin, carraa walqixa ta'e kennuu qabu.

³⁰ IRI-NDI joint Limited Election Observation Mission to Ethiopia (LEOME), Ethiopia June 21, 2021 National Elections Report, (5 August 2021)

³¹ Kan armaan dura keessa



“ dippilomaatota idil addunyaa fi bakka bu’oota dhaabbileetiin Wiirtuu Qindeessituu Gabaasa Taajjabbii Filannoo CECOE osoo daawwachaa jiranii.



Odeeffannoo Waa'ee Gamtichaa (CECOE)

Gamtaan Dhaabbilee Hawaasa Siivilii Itoophiyaa Filannoof (CECOEn) Caamsaa 9, 2011 kan hundeeffame yoo ta'u, kaayyoon ittiin hundeeffames, barumsa filattootaafi lammummaa kennuu, filannoo hordofuufi taajjabuu yoo ta'u; kunis, walitti-bu'iinsaafi jeequmsa filannoon walqabatan ittisuu, furuu fi walitti-bu'iinsa filannoon walqabatan too'achuu; akkasumas, jeequmsa ulfaataa dhabamsiisuu irratti hojjechuudha. Gamtichi imala isaa akka dhaabbataatti dagaaguu kan eegale gaafuma hundeeffamurraa eegalee yoo ta'u, waggootan lama lakkoofsiseera. Haala amma irra jiruun, Gamtichi dandeettii hojmaataa saa ol guddisee kan jiru yoo ta'u; kunis, naannolee bulchiinsa magaalotaa biyyattii hunda walga'uudhaan deeggarsa dandeettii dhaabbatummaa taasisuuf dhaabbilee miseensa ta'un ga'oomsuuf hojjechuu eggaleera.

Muuxannoofi Hojjiwan Gamtichaa Adda Addaa

Gamtichi erga bara 2011 hundeeffamee eegalee hojiiwwan adda addaa filannoo Itoophiyaatiin walqabatan hojjechaa tureera. Karoora tarsiimawaa filannoo ilaallatu kan bara 2012-2014 bal'inaan qopheeffachuu erga eegalee asitti, Gamtichi hojiiwwan barumsa filattootaafi lammummaa, taajjabbiifi hordoffii filannoo, dadammaqinsa filannoo, dhimmamtoota hirmaachisuu, qorannoo adeemsisuu fi ijaarsa dandeettii miseensota isaa irratti hojjechuu irratti bobba'ee jira. Waggaa lammaffaa hundeeffamasaa dhiyeenya kana kan kabajate ta'ullee, Gamtichi yeroo gabaabaa kana keessatti hojiiwwan jajjaboo hojjechuudhaan milkaa'ee jira. Haaluma kanaan, hojiiwwan filannoo miilanaa gabaasa kana keessatti calaqqisu osoo hin dabalatin, cuunfaa hojiiwwan hanga ammaatti hojjechuudhaan Gamtichi ittiin milkaa'e haala armaan gadii kanaan dhiyaateera.

Hiree Murteeffannaa Uummata Sidaamaa

Gamtichi (CECOE'n) dhaabbilee hawaasa siivilii keessaa filannoo hiree murteeffannaa Uummata Sidaamaa Sadaasa 10, 2012 adeemsifame irratti affeerraa Boordii Filannoo Itoophiyaatiin itti hirmaatee taajjabuudhaan isa jalqabaa ti. Hiree murteeffannaa Uummata Sidaamaa irratti hirmaachuu isaatiin muuxannoo argateen, Gamtichi adeemsa filannoon-duraafi guyyaa filannichaa dabalatee taajjabbi hunda-galeessa ta'e adeemsisuudhaan beekkamtii olaanaa argateera. Hojiiwwan taajjabbiitiin muuxannoo argateen, Gamtichi carraa addaa muuxannoo olaanaa ittiin gonfatu waan argateef, muuxannoo kanas filannoo Itoophiyaa Waxabajjii 14, 2013 fi Fulbaana 20, 2014 keessatti dhimma itti ba'eera. Dhaabbanni Dimokiraatawaa Biyyaalessaa (NDI), deeggarsa maallaqaa taasisen alatti, deeggarsa teknikaa Gamtichaaf taasisera. Kunis, barruuwwan leenjiin ittiin kennamuu fi cheekliistii taajjabbiin ittiin taasifamu qopheessuudhaan leenjiin qindoomina olaanaa qabu, taajjabdoota yeroo dheeraafi yeroo gabaabaatiif akka kennamu ga'omsuu irratti deeggarsa olaanaa taasisera.

Ijaarsa Dandeettii Dhaabbilee Miseensa Gamtichaa (CECOE)

Gamtichi, "ECES" waliin ta'uudhaan miseensota isaatiif leenjii yeroo gabaabaafi yeroo dheeraa kennuudhaan ijaarsa dandeettii isaanii irratti hojjeteera. Kana malees, Gamtichi, ECES waliin ta'uudhaan, dandeettiiwwan gaggeessummaafi hoggansa wal-diddaa dhabamsiisuu irratti woorkishooppii leenjii guyyaa sadii dhimmamtoota filannootiif kenneera. Kunis leenjitoota yaad rimee marsaa filannootiin walitti madaqsuudhaan dandeettiiwwan gaggeessummaa isaanii cimseera. Dandeettiiwwan gabbifatan kanaanis, waldiddaa ittisuufi rakkoo walitti-bu'iinsa adeemsa filannoo keessatti dhufu furuu adeemsa filannichaa keessatti dhimma itti ba'uu danda'aniiru. Haaluma walfakkaatuun, ECES waliin ta'uudhaan, Gamtichi barumsa marsaariitiin kennamu Imaammata Filannoo fi Bulchiinsa irratti qopheessuun miseensota CECOEn namoota 100 oliif kenneera.

Wayita Tatamsa'ina Kooviid-19 Marsaariitiitti Dhimma Ba'uu

Tatamsa'ina Kooviid-19n walqabatee; akkasumas, sagantaan Filannoo Waliigalaa Itoophiyaa ji'a Hagayya, 2012 adeemsifamuuf ture dheerachuu isaatiin walqabatee, Gamtichi leenjii marsaariitiin kennamu qabiyyeewwan adda addaa kanneen akka dhiibbaa KOOVID-19 hojiiwwan filannoo Itoophiyaatiin walqabatan irratti qabufi kkf irratti walitti-fufiinsaan miseensota isaatiif leenjii kenneera.

Hordoffii Meediyaalee Sab-quunnamtii

Dhimmi taajjabbii filannoo Gamtichaa inni gara biraa, akkaataa miidiyaaleen biyyattii dhimmoota filannoo ilaallatan ittiin gabaasanidha. Kanas, ECES waliin ta'uudhaan Gamtichi Garee Hordoffii Miidiyaalee Finfinnee keessatti kan hundeesse yoo ta'u; innis, ogeessota miidiyaa sagal, Ingiliffa dabalatee ogeessota afaanota biyyattii adda addaa shan irratti hojjetan ofkeessaa qaba. Gareen Hordoffii Miidiyaalee, filannoo ji'a Waxabajjii Fulbaanaa adeemsifaman lamaanuu irratti adeemsa filannoon-duraa, guyyaa filannoofi haala filannoon-boodaa madaalaniiru. Mii diyaaleen akka naamunaatti fudhataman Garee Hordoffii Miidiyaa kanaan kan filataman yoo ta'u; ulaagaaleen ittiin filatanis, daangaa tamsa'inaa, tilmaama baay'ina hordoftootaafi akkaataa seera miidiyaalee Itoophiyaatiin galmaa'uu isaanii bu'uureffachuudhaani. Gareen Hordoffii Miidiyaalee, sadarkaa filannichaaf aguuggii ittiin taasisaniifi paartiilee siyaasaafi dhimmamtoota birootiif sagantaa haqa-qabeessaafi madaalawaa ta'e hojjechuu isaanii bu'uureffachuudhani. Guyyaa filannoofi haala filannoon-boodaa ilaalchisee, Gareen Hordoffii Miidiyaa haasaa jibbiinsaafi fayyadama jechootaa miira namaa kakaasuu danda'an hordofuun, filannoodhaan walqabatee waldiddaa hamaan akka uumamu gochuu keessatti shoora miidiyaaleen qaban madaalaaniiru.

Barnoota Filattootaa

Deeggarsa maallaqaa dhaabbata IRI jedhurraa argameen, Gamtichi duula filannoo dijitaalawaa, "Anis nan filadha" jedhu hojiirra oolcheera. Kunis, bakkuma jiran taa'anii iddoo buufata filannoo itti galmaa'an irratti odeeffannoo barbaadan akka argatan; odeeffannoo guyyaa filannoo isaan barbaachisuufi haala naga-qabeessa ta'een akkaataa ittiin filachuu danda'an irratti karaa miidiyaalee hawaasummaa fi mii diyaa idileetiin beeksisaa tureera. Karaa duula "Anis nan filadha" jedhuutiin, Gamtichi karaa ergaa gabaabaa 778 tiin gama televizhiinii, raadiyoowwaniifi miidiyaalee hawaasummaa adda addaatiin, afaanota biyya keessaa afuriin beeksisuudhaan, lammiilee Itoophiyaa miliyoona 40 ol ta'an bira aqqabuu gahuun hojii hubannoo guddisuu hojeteeradanda'eera.

GABAASA TAAJJABBII FILANNOO

Filannoo Waliigalaa biyyaalessaafi
Naannolee Itoophiyaa Marsaa 6ffaa



**Gamtaa Dhaabbilee
waasa siivilii Itoophiyaa
Filannoof**

**Gamtaa Dhaabbilee waasa siivilii
Itoophiyaa Filannoof**

**Kiiloo Jaha, Gamoo International Leadership
Institute, Daree 2ffaa
*Finfine, Itoophiyaa***

+251 11 811 1455
www.cecoe.org
info@cecoe.org
twitter: @cecoeEth
facebook: CECOETH